

QAACCESSA AFOOLA DABOO GODINA SHAWAA KIBBA
LIXAA AANAA SOODDOO DAACCII

ADAANAA ADDUNYAA BALAA YINAAH

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUU GAMISAAN
GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

HAGAYYA 2010/2018

ADDIS ABABAA

QAACCESSA AFOOLA DABOO GODINA SHAWAA KIBBA
LIXAA AANAA SOODDOO DAACCII

ADAANAA ADDUNYAA BALAA YINAAH

GORSAA: XILAAHUUN TALIILAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUU GAMISAAN
GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII,

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII,

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

HAGAYYA 2010/2018

ADDIS ABABAA

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Barsiisuuf Adaanaa Addunyaatiin mata duree “Qaaccessa Afoola Daboo Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Sooddoo Daaccii” jedhu irratti qophaa’e sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ mallattoo _____ guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ mallattoo _____ guyyaa _____

Gorsaa _____ mallattoo _____ guyyaa _____

Itti gaafatamaa Muummee yookiin walitti qabaa digirii lammaffaa (MA)

Axereeraa

Akka aanaa Soddoo Daacciitti hawaasni Oromoo daboodhaan yommuu walbira dhaabbatanii walgargaaran afoolatti dhimma bahu. Faayidaan afoolli hojii daboo irratti qabu qorannoon deeggaruu dhaloota dhufuuf tursuun ka'umsa qorannoo kanaati.kaayyoon qorannoo kanaas afoola daboo aanaa Soddoo Daaccii qaaccessuun dhiyeessudha.Adeemsi qorannoon kun keessa bahe maddi ragaa hawaasa aanichaa irratti kan hundaa'e ta'ee, mala iddatteessuu kaayyoo irratti hundaa'een fayyadamuun, namoota aanicha keessaa afoola daboo irratti dhiyaatu beekan irraa ragaa afgaaffii, daawwannaa, marii garee xiyyeeffataafi sakatta'a dookumentii gaggeessuun kan fudhatameedha. Haaluma kanaan, afoola daboo keessatti fayyadan keessattuu faaruwwan yookiin weedduwwan daboo qonnaa, haamaa, midhaan dhahiinsaa irratti xiyyeeffatamee kan qaaceffamaniiru.Bu'aan qorannoo kanaas, afoolli hojiiwwan daboon hojjetaman kanneen akka daboo qonnaa, haamaafi midhaan dhahiinsaa irratti akka tajaajilan, afoolli akaakuwwan daboo irratti dhiyaatan tokkummaafi garaagarummaa qabaachuu isaanii, afoolli daboo kanneen akka sirbaa, faaruufi eebbaa yommuu dhiyaatan faayodaalee kanneen akka; barsiisuu, gorsuu, to'achuu, miliquu kan kennan ta'uu, akkasumas, qabiyyeewwan kanneen akka hawaasummaa, diinagdee, onnachiisuufi qeequu akka ofkeessaa qaban argadheera. Haata'u malee, haala qabatamaa yeroo ammaa kanaan xiyyeeffannoo afoolli daboo kun qabuxiqqaadha.kanaafuu, yaboon qorannoo kanaafoolli hojiiwwan daboon hojjetaman irratti dhiyaatu kun xiyyeeffannoon itti kennamee osoo barreeffamatti jijjiiruun walitti qabamee olkaa'ame. waajjirri aadaafi tuurizimii aanichaafi qaamni dhimmi ilaalu hundi xiyyeeffannoo itti kennee afoola manguddoota bira jiru kana bifa waraabbii sagalee, suursagaleefi viidiyoon walitti qabuun barreeffamatti geeddaruu kaa'e.

Galata

Gorsaa koo deeggarsa barbaachisaa ta'e hunda naa gochuun kan na cina dhaabbatan Dr. Xilahuun Taliilaa baay'een galateeffadha.

Itti aansuun ogeessa qorannoo seenaafi hambaalee aadaa aanaa Sooddoo Daaccii kan ta'e Oromoo Lammaa deeggarsaa naa taasisseef galata guddaan qabaaf. Gama biraatiin, ragaa barbaachisaa ta'e yommuu isaan gaafadheetti eeyyamamoo ta'anii odeeffannoo naa kennaniif qonnaan bultootaafi manguddoota aanaa Sooddoo Daacciif galataafi kabajaa dachaan qabaaf.

Akkasumas, Masfin Sooressaa gama deeggarsa yaadaafi haamilee naa taasisseef galatoomiin jedhaan. Dhuma irratti W.A.T.A.S.Daacciis tumsa naa taasisaniif galata qabu.

JIBSOO/HIIKA JECHOOTAA

Jechoolni ykn gaaleewwan armaan gaditti tarreffaman qorannoo kana keessatti bakka adda addaa galanii jiru. Isaanis, nama qorannoo kana dubbisutti haaraa akka hin taaneef hiikni isaanii naannoo qorannoon kun gaggeeffametti qabaniin akka armaan gadiitti kennameefi jira.

Ashamaa jecha nama hojiirra jiru ittiin jajjabeessan

Baaddiftuu inaaftuu

Badaa lafa hinqotamiin jiru

Bahii gosa daboo nama rakkoon hawaasummaa qunnameef hojjetan

Balaltii daboo kadhachiisaa/dabarsaa

Biqila cuubuu farsoo naquuf qophaa'uu

Biriifachuu sodaachuu

Callaashii qotiyyoo gidduu keessaa midhaan dhahu

Daboo jigii/guuzaa

Dadii amaadii gabbina qe'eef/nageenya sa'aafi nama ofiif eebba fudhachu

Daarii qarqara/ daangaa

Fidanoo wanta ittiin qabbanaa'an/bayyaannatan

Golgolee aramaa maasii irraa qulqulleesse

Gurcuu gufuu

Kashalabbee nama hojii hinjaallanne

Kiisii boorsaa

Koodee obboleessa haadhoo

Kuulaa haalluu qarqara bullukkoo irratti tolfamu

Laambaa boba'aa kan halkan kurraaziitti naqanii ibsatan
Likkii hamma ga'u/humna isaa
Maaldoo qotiyyoo bifa diimaafi adii/burree/qabu
Mora kan shira xaxu/falfalaa/
Odeef-kennaa nama odeeffannoo kennu
Od-himaa nama odeeffannoo himu
Ooffala marroo/dabaree/daadoo
Qoti qotii hojii namni qotiyyoo hinqabne kan qabuuf qotee qotatu
Qaxxisaa gosa aramaa
Taliilatuu qulqulluu/calala
Waasiibakka bu'aa warra daboofi daboo dalaganii
Zuura naannawwa

Gabaajewwan

Gabaajewwan armaan gadii qaama qorannoo kanaa keessatti kan dhiyaataniidha. Kanaafuu, nama qorannoo kana dubbisuufi wabeeffachuu barbaaduuf akka hin rakkisne wanta isaan bakka bu'an ibsi itti kennamee jira.

A.H.L Akka Lakkoofsa Habashaa

a.s.labove see level

G.Sh.K.L Godina Shawaa Kibbaa Lixaa

G.DAAO Gumii Dagaagina Aadaafi Afaan Oromoo

hek. Hektaara

Km. kiiloo meetira

W.A.T.A.S.DWaajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Sooddoo Daaccii

W.Q.Q.U.A.S.D Waajjira Qonnaafi Qabeenya Uumamaa Aanaa Sooddoo Daaccii

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axereeraa	i
Galata	ii
JIBSOO/HIIKA JECHOOTAA	iii
Gabaajewwan	v
Baafata	vi
Boqonnaa Tokko: Seensa.....	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa.....	5
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa	6
1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa.....	6
1.4. Faayidaa Qorannichaa.....	7
1.5. Daangaa Qorannichaa	7
1.6. Hanqina Qorannichaa	7
1.7Haala Waliigalaa Naannoo Qorannoo	8
1.7.1 Haala Moggaasaafi Qubsuma Oromoo Sooddoo Daaccii	9
1.7.1.1 Haala Moggaasa Aanaa Sooddoo Daaccii	9
1.7.1.2 Haala Qubsuma Oromoo Sooddoo Daaccii.....	9
1.7.1.3Qabeenya Uumamaafi Oomisha Aanichaa	10
1.7.1.4 Wiirtuwwaan Aadaa/Ardaalee Jilaa Aanittiin Qabdu	10
Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu	12
2.1 Fookloorii.....	12
2.1.1Gosoota Fookloorii	13
2.1.1.1Afoola/Ogafaan/.....	14
2.1.1.2 Faayidaa Afoolaa	15
2.1.1.3Amaloota Afoolaa	16
2.1.1.4 Gosoota Afoolaa	18
2.1.1.4.1 Afwalaloo	19
2.1.1.4.2 Weedduu.....	19

2.1.1.4.3 Sirba.....	20
2.1.1.4.4Faaruu	22
2.1.1.4.5Eebbaafi Abaarsa	22
2.1.1.5 Qabiyee Afoolaa.....	23
2.1.2Dayeessa Fookloorii.....	24
2.1.2.1 Dayeessa Faayidaa /Tajaajilaa/ (Functional Theory)	24
2.1.2.2 Dayeessa Haalaa (Contextual Theory)	26
2.1.3 Sakatta’a Qorannoowwan Hojii Kanaan Walitti Dhiyaatan.....	27
Boqonnaa Sadii: Mala Qorannoo.....	30
3.1 Saxaxa Qorannoo.....	30
3.2 Irraawwatama	30
3.3 Madda Odeeffannoo	30
3.4 Mala Iddatteessuu	31
3.5Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo.....	31
3.5.1. Afgaaffii	32
3.5.2. Marii Garee Xiyyeeffataa	32
3.5.3. Daawwanna	32
3.5.4. Sakatta’a Dookumentii	33
3.6 Mala Qaaccessa Odeeffannoo	33
3.7 Naamusa Qorannichaa	33
3.8 Qindoomina Qorannichaa	34
Boqonnaa Afur: Qaaccessafi Hiika Ragaa.....	35
4.1. Haala Waliigalaa Qorannichaa	35
4.2. Daboo /Jigii	35
4.2.1. Akaakuu Daboo	36
4.2.1.1.Daboo Qonnaa	36
4.2.1.2.Daboo Haamaa.....	36
4.2.1.3.Daboo Dhahinsa Midhaanii	37
4.2.1.4.Daboo Ofiin Kadhatan.....	37
4.2.1.5.Daboo Kadhachiisaa/Balaltii/Dabarsaa	37
4.2.1.6.Daboo Bahii	38

4.3. Yoomessa Daboo.....	38
4.4. Qaaccessa Afoola Daboo Irratti Dhiyaatan	39
4.4.1. Qaaccessa Afoola Daboo Qonnaa.....	39
4.4.2. Qaaccessa Afoola Daboo Bahii Qonnaa.....	47
4.4.3. Qaaccessa Afoola Daboo Haamaa	49
4.4.4. Qaaccessa Afoola Daboo Bahii Haamaa	52
4.4.5. Qaaccessa Afoola Daboo Waasiif Jedhamu	53
4.4.6. Qaaccessa Eebbaa Daboo Irratti Dhiyaatuu.....	57
4.4.7. Qaaccessa Afoola Daboo Dhahiinsa Midhaanii.....	60
4.5. Qaaccessa Qabiyyee Afoola Daboo.....	65
4.5.1. Hawaasummaaf.....	65
4.5.2. Diinagdee Irratti	66
4.5.3. Onnachiisuufi Jajjabeessuu Irratti	67
4.5.4. Qeequufi Ceepha' uuf	68
4.6. Qaaccessa Faayidaa Afoola Daboo.....	70
4.6.1. Barsiisuufi Gorsuuf	71
4.6.2. To'achuufi Cimsuuf	73
4.6.3. Faarsuufi Leellisuuf	74
4.6.4. Miliquuf.....	75
Boqonnaa Shan: Yaada Cuunfaa, Argannoofi Yaboo.....	76
5.1. Cuunfaa Argannoo.....	76
5.2. Yaboo.....	78
Wabiilee	80
Dabaleewwan	
Dabalee A Gaaffii afaanii	
Dabalee B 'Check list' Maree gareef qophaa'e.	
Dabalee C Gabatee waa'ee od-himtootaa agarsiisu	
Dabalee D Suuraawwan	
Dabalee E Sirbootaafi faaruwwan daboo qaacceffaman	

Boqonnaa Tokko: Seensa

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Sabni tokko addunyaa kana irratti wantoota akka garee hawaasa tokkootti eenyummaa isaa calaqqisiisan hedduu niqaba. Kunis, durii kaasee osoo gara qaroomina addunyaa yeroo har'aatti hince'in dura afaaniin dhalootaa dhalootatti aadaa, seenaa, falaasama, duudhaalee, haala jiruufi jireenya isaa ibsan walii daddabarsaa ture. Kunimmoo, qaroomina ofii waan ittiin ibsatu niqaba jechuudha. Wantoota aadaa, eenyummaa, haala jiruufi jireenya isaa walitti qabee kan jiru immoo fooklooriidha. Yaada kana Georges fi Jones (1995.314) bu'aa fooklooriin hawaasa tokkoof qabu akkasitti ibsu: "Through folklore people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify a group social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture; reveal or display their identity, traditionality, knowledge, or competence, and entertain or be entertained."

Akkaataa yaada kanaatti fooklooriin waa hedduuf tajaajila. Hawaasni fookloorii walbarsiisa, duudhaa qajeelfata, waa'ee eenyummaa, seenaa isaa addunyaatti beeksiifata, karaa ammayyaa'aan hawaasni har'aa seeraan, amantiifi siyaasaan walbulchuuf dhagaa bu'uura kan kaa'ate fookloorii bu'uura godhateeti.

Fooklooriin kan sabni tokko eenyummaa, amanti, haala jiruufi jireenyaa, heeraafi seera, hooda, safuu, falaasama, dimshaashumatti ilaalcha addunyaa kanaaf qabu ittiin ibsatuudha. Kanas Dundes, (1965.243) haala kanaan ibsa: "Folklore is used to explain the movements of adherents to justify new forms of belief and action, to fortify the newly formed tents. In some ways these latter operations however, lies in the fact that in periods of rapid social change, folklore can be seen as be an agent for change in that it provides as unction and rationale for change."

Akkaataa yaada kanaatti, fooklooriin sochii yaada haarawaa bu'uurfatee amantaaleefi gochawwan walqabatani adeemuu isaanii kan raggaasisudha. Kanneen biroon haaraa kalaqamanis, walitti hidhama qabaachuusaanii beekuuf kan gargaaru ta'ee; qaqqajeelchuus nidanda'a. Gama biraatiin, raawwiiwwan hedduutu fookloorii keessatti argama. Kanneen keessaa gariin isaanii hawaasaaf yeroo gabaabaa keessatti jijjiirama saffisaa argamsiisudha. Kanaafuu, fookloorii akka bakka-bu'ee waan tokkootti fudhachuun nidandaa'ama. Kunis kan ta'uu danda'u gumaachaafi quuqama hawaasichi jijjiiramaaf qabu irratti hundaa'eeti jedhu.

Gama biraatiin, kitaaba ‘Encyclopedia American keessatti fooklooriin akkas jechuun ibsamee jira:“Folklore in its broadest sense is the part of the culture, customs, and beliefs of the society that is based on popular traditional. It is produced by the community and usually transmitted orally or by demonstration. In addition to folklore and poetry the principal subjects treated in this article, folklore includes arts and skills and music dance.” (Encyclopedia American, 1983:498)

Waraabii armaan olii irraa kan hubannu, fookloorii jechuun yaada hawaasa bal’aa qaama aadaa, barsiifata, amantii, fi k.k.f. hawaasa sanaa ta’ee, dhalootaa dhalootatti afaaniin darbaa kan dhufeefi ibsu ta’uu isaati. Akkasumas,fooklooriin artii, dandeettiifi sochii muuziqaa kan ofkeessatti haammatuudha. Yaaduma kana cimsuun Fileen,(2016:30) fookloorii akkasitti ibse:

...beekumtaan kan of keessatti qabatu beekumsa uummanni yookaan hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa mo’achuudhaaf, to’achuudhaaf yookaan fala itti barbaaduudhaaf waan adda addaa kalaquudhaaf, beekumsaafi falasaama isaa itti fayyadamee keessoo isaa karaa sochii qaamaa, meeshaalee aadaatiifi afoolaan karaa ittiin waliif dabarsuu yookaan hawaasa biroof ittiin beeksiisuuf itti fayyadamuudha.

Akka ibsa yaada kanaatti, beekumtaan(fooklooriin) kalaqa dhala namaa ta’ee kan dhalli namaa haala jiruufi jireenya isaa keessatti waan keessoo isaa keessa jiran baasee ittiin calaqqisiisudha. Kunis, fooklooriin falaasama hawaasni kalaqatee ta’ee kan waan hawaasa sana ibsan ofkeessatti haammatuudha.

Fooklooriin beekumsa garee hawaasaa dandeettii, ogummaa, aadaa, qaroomina uummataa, garee gosa yookiin murna tokkoo ta’ee dameewwan adda addaa of keessaa qaba.Dameewwan fookloorii keessaa tokko afoola.Afoolli ibsituu aadaafi calaqqisiistuu eenyummaati. Kunis, kan hubachiisu, afoola beekuun aadaa beekuudha. Aadaa beekuun jiruufi jireenya dhuunfaafi hawaasaa beeku irra darbee of beekuudha. Afoolli beekumsaafi amantaa aadaa hawaasichaa jecha afaaniifi gochaatiin kan dabarsuudha. Afoolli gocha, duudhaa, barsiifataan afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufe, darbaa kan jiru, fuuldurattis kan darbu damee aadaa saba tokkooti. (Misgaanuu, 2011:6). Kanaaf, namni dhuunfaas ta’ee akka saba tokkootti afoola hawaasa tokkoo beekuun eenyummaa hawaasa sanaa beekuudha. Hawaasa beekuun immoo ofbeekuudha.Kunis, ofbeekuun jalqaba seenaa ofii beekuuti.Kan ofbeeku immoo hawaasa isaa beeka.Kan hawaasa isaa beeku immoo biyya ofii beeka.

Afoolli durii kaasee aadaa hawaasa tokkoo keessatti waa'ee dhuunfaa ofii beekuu irra darbee hanga garee hawaasa guddaatti beekuuf kan gargaaruudha. Haaluma kanaan, Malaakinaa,(2003:3) akkasitti ibsa: "Oral literature refers to verbal heritage of mankind transmited from generation to generation by word of mouth." Akka ibsa kanaatti, afoolli hambaa afdubbii dhala namaa ta'ee, dhalootaa dhalootatti karaa dubbii afaanii kan lufu ta'uu isaati. Kuusaa sammuu ilma namaa ta'ee karaa darbaa dabarsaa afaaniin seenaa hawaasa tokkoo fuudhee kan deemudha.

Waa'een afoolaa yommuu ka'u, haala walii gala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo hunda kan ibsan kanneen akka aadaafi duudhaa, haala bulmaata hawaasummaafi hariiroo hawaasummaa wantoota ibsan mara ofkeessatti qabata. Isaan kanneen ibsuu keessatti immoo gaheen aadaa olaanaadha. Kunis, aadaan afoola keessatti iddoo guddaa qabaachuu isaa mul'isa. Sababni isaa afoolli rakkoo hawaasummaa furuu, hambaa aadaa hawaasa tokkoo eeguu, eenyummaa ofii guddisuufi k.k.f. faayidaa guddaa qaba. Haaluma kanaan, Warqinaa,(2008:II) aadaa akkaataa kanaan ibse: "Aadaan jiruufi jireenyi uummata tokkoo kan biraa irraa gargar bahee kan ittiin beekamu, dhimmoota eenyummaa of keessaatti kan qabu, misoomaafi ijaarsa biyya tokkoo irratti gahee olaanaa gumaachuuf yaada akka furtuutti itti fayyadamnuudha." Akka yaada kanaatti, aadaan jiruufi jireenya uummata tokkoo calaqqisiisuu irra darbee guddina misooma biyyaa keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaati.

Aadaan haala jiruufi jireenya hawaasummaa hawaasa tokkoo keessatti hawaasa sana walitti fidee akka dhaabbata tokko hundeessanii dhaabbaticha keessatti walkurfeessanii walgargaaran nitaasisa. Kunis, aadaalee walgargaarsaa uumuu keessatti aadaan iddoo guddaa akkaqabu nu hubachiisa. Walgargaarsaa keessatti bifa adda addaan aadaan nimul'ata. Kanuma bu'uuraan cimsuuf Fileen,(2016:7) haalan itti aanu kanaan ibsa: "...sirna fuudhaafi heerumaa, sirna awwaalchaa, duudhaalee jaariwwaan adda addaa, ijaarsa manaa, bobbocawwan adda addaa, haalluuwwan hiika adda addaa qaban, kafana, meeshaalee faayaa, meeshaalee mana keessaa..." jechuun ibsa.

Akka ibsa kanaatti, sirnoota kana keessatti aadaan waldeeggarsaa bifoote adda addaan akka jiru hubanna. Sirnoonni kun immoo kallattii adda addaan aadaalee walgargaarsaa keessatti haammatamanii jiru. Kunis, hawaasummaan hawaasa tokkoo keessatti wal utubuuf gahee olaanaa kan qabu yoo ta'u, ijaarsi hawaasummaa bu'uura garee hawaasa garaagaraati. Yaada

kana toorri interneetii akka ibsutti, “society is a combination of individuals. These individuals have their various needs which they want to be satisfied. For this purpose people behave in a customary way which is controlled by norms. This participation of people for the attainment of their various needs develop social institution.” Akka baanuu kanaatti, hawaasummaan qindoomina namoota dhuunfaa fedhiilee adda addaa guuttachuuf qabanii ta’ee, kan sona aadaan/duudhaan/ kan to’atamu hirmaannaa namoota fedhii adda addaa qaban waan sana argachuuf walitti dhufanii kan hundeeffamuudha. <http://www.studylecturenotes.com/social-sc...>

Hawaasni Oromoos akkuma hawaasa biraa aadaa ittiin beekamu boonsaafi bareedaa qaba. Akkuma bal’ina lafaafi baay’ina uummata isaatti sabni Oromoo aadaafi duudhaa bal’aa himamee hindhumneefi garba waraabamee hin hir’anne qaba. Kunis, adeemsa jireenya isaanii keessatti barmaatilee gaggaarii, tooftaa jireenya isaanii itti salphiffataniifi tarsiimoo hojii ittiin saffifachaa jiraatan aadaa godhatanii bara dheeraa itti dhimma bahaa jiraachaa turan, har’allee ittiin jiraachaa jiran aadaa walgargaarsaa hedduu qabu.

Aadaan Oromoo akkaataa walfaakkeenyaafi garaagarummaa isaanii irratti hundaa’uun gosa hedduutti qoodama. Isaan keessaas, aadaa wagargaarsaa, aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa uffannaa, aadaa nyaataa, aadaa waalleefi weedduu(sirbaa), aadaa meeshaalee, aadaa hojii fi k.k.f.dha. Aadaan walgargaarsaa saba Oromoo godinoota adda addaa keessa jiran bifa adda addaan mul’achuu yoo danda’es hangas mara walirraa hinfagaatu. Sabni Oromoo bu’uura walgargaarsaa irratti hundaa’uun qabeenya, beekumsaafi humna isaa walitti qindeessuun ittiin walkaba. Kunis, yeroo gaddaafi gammachuu, dhabaafi qabeenyaa keessatti waliif birmachuun tooftaa ittiin walbira dhaabbatanii wagargaaran qabu. Aadaaleen walgargaarsaa Oromoo kanneen ta’an kanneen akka daboo/jigii, gumaata fuudhaafi heerumaaf kennamu, ooffala/marroo/daadoo/, afooshaa, iqubii, liqii/ergisaa maallaqaafi meeshaalee garaagaraa, hirtaa, horsiisafi k.k.f.dha

Daboon/jigiin adeemsa namoonni baay’een walitti birmatanii harka harkaan hojii walirraa salphisuuf itti hojjetaniidha. Kunis, namni tokko hojiin isaa humna isaatii olta’uu eega hubatee booda daboo/jigii kadhachuun yookiin nama biraa kan walitti dhiyaatutti himatee akka daboo kadhatuuf taasisa. Adeemsi kun immoo yeroo qonnaa, haamaa, mana ijaarsaafi k.k.f. ta’uu danda’a. Gama biraatiin, gumaatnis aadaa walgargaarsaa baay’ee beekamaadha. Keessattuu yeroo fuudhaafi heerumaa saba Oromoo biratti aadaan kun baay’ee beekamaadha.

Ooffala/marroo kan jedhamu aadaan walgargaarsaas nijira. Kunis, namoonni lamaafi sanaa ol ta'anii yeroo adda addaatti walbira dhaabbatanii dabareedhaan walgargaaraniidha.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Aadaa walgargaarsaa keessatti gaheen afoolaa olaanaa waan ta'eef kallattii kanaan haala hawaasni Oromoo aanaa Sooddoo Daaccii walbira dhaabbatee walgargaaru keessatti afoola daboo irratti gargaaramu qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, qorataan qorannoo kanaa muuxxannoo naannoo qorannichaa irratti qabuufi aadaalee haala walgargaarsaa irratti odeeffannoo qaamota adda addaarraa argaman walitti qindeessuun qaaccessuun kan dhiyyeessu ta'a. Yaada kana odeeffannoon toora marsariitii irraa argame akkaataa kanaan ibsa;

Oral literature is the repository of the critical knowledge, philosophy, and wisdom for non-literate societies. This literature through narrative, poetry, song, dance, myths, and fables, and texts for religious rituals provides portrait of the meaning of life as experienced by the society at its particular times and place with its unique existential challenges. It encapsulates the traditional knowledge, beliefs and values about the environment and the nature of the society itself. It arises in response to the universal aesthetic impulse to provide narratives that explains the nature of life and describes human response to challenges.<http://www.firebirdfollowships.org/nature...>

Akka ibsa yaada kanaatti, ogafaan hawaasa barnoota ammayyaa hinqabneef iddoo kuufama/muuziyeemii/ beekumsaa, falaasamaa fi ogummaadha. Innis, karaalee seenessamootaa, ogwalaloo, sirbaa, shubbisaa, raagoo, sheekkoofi ibsoota sirnoota amantii gochaan yookiin jechaan muuxannoo hawaasichaan walsimsiisee yeroofi bakka murtaa'aa keessatti kan dhiyeessudha. Kunis, ogafaan beekumsa aadaa, amantiifi sona waa'ee hawaasaafi naannoo inni keessa jiraatu bakka tokkotti cuunfee ibsa. Akkasumas, hawwii yookiin fedhii dhalli namaa addunyaa kana irratti qabuufi rakkoolee jiran haala itti irra aanu ni ibsa.

Haala aadaa walgargaarsaa aanaa Sooddoo Daaccii keessatti gareen hawaasa adda addaa walitti dhufanii yommuu waltumsan haalli isaan aadaalee hojii adda addaa keessatti afoolaatti dhimma bahan faayidaa afoolli aadaa walgargaarsaa kana keessatti hojii saffisiisuufi haamileessuu keessatti qabu qaaccessuudha. Kunis, qonnaa, haamaa, dhahinsa midhaanii irratti afoola hawaasichi itti tajaajilamuun hojiif dhimma itti bahaa jiru qorataa kanaaf ka'umsa ta'eera. Haa ta'u malee, gaheen afoolli garee hawaasa garaagaraa biraatti yeroofi bakka adda addaa keessatti tajaajila kennan kun dhaloota ammaa irraa gara dhaloota itti aanuutti tarkaanfachiisuuf yookiin

qorannoon deeggaruun tursuun afoola qabeenya kalaqa sammuu manguddoota har'aa kan ga'e dhaloota ammaa biraatti dagatamaafi laafaa waan jiruuf, afoolli kun akka hindagatamne qorannoon deeggaruun afoolicha tursuun barbaachisaa waan ta'eef qorataa kanaaf ka'umsa ta'uu danda'eera. Namni jireenya hawaasummaa tokko keessatti qooda fudhatu sochii jiruufi jireenya hawaasa isaa karaalee adda addaan calaqqisiisan yaadqalbii isaa harkisuu, kakaasuufi sissii'eessuu fedhii keessatti uuma. Kanaafuu, afoolli daboo kun dhaloota yookiin sammuu maanguddoota ammaa keessa jiru walitti qabuu galmeessee bifa barreeffamaan akka turu gochuun ka'umsa qorataa kanaati. Haaluma kanaan gaaffilee qorannoon kun deebisu kanneen armaan gadiiti. Isaanis;

- Afoolli hojiiwwan daboon hojjetaman kamfaa irratti dhiyaata?
- Afoolli daboo yoomessa akkamii keessatti dhiyaata?
- Faayidaan afoola daboo maal faa'i?
- Qabiyyeen afoola daboo maali?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoo tokko yommuu gaggeeffamu kaayyoo qorannoon sun gaggeeffamuuf beekuun barbaachisaadha. Sababni isaa kaayyoon hojiin tokko karaa irra deemuun hojiin ittiin milkaa'u waan ta'eefidha. Keessattuu immoo adeemsa raawwii qorannoo keessatti kaayyoon haalan murteessadha. Kunis, qorannoon kan gaggeeffamu kaayyoon isaa adda bahee yoo beekame qofaadha. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaa kaayyooleen lamaan qoodamee dhiyaata.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa afoola daboo qaaccessuun dhiyeessuudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

- Afoolli hojiiwwan daboon hojjetaman isaan kam irratti akka dhiyaatu ibsuu.
- Yoomessa afoolli daboo keessatti dhiyaatu ibsuu.
- Faayidaa afoolli daboo keessatti qabu ibsuu.
- Qabiyyee afoola daboo qaaccessuu.

1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun gaggeeffamee firiin argannoo isaa gaafa mul'atu kutaalee hawaasa adda addaa keessatti afoolli daboo G.Sh.K.L Aanaa Sooddoo Daaccii irratti xiyyeeffatee qaaceffame faayidaalee armaan gadii nikenna.

- Maalumma afoola daboo adda baasee niargasiisa.
- Walfakkeenyaafi addaa addaa afoola daboo akaakuu daboon adda baasee nibsa.
- Yoomessa afoola daboo nibsa.
- Faayidaafi qabiyyee afoola daboo adda baasee nikaa'a.
- Qorattoota mataduree kana waliin dhiyeenya qaban irratti hojjetaniif ka'uumsa nita'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan daanga'u qaaccessa afoola daboo G.Sh.K.L Aanaa Sooddoo Daaccii irrattiidha. Kunis, aanaalee godinicha keessatti argaman keessaa haala hanqina yeroofi baajataa irratti kan ka'e qorataa qorannoo kanaa aanaalee godinichaa hunda keessatti afoola daboo jiran qaaccessuun dhiyeessuun ulfaatadha. Akkasumas, gandoota aanicha keessatti argaman kudha saddeet keessaa gandoota shan kan filatee irratti daangaa'ee gaggeeffamee jira. Sababni kanaas gandoota aanichaa hunda keessaa ragaa qorannichaaf gargaaru funaanuun haala hanqina yeroo irraa kan maddeedha . Akkasumas, afoola hojjiilee daboon hojjetaman keessaa afoola daboo qonnaa, haamaafi dhahinsa midhaanii irratti dhiyaatan qofa irratti daangaa'ee gaggeeffame. Gama biraatiin,afoolli hojjiilee kanneen akka qaboo, daadoo/waanfala/ooffala jedhaman qorannoo kana keessatti hin ilaalamane. Sababni isaa hojjiilee kun dabootti hinfudhataman. Kunis, qaboon namoota muraasan galgalaafi ganama hojjetama. Waanfala/ooffala/daadoo kan jedhamu immoo dabareen walii hojjechuudha. Moggaasni jecha 'Daboo' jedhu aanicha keessatti 'Jigii' jedhamees kan beekamu yoo ta'u iddoo biraatti 'Guuzaa' jedhamee kan beekamuudha.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo kana gaggeessuu keessatti hanqinoonni qoraticha mudachuu danda'u jedhee qorataan sodaa qabu nijiraatu.Kunis,afoola daboo irratti kitaabonni afaan qorannoon ittiin gaggeeffamuun barreeffaman dhibuun wabiif rakkachuu, yeroofi baajata dhabuu yoo ta'u, hanqina kana mala keessa darbuun danda'amu mijeessuun kitaabota argaman kooppii taasisuu,

rakkoolee yeroofi baajata waliin walqabatan akkaataa milkaa'ina qorannichaaf ta'utti mijeessuun qorannicha milkeessuun danda'ameera.

1.7 Haala Waliigalaa Naannoo Qorannoo

Aanaan Sooddoo Daaccii aanaalee G.Sh.K. Lixaa keessatti argaman keessaa tokko yoo taatu, magaalaa guddittii godinichaa Walisoo irraa 170km fagaattee argamti. Magaalaa guddoo biyyaa Finfinnee irraa immoo 74km fagaatti. Haalli teessuma lafa ishees haala qilleensaa baddaa, badda dareefi gammoojjiitti qoodamtee kan jirtu yoo ta'u, baddaan 16.6%, badda dareen 44.6%, gammoojjiin 38.8% yoo ta'u, giddu galeessaan (22°C elevation) dha. Aanaan kun olka'iinsa lafaa 1850-2500 a.s.l ta'ee, giddu galeessaan rooba waggaa 900-1400mm argatti.

Qabeenyi lafaa aanichaa gandoota baadiyyaa kudha saddeetiifi bulchiinsa magaalaa tokko kan qabdu yoo taatu, bal'inni lafaa aanichaa hektaaraan 39,920 yoo ta'u, kana keessaa kan oomisha qonnaaf oolee hek. 22,868, dheedicha looniif hek. 4,301, lafti fuulduratti misoomuu danda'u hek.4780, lafa bosonaa/miciree hek. 2902, lafti duwwaan misooma hinqabne hek.2041, lafti hek.3028 tajaajiloota biroon kan qabameedha. Haalli teessuma lafaa aanaa kanaa lafa ciisaa %20, lafa tabbaa/tulluu %15, lafa dachaa %45, lafa irraangadee %20 dha. Daangaa aanaa Sooddoo Daaccii kaabaan aanaa Qarsaa Maallimaa, kibbaan sabaafi sablammoota uummattoota kibbaa, bahaan godina shawaa bahaa aanaa Liiban Cuqqaalaa, dhihaan sabaafi sablammoota uummattoota kibbaan marfamtee argamti. *Ragaan W.Q.Q.U.A.S.Daacciiti.*

Haalli waliigalaa uummata aanichaa baay'inni uummata aanichaa 46,964 yoo ta'u, kana keessa dhiirri 23,488fi dhalaan 23,497 dha. Amantii uummata aanichaan hordofamu, ortodooksiin (64%), prooteestaantiin (15%)fi waqeffattoonni(21%)dha. Afaan aanicha keessatti dubbataman Afaan Oromoo, Afaan Amaaraafi Afaan guraageeti. Kunis, Afaan Oromoo 90%, Afaan Amaaraafi Guraagee walitti 10%'tu dubbatamu ragaan W.A.T. Aanaa Sooddoo Daaccii irraa argame nibsaa. Sababni dubbattoonni afaan amaaraafi guraagee aanicha keessatti baay'ataniif aanittiin naannoo sabaafi sablammoota uummattoota kibbaa daangaa godina guraagee irratti waan argamtuufi.

1.7.1 Haala Moggaasaafi Qubsuma Oromoo Sooddoo Daaccii

1.7.1.1 Haala Moggaasa Aanaa Sooddoo Daaccii


Aanaan Sooddoo Daaccii aanaalee G.Sh.K.Lixaa keessaa tokko taatee aanaa taatee of dandeessekan hundoofte Caamsaa 1 bara 1998 A.L.H'tti yoo ta'u, haalli moggaasa maqaa Sooddoo Daaccii akka ragaan maanguddoota irraa argame ibsutti maqaa ilmaafi abbaa irraa kan fudhatameedha. Kunis, Sooddoo ilma Daaccii.Daaccii immoo ilma Tuulamaati.Akkaattaa ibsa kanaatti ilmaan sadan Tuulamaa Daaccii, Bachoofi Jiillee keessaa Daaccii ilmi Tuulamaa naannoo kibba lixaa qubatee jiraataa yemmuu ture Sooddoo godhate.Sooddoo immoo ilma hangafaa Daacciiti. Naannoon jireenya isaaniis as waan ta'eef hundeeffama aanichaaf moggaasni maqaa kun akka kennamu ta'e.

1.7.1.2 Haala Qubsuma Oromoo Sooddoo Daaccii

Oromoon Sooddoo Daaccii hiddi latiinsaa isaanii Tuulama irraa akka dhufe ragaan jaarsolis nimirkanessa.“...the major clan of the Tulama Oromo are the Daaccii, Bachoo and Jiillee. According to the evidence obtained from the elders, each clans are further divided into sub-clans and smaller units/as mana and balbala which literary means house and clan door respectively. Daaccii is subdivided into three sub-clans: Galaan, Oboo and Sooddoo.” (Alemayehu Haile, 2009:19).Akkaataa ibsa waraabbii kanaatti,Daacciin ilmaan sadii qaba. Galaan, Oboofi Sooddoodha. Sadan ilmaan Daaccii keessaa sadaffaan Sooddoo.Sooddoos ilmaan sadii qaba.Isaanis, Odituu, Tum'eefi Liiban.Qubsumni Oromoo Sooddoo Tuulama gara kibbaafi kibba dhihaa malkaa Hawaasi gara kibbaatti, hanga Arsiifi uummattoota kibbaa ga'uttifi gara dhihaan Walisoon, gara kaabaan immoo Bachoofi Galaaniin waldaangeessa. Wiirtuun amantaafi siyaasa Sooddoo Odaa Nabeeti. Saboonni Oromoo Sooddootti makaman irra caalaan saba Guraagee yoo ta'an, saboonni biroos nijiru.

Sooddoo aanaalee Harbuu Culullee(Sooddoo sadan), Tolee, Agamjaa, Qarsaa, Bu'iifi Xiyyaa keessa tamsa'ee kan qubate yoo ta'u, Galaaniifi Bachoo keessaas baay'inaan qubatanii jiru. Sochii qubsumaafi baballina manaafi balbaloota ilmaan Daaccii ilaalchisee walkeessa socho'aafi qubataa akka turan nidubbatama.

Aadaan warroommii Oromoo Sooddoo Daaccii keessatti raawwatu sirna waarroommii kaadhimannaa yoo ta’u, aadaan warroommii kanneen akka waliin deemuu, irra dhaaba, fi k.k.f nijiru



Ragaa Waaj.A.T.A.S.Daaccii irraa argame

1.7.1.3 Qabeenya Uumamaafi Oomisha Aanichaa

Aanaan sooddoo daaccii gama oomishaaleetiin yommuu ilaallamtu, haala qilleensaa mijaawaa ta’e waan qabduuf oomishaalee gosa garaagaraa kanneen akka; Qamadii, Xaafii, Shumburaa, Garbuu, Atara, Baaqelaa, Boqqoolloo, fi k.k.f nibeekkamti.

Gosa mukkeenii/biqilootaa kanneen akka; Gaattiraa, Birbirsa, Qilxuu, Mukarbaa, Laaftoo, Urgeessaa, Ceekaa, Ejersa, Agamsa, Doddotii, Waatoo, Maxxajjaa, Waaccuu, Abbayyii, Hadheessa, Harbuu, Algeefi k.k.f beekamtuudha.

Gama biraatiin, bineensota kanneen akka; Jaldeessa, Qamalee, Waraabessa, Tarraacha/Bosonuu, Kuruphee, Qeerransa, Xirinyii, Sardiida, Hilleentii, Awwaal-Diigessa, Booyyee fi k.k.f qabdi.

1.7.1.4 Wiirtuuwaan Aadaa/Ardaalee Jilaa Aanittiin Qabdu

Aanaan Sooddoo Daaccii wiirtuuwwan aadaa/ardaalee jilaa adda addaa qabdi. Ardaaleen kunis, yeroo durii irraa kaasee hanga har’aatti tajaajila waaqeffannaa, jilaafi araaraa adda addaa kennaa

kan jiraniidha. Garuu immoo, ardaaleen kunneen baay'een isaanii akkaataa durii sanatti tajaajila barbaadamu kennaa kan hinjirrees nijiru. Ardaaleen kunneenis, Dirree Dabballee, Somboo Faatii, Abdaarii Seendoo Dooyyoo, Ardaa jilaa Ilaalaa Tolchaa, Ardaa jilaa Gaara Kuraa, Ardaa Jilaa Cangaree Gadaa/Somboo Abbaa Risaa/, Abdaarii Jabduu, Abdaarii Baaduu Somboo, Hara Cangaree Gadaafi k.k.f. dha.

Ardaalee armaan oliitti tarreeffaman keessaa ardaan jilaa Seendoo Dooyyoo akka Aanaa Sooddoo Daacciitti bakka kabajaa guddaa qabuudha. Bakka kanatti, aangoo waljijjiiru, seera tumuufi namoota walitti araarsuun niraawwatama. Waggaa saddeet saddeetiin Gadaan shanan aangoo walharkaa fuudhu. Ardaaleen kun kan tajaajilaan Oromoo Sadan Sooddooti. Sadan Sooddoo kanneen jedhaman immoo, Tum'ee, Odituufi Liiban. Gadaan shanan; Birmajii, Beelbaa, Muudana, Roobaleefi Halchiisa. Gadaan shanan kunneenis, waggaa saddeet saddeetiin ardaa jilaa kanatti aangoo akka walharkaa fuudhan ragaan maanguddoota irraa argame nbsa.

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Boqonnaa kana jalatti yaadota mata duree qorannoo kanaan walqabatee ibsaman sakatta'uun kan dhiyaatuudha. Kunis, fookloorii, gosoota fookloorii, afoola, gosoota daboo, faayidaa afoolaa, dayeessa fookloorii, dayeessa faayidaa, maalummaa daboo, yoomessa daboofi gosoota dabootu yaada hayyootan deeggaramee dhiyaata.

2.1 Fookloorii

Fookloorii falaasama aadaa hawaasummaa, eenyummaa garee hawaasa waliin jiraatanii waliigala bartee hawaasichaa irratti hundaa'ee kan dubbiin dhalootaa dhalootatti haala adda addaan afaan, ogummaa, muuziqaan, sochii qaamaan, taphaan, baacoon, duudhaan, ogummaa harkaafi aartiiwwan biroo kan ibsuudha (Finnegan, 1992). Akka yaada kanaatti, fooklooriin falaasama hawaasni tokko waa'ee ofii karaalee adda addaan itti of ibsu ogummaa kalaqa hawaasa sanaa ta'uudha.

Fooklooriin sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenyaa, heeraafi seera, hooda, safuufi falaasama, dimshaashumatti, ilaalcha addunyaa kanaaf qabu afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsuudha. Karaa biraatiin, fooklooriin calaqqee aadaati (Dundes, 1965). Akkaataa ibsa kanaatti, fooklooriin jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti falaasama hawaasichaa bu'uura godhachuun ta'iiwwaan raawwatan dhaloota itti aanutti karaa ittiin daddarbuudha. Akkasumas, Sims fi Stephens, (1965:12) fookloorii haala armaan gadiitti ibsu:

Folklore is informally learned, an official knowledge about the world, our selves, our communities, our beliefs, our cultures, and our traditions, that is expressed creatively through words, music customs, actions, behaviours and materials. It is also the interactive dynamic process of creating communicating and performing as we share the knowledge with other people.

Yaada kanarraa kan hubannu, fooklooriin osoo itti hin yaadamin kan baratamu, beekumsa dhaabbataa kan hintaane, waa'ee addunyaa, waa'ee keenya, waa'ee uummata keenyaa, waa'ee amantaa keenyaa, waa'ee aadaa keenyaafi barsiifata keenya jechaan, muuziqaan, gochaan, amalaafi meeshaaleetti gargaaramuun oguma/kalaqa/ hawaasaa kan ibsuudha. Akkasumas, walitti hidhatiinsa raawwiin beekumsa waljijjiiruu keessa uumamaa kan deemudha.

Gama biraatiin, (world encyclopedia, 1994:322) keessatti akkaataasiin gadiitti ibsamee argama:

Folklore is as old as humanity. A written record left by the earliest peoples includes examples of folklore. As soon as people develop a writing system, they begin to record folk stories. However, folklore does not have to be written down, much folklore is passed orally from person to person. Even today, many people do not have a written language, but they have folksongs, legends, myths, and often kinds of folklore. Sometimes folklore is handed down by imitation. For centuries children have learned games such as; jump rope, and marbles, by watching and imitating other youngsters. As people move from one land to another they take their folklore with them and adapt it to their new surroundings.

Akkaataa waraabii armaan oliitti, fooklooriin umrii namootaa wajjin kan tureedha. Wantoonni namoota duriitiin barreeffamanii teessifaman fakkeenyoota fooklooriiti. Hammuma dhalli namaa ogummaa barreessuu gabbifachaa dhufe, seenaa fookloorii galmeessuu jalqaban. Haata'uu malee, fooklooriin hunduu hinbarreeffamne. Fooklooriin baay'een afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu jabana ammaa kanayyuu uummanni baay'een afaan barreeffamaa hinqaban, Garuu, muuziqaa, af-seenaa, raagoofi fookloorii gosa adda addaa qabu. Yeroo tokko tokko fooklooriin akkeessaadhaan kan argamu ta'uu danda'udha. Ijoolleen taphoota baratan qabu, kanneen akka funyoo utaaluu dhagaa darbatanii utaaluu, namoota kaawwan ilaaluun kan barataniidha. Hammuma hawaasni lafa tokko irraa gara biraatti socho'u, fookloorii isaa fudhatee waan deemuuf, naannoo haaraa dhaqanittis madaqfachuun nidanda'a.

Akkasumas, Iseacs, (1981:457) fookloorii akkas jechuun ibsa: "Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivals, dance and religious rites. The material culture comprise architecture and art and crafts. The oral culture includes songs, tales, legends, proverbs and riddles." Akka yaada kanarraa hubannuutti, fooklooriin hawaasummaa, meeshaalee hambaafi afoola hawaasa waliigalaati. Aadaan hawaasaa kanneen akka taphoota adda addaa, shubbisa, hojiiwwan amantaa kan haammatu, meeshaan aadaa immoo, ogummaawwan ijaarsa garagaraafi afoolli hawaasa faaruwwan, afseenaa, mammaaksaafi hiibboo kan of jalatti qabudha.

2.1.1 Gosoota Fookloorii

Akka Dorson,(1972) fooklooriin bakka afuriitti qoodee ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti, qoqqooddiin kunis akkaataa qorannoo hojii fooklooriif akka tolutti yaadameeti. Haaluma kanaan

gosootni fookloorii; afoola/ogafaan, meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaafi artii sochii hawaasaati.

2.1.1.1 Afoola/Ogafaan/

Afoolli ogummaa hinbarreeffamin kan afaaniinfi gochaan aadaa, seenaa, duudhaa, falaasama, bulmaata, safuu, sona, haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Fedhasaan, (2017:35) Finnegan,(1977:3) wabeffachuun yoo ibsu, “Afoolli kalaqa sammuu keessatti qindaa’ee afaaniin himamuudha. Kana jechuun, haalli kuufamaafi lufiinsa afoolaa himiinsa afaaniin dhugooma malee barreeffamaanmiti.” Akka yaada kanaatti afoolli kalaqa ilma namaa ta’ee wantoota maalummaa hawaasa tokkoo ibsan karaa dubbii afaaniin kan darbu ta’uu nu akeeka.

Gama biraatiin, afoolli eenyummaa saba tokkoo kanneen ibsan keessaa tokkoodha. Sabni tokko maalummaa isaa afoola qabuun calaqqisiisa jechuudha(Dorson, 2005). Akkasumas, afoolli akka barruuwwan yookiin seenawwan biroo nama dhuunfaan hinwaamamu. Garee hawaasa tokkoon waamama (Finnegan,1967).Yaadota armaan olii irraa kan hubannu afoolli abbeentaan isaa hawaasa yoo ta’u, kan waa’ee eenyumma ofii ittiin calaqqisiisuuf dhimma itti bahatuudha.

Afoolli haala addunyaa kanaa kan ittiin hubannu, haala jiruufi jireenyaa, haala uffannaa hundaaf akkaataa jireenya dhala namaa hunda tuttuqa (Dundes,1965). Akkasumas, afoolli akkuma daawwitii keessatti kan of ilaallu, kan faana jiru deebisee calaqqisiisu gochuu osoo hintaane akka ofilaalle cabaa fuula tolchuu isa tahes, isa hintahinis kan mul’isu ta’a.(Asaffaa, 2009). Akka ibsa hayyoota kanaatti, wantoota addunyaa kana irratti raawwatan raawwatamuu danda’an akka daawwiitiitti ilmi namaa akka keessatti ofilaalu kan taasisudha. Akkasumas, Asafaan,(2009:31) akka armaan gadiitti barreesse:

Ogafaan kuusaa beekumsaa, seenaa, duudhaa, aadaa, falaasama, amantii, ilaalcha, ogumafi siyaasa madda yookiin mala dhalootaaf ol itti kaayataniidha. Ogbarruunnis, ogafaan bu’uura godhachuun waa’ee uummataa deebisee uummataaf kan dhiyeessu, jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsuudha. Waan jiruufi jireenya(finna) hawaasaa waan ta’eefis, hayyuulee ogbarruu biratti, hayyuulee seenaa, kan falaasamaa, kan siyaasaa, kan seeraafi kanneen biroollee gama ogummaa isaatiin ilaaluudhaan hiikaawwan oguma adda addaa kennani jiran. Sababni isaa ogumi umrii dheeraa kan qabufi xiyyeeffati isaas jiruufi jireenya uummata isaa akka galaana takka guutee takka hir’atu. Kunis, takka gaddaa gammadu, takka kolfee takka boo’u, har’a argatee bor dhabu waan ta’eef.

Akka waraabbii armaan olii kanatti, gabaabinaan afoolli, ogbarruu barreeffamaaf bu'uura ta'ee, waan jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ibsan akka danda'uudha. Akkasumas, akkuma ogbarruu afoolli jiruufi jireenya ilma namaa keessatti waan hawaasni har'aa dhimma itti bahu yeroo dheeraaf kuusee dhaloota itti aanuuf kan dabarsu ta'uu isaati.

Walumaagalatti, afoolli ibsituufi hundee jiruufi jireenyaa, qaroomina, beekumsaafi falaasama sabaati. Akkasumas, eenyummaa, seenaa, ilaalcha, beekumsaafi rakkina sabichaa mul'isuu irra darbee guddina aadaa, hawaasummaafi diinagdee sabichaa utuba. Afoolli Oromoos faayidaa kana niqabaata. Qorannoon cimee akka mul'atu gochuun murteessaadha. Kanaafuu, afoolummaa afoola saba Oromoo sadarkaafi bakka adda addaatti tajaajila kennan qorannoon walitti qabuun kaa'uun dhaloota dhufuuf dabarsuun dirqama dhaloota har'aati.

2.1.1.2 Faayidaa Afoolaa

Addunyaa guutuu irratti afoolli faayidaa olaanaa qaba. Sababni isaas, hawaasni hundinuu qubee gargaaramee barreeffamaan muuxannoo jiruufi jireenya isaa ibsachuu waan hindandeenyeefidha. Kana jechuun hawaasni dubbisuufi barreessuu danda'anillee waan hundumaa barreeffamaan ibsachuu waan hindandeenyeef afoolaan gargaaramuun dirqama. Kanas, Bukenyan fi kaawwan (ed.) (1994:97) bifa armaan gadiitiin ibsa:

If literature is the expression of a society's values...its art, both material and moral, its aspirations and frustrations, its songs of joy and sorrow, its tragedies, in short the some total of a society's reality and creatios, then a lot that literature is oral and only a portal it is written, even in the societies that have long tradition of writing because it is impossible to commit to writing the totality of the society's dynamics.

Akkaataa waraabbii kanaatti, ogbarruun kan sona hawaasaa ibsuu yoo ta'es, kanneen akka artii, haamileefi meeshaalee, hawwii guddaafi abdi kutannaa, akkasumas, gaddaafi gochoota sukaneessoo, gabaabinaan dhugaa waliigalaa hawaasaafi kalaqa hawaasichaa hunda barreeffamaan ibsuun rakkisaadha. Walumaagalatti, sochiilee hawaasummaa hunda ogbarruun ibsuun waan hindanda'mneef afoolatti gargaaramuun dirqama akka ta'e nu hubachiisa.

Gama biraatiin, afoolatti kan dhimma bahu, warra barnoota ammayyaa hinqabne qofaa osoo hintaane warri qaroomne jedhanis, afoola irraa adda bahu hindanda'an. Kanaafuu, afoolli meeshaa aadaa, duudhaa, seenaa, hawwii, gadda, gammachuu, qaroomina, ogummaa,

walumaagalatti, dhugaan hawaasa tokko keessa jiru jechuunis, adeemsi jiruufi jireenyaa kan ittiin ibsamuudha. Yaada kana Mitikkuu,(1991:14) haala kanaan ibsa:

Afoola barachuun ofbarachuu jechuudha.Namni kamiyyuu qofaasaatti adda bahee hinjiraatu.'Of beeki' yaadni jedhu dur namoota qara.Yeroo ammaattis nihojjeeta.Kuufamni afoolaa beekumsa nu'i namummaadhaan qabnu waan bal'isuuf jireenya keenya keessatti nu fayyada, gorsa nuuf kennee gammachuu keenyas nuuf guddisa.Afoola keessattis waan of taanuuf of beekuus nidandeenya. Adeemsi of beekuu umrii guutuu nama wajjin kan jiraatu yoo ta'e, namni uuammataafi afoola isaa beekuu isa hin beekne caalaa galii isaas nibeeka. Eessaa akka maddeefi garamitti akka adeemus nihubata>Nama ta'uun qaama dhala namummaa ta'uu waan ta'eef eenyuyyuu guutummaa dhumatti afoolarraa fagaachuu hindanda'u.

Akka ibsa yaada armaan oliitti, afoolli sadarkaa nama dhuunfaarraa kaasee hanga madda ofiifi hawaasa keessaa dhufaanii fi keessa jiraatanii beekuun of beekuu yoo ta'u, afoola beekuun jiruufi jireenya ofii beekuu irra darbee bahuufi galuu hawaasa tokkoo beekuuf akka gargaaru ibsa.Gama biraatiin, Geetachoon(2011:77) faayidaa afoolli uummata tokkoof qabu haala kanaa gadiin ibsa:

- Aadaafi sirna hawaasaa dabarsuuf.
- Yaada tokko bal'inaafi gadi fageenyaa qorachuuf.
- Dandeettii sammuu ofii madaaluuf.
- Hangam gamnummaa akka qabnu of hubachuuf.
- Nama bashannansiisaa barumsa kenna.
- Dandeettii afaanii fooyyeessuuf.
- Hunduu irratti hirmaachuu danda'a.
- Afoolli yeroo baay'ee barreeffamaaf madda ta'uudhaan tajaajila.

2.1.1.3 Amaloota Afoolaa

Afoolli ogbarruu biroorraa amaloota ittiin adda ta'u kan mataasaa niqaba. Isaan keessaa muraasni kanneen akka hurrubummaa, jijjiiramammaa, yoomessa, hirmaattoota yookiin jamaa qabaachuu, lufummaa eeruun nidanda'ama.

Hurruubummaan amaloota afoolaa keessaa bu'uura ta'ee afoolatti lubbuu hora.Kunis, yoo hurruubuun hinjiru ta'e afoolli hinjiru. Haalli uumamaafi deemsi lufummaa isaas hurruubummaa irratti kan hundaa'edha. Afoolli kamiyyuu yoomessa hawaasummaa mataa isaa irratti hundaa'ee hurruubaatiin jamaa fuulduratti dhiyaata. Afoolaan surraafi ogummaan isaa haalaan kan

goobanee mul'atu, kan kaayyoon hurruubamuufis bakka gahuu danda'u, onnee jamaas booji'uu kan danda'u kallattiin jamaa fuulduratti yoo hurruubameedha(Misgaanuun, 2011).

Ibsa kanarraa wanti hubatamu, hurruubbiin jiraachuu afoola hawaasni tokko dhimma itti bahuuf murteessaa ta'uu isaati.Kunis, hojiirra oolmaa afoolaaf hirmaannaan jamaa yookiin yoo xiqqaate raawwii qabatamaa afoolaa keessatti namni lama jiraachuun dirqama akka ta'e ibsa.Hurruubummaan akka ogafaaniifi akka aadaa isaatti garaagarummaa qaba.Haalli geerarsi hurruubamu, haalli weedduun jaalalaa itti hurruubumu waliin tokkoo miti.Hurruubummaan iddoo jigii/daboofi mana cidhaas tokkoo miti.

Gama biraatiin afoolli adeemsa raawwii isaa keessatti afaanii dhalootaa dhalootatti waan darbuuf jijjiiramaaf saaxilamaadha. Kanas Birhanuun (1999:12) akkasitti ibse: "The characteristics of oral literature is carried by memory and delivered by word of mouth, The performance introduce variation in wording, structure or content." Akka yaada kanaatti afoolli afaaniin waan daddarbuuf jijjiiramaaf saaxilamaa ta'uusaa addeessa. Jijjiiramni afoola irratti mul'achuu danda'us qabiyyee hiika jechaa yookiin caasaa isaa ta'uu danda'a. Akkasumas, afoolli tokko yeroo, bakkaafi haala keessatti raawwatu niqaba. Kunis, yoomessaafi raawwii qabatamaa barbaaduu afoolaati.

Afoolli tokko kan raawwatu yoomeessa dhugaa irratti hundaa'ee dhimma hawaasaa irratti xiyyeeffateeti. Haala kanaan hurruubummaan afoolaa hirmaannaa namoota bakka sana jirani barbaada. Namoonni kun jamaa jedhamu. Jamaan afoolli tokko yommuu hurruubaan dhiyaatu kallattii garaagaraan keessatti hirmaatu.Kunis, afoolli yeroo kamiyyuu garee barbaada, namoota walitti qabu qaba.Kana malees, jalqabaa amma dhumaatti gareedhaan walfaana weeddifamuu qaba (Finnegan, 1972). Gama biraatiin yaaduma kana Finnegan, (1992:98) hirmaattootaafi jamaa afoolaa haala kanaan ibsiti:

Solidary performance with no apparent audience. Rhythmic work songs while grinding corn or padding a boat are instances of this singing or declaiming while on one's own, or personal songs while herding cattle. Some might argue that absence of audience means that these are not 'real performance.' They may still be illuminating however in their contrast or comparison with 'full performance'. Sometimes too the 'same' songs are performed to the audience, and there may also be senses in which there is an actual or imagined secondary audience."

Akkaata ibsa armaan olii irraa hubannutti, sirbi tokko bakka jamaan qabatamaan hinjirreettis sirbamuu yookiin weeddifamuu nidanda'ama. Fakkeenyaaf, tikseen loonii looni biratti yoo weeddiftu jamaan qabatamaan jiraachuu dhiisuu nidanda'a. yeroo kana jamaan loon sana ta'uu danda'a yaada jedhu ofkeessaa qaba. Haata'u malee jamaa dhugaa miti jetti.

2.1.1.4 Gosoota Afoolaa

Afoolli gosa hedduu qaba. Heddummina isaa irraa kan ka'e afoola bakka tokkotti qorataniin waliin gahuun rakkisaadha. Kanaafuu, afoola qorachuuf gosa gosaan qooduun barbachisaadha. Haa ta'u malee, hayyoonni qoqqoodiinsa afoolaa irratti yaada garaagaraa dhiyeessu. Haaluma kanaan, Afoolli dimshaashaatti karaa lamaan ilaallamuu kan danda'amu yoo ta'u, inni tokko kan nama hawwatan ta'anii dubbiidhaan yookiin hololoodhaan kan darban, inni lammataa immoo bifa walaloofi yeedaloodhaan dhiyaachuu kan danda'uudha (Finnegan, 1970). Ibsi bu'uurri qooddii afoolaa lufiinsa isaa irratti akka xiyyeeffateedha. Kunis, karaalee afoolli dhalootaa dhalootatti ittiin darbu dubbii afaanii hololoo ta'eefi walaloon qindaa'ee kan darbu ta'uu hubanna. Gama biraatiin, Afoolli Afrikaa bifa muuziqaafi do'iin gosoota fookloorii raawwii jala galan jechuun bakka sadiitti kan hiru yoo ta'u, afwalaloo (songs and chants) yoo ta'u (geerarsa, sirba, faaruu, eebba/abaarsa, tabaallii, weedduu), seeneffamoota (oral narratives) isaanis, (durdurii, raagamtaa, himaamsa gootaa, himaamsa ijoollee, baacoo) fi kanneen cimina sammuu mul'isan (qareeyyii isaanis, mammaaksa, hiibboo, jechama, cigoo) jechuun qooda (Okpewho, 1992). Akka ibsa kanaatti immoo qooddiin afoolaa kanneen gochaan mul'atan, jechaan seeneffamaniifi cimina yookiin bilchina sammuu irratti hundaa'uun qoodamaniidha. Akkasumas, Robert (Ed.) (1993) gosoota afoolaa haala kanaan qooda: "The genres of oral literature covers spoken and song expression. They may be further divided into the two larger groups of folk narrative including of myth, legend, tales and folksong and such other smaller genres of proverb, riddle and belief or superstition. Folk narrative is a wide range of oral prose traditions."

Akkaataa bu'uura ibsa kanaatti, qooddiin afoolaa dubbiifi sirbaan kanneen ibsaman irratti xiyyeeffatee qoodama. Isaanis, gareewwan gooroo kanneen akka raagoo jalatti haammataman sheekkoo, himtee, faaruufi raagamtaadha. Akkasumas, gareewwan gooree kanneen akka mammaaksa, hiibboofi barsiifatadha. Bu'uuruma kanaan gosoota afoolaa haala armaan gadiin kaa'uun nidanda'ama.

2.1.1.4.1 Afwalaloo

Afwalaloon gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee bifa walaloon qindeeffamee kan afaaniin dhalootaa dhalootatti darbuudha. Kunis, walaloo sammuu keessatti kalaqamee afaaniin walaleeffamuudha. Akkuma seeneffamootaa aadaa, duudhaa, seenaafi haala jiruufi jireenya uummata tokkoo afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Innis, geerarsa, sirba, faaruu,eebba/abaarsaafi weedduu ofkeessatti haammata jechuun Fedhasaan, (2017:59) Finnegan, (1977) wabeeffachuun ibsa. Gama biraatiin Salomoon (2007:129) afwalaloo bifa armaan gadii kanaan ibsa.

ቃለ ግጥም የማህበረሰቡን ባህል መሰረት በማድረግ የተለያዩ ማህበራዊ አጋጣሚዎች ላይ በግለሰብም ሆነ በቡድን የምቀርብ ጥበብ ነው። ማህበረሰቡ በእለት እለት የህይወት እንቅስቃሴው ወቅት የሚያስተውላቸውን ገጠመኞች፣ ከተፈጥሮ ጋር ባለው ግንኙነት ምክንያት የሚከሰቱ ገጠመኞች፣ ያለውን ፍልስፍና፣ ዕውቀት፣ አስተሳሰብ ወዘተ. በግጥሙ አማካኝነት ለትውልድ ያስተላልፋል፣ በወቅቱ የተሰማውንም ስሜት ይገልጻል።

Ibsa armaan olii kanarraa kan hubannuu afwalaloon aadaa hawaasa tokkoo bu'uura godhachuun wantoota hawaasaa tokko jiruufi jireenyaa isaa keessatti isa mudatan dhuunfaanis ta'ee gareedhaan ibsachuuf ogummaa dhiyaatudha. Kunis, hawaasichi jiruufi jireenya guyyaa guyyaa isaa keessatti sochii yeroo taasisu mudannoowwaniifi uumama biroo waliin hariiroo uumuun falaasama, beekumsaafi ilaalcha isaa afwalaloo kanaan calaqqisiifata.

Kanaafuu, afwalaloon haala kanaa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti bifa kanaan qindaa'ee yommuu dhiyaatu yeroofi waqtii garaagaraa keessatti raawwachuu danda'a. kunis, hawaasichi afwalaloon yeroo jaalalaa, eebba, cidha, boo'ichaa, ayyaana waggaa, hojii, dhaadannoo, walitti bu'iinsaa, araaraa, tiksee, maasaa, fi k.k.f irratti dhimma itti baha. Kun immoo, afwalaloon kanneen dhiyaatan bifa armaan gadiin goodnee ilaaluu nidandeenya.

2.1.1.4.2 Weedduu

Weedduun kan weeddifamu gammachuu yookiin gadda ofii ibsachuuf. Kunis, weedduun kan weeddifamu callisee osoo hintaane yeroo biyyaa ofii faarsan, jaalala abbaafi haadhaafi jaalallee ofiif qaban ibsuuf, milkaa'ina hojii gamtaan/daboon hojjetamuuf k.k.f. ta'uu danda'a. Kana malees, namni dhiphina keessa jiru weedduu/faaruun garaa namaa booreessa, garaa nama laaffifata, nama waa sodaatu yookiin dabeessa gootomsa, onnachiisa, kan xiiqiin isa qabees ittiin mormii, diddaa, harka akka hinkennanne taasisa. Weedduun humna cimaa kan ofkeessa qabu

jechuu nidandeenya. Kana ilaalchisee ‘Encyclopedia Britannica’ (vol.9:135) akkas jechuun ibsa. “Folksongs are used as magic effects to defeat enemies, to attract lovers, to involve the favor of the supernatural power...”

Akka ibsa kanaatti, weedduun diina ofiirraa qolachuuf, jaalallee ofii ittiin faarsuuf, humnoota uumamaa ittiin faarsuuf kan gargaarudha. Gemechu (2003: 8-9) yoo akka ibsetti:“weedduun wantoota aadaa uummata tokkoo calaqqisiisan keessaa isa tokkodha. Innis, kan safara gabaabaa of keessatti hammatu ta’ee sirba garaa garaa sirbuuf gargaarudha” Oring,(1986). Weedduu walaloo gabaabaa ykn tuuta jechoota weeddifamanii ijaarsa barreeffama ifaafi gabaabaa ta’een toora tooraan hiramuu, yeedaloo kan of keessatti qabu Richard, (1992).

Kana malees, idileetti yoo ilaalle weedduun yaada adda addaa ibsuuf qooda hedduuttiifi cabsata sagaleetiin kan dhiyaatu ta’ee jaalala, komee, arrabsoo, mararoo fi kkf kan ibsudha... Uummata seenaan isaa barreeffaman carraa hinargatiin tureef kan akka uummata Oromoof bu’aa weedduun buusu akka salphaatti hinilaalamu. Seenaa jechoota adda addaafi safuu keessatti dhimma itti baanu ofkeessatti qabatee dhalootaa dhalootatti dabarsa.Guddina afaaniif hedduu gumaacha (Wasanee, 1984).

Haaluma kanaan, weedduun gosoota adda addaatti qoodamuu nidanda’a. Isaanis, weedduu hojii, weedduu jaalalaa (biyyaa, abbaafi haadhaa, jaalallee), weedduu mormii, weedduu gootummaa yookiin xiiqqii fi k.k.f dha. Yaada kana Fedhasaan, (2017:62-63) akkas jechuun ibseera. “Qabiyyee of keessaa qabuun weedduun gosa adda addaatti hirama.... Akka kanaan,weedduu durbaa, weedduu jaalalaa, weedduu gootaa, weedduu haamaa/hojii fi w.k.f.hirama.”

Gosoonni weedduu hedduu jiru. Oring, (1986) akka ibsetti weedduun ammayyaas ta’e kan aadaa qabiyyee fi ergaa isaanii irratti hundaa’uun weedduu jaalalaa, weedduu cidhaa, weedduu loonii, weedduu amantiifi weedduu hojii fa’i jedha. Qorannoon kunis, weedduu yeroo daboo dhiyaatu keessaa ergaafi faayidaa weedduun aadaa daboon walgargaaruu qabu irrati xiyyeeffata.

2.1.1.4.3 Sirba

Jechi ‘sirba’jedhu kun sochii qaamaa akka ta’eetti beekkamu danda’a. Haa ta’uu malee, sochii qaamaa osoo hintaane walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurruubummaan dhugoomuudha. Sochiin qaamaa garuu sirba osoo hintaane maqaa ittiin beekkamu qaba. Innis, hurruubbii jedhama. Naannoo oromiyaa keessattis hurruubbii gosa adda addaatu argama. Akka

fakkeenyaattis shaggooyyee, dhiichisa, mirrisa, geelloo, kumkummeefi kkf maqaa dhahuun nidanda'ama (Fedhasaa 2013). Egaa sirbi walaloo yeedaloon weelliifamu yemmuu ta'u, sochiin qaamaa immoo hurruubbii yeedaloo sanaa wajjiin deemudha. Kanaafuu sirbi hurruubbiin walqabata jechuudha. Sirbi dhimma sirbamuuf irratti hundaa'uun gosoota adda addaatti goodama. Gosti kunneenis: Sirba jaalalaa, sirba cidhaa, sirba hojiifi kkf dha. Qoqqooddiin kunis, waan inni sirbamuuf irratti bu'uuruun raawwatama. Kunis, dhimma jedhamuuf sanaa walqabachuun waltajjii sirbamuun dhugooma. Kana malees, sibootni kun yoomessa keessatti sirbamanis niqabu jechuudha. Kunis hojii irratti yommuu sirbaman haala qabatama hojii sanaa kan dhiyaatan waan ta'aniif sirboota hojii jedhamu.

Sirbi hojii namoota adda addaan bakkaafi haala hojiin tokko keessatti raawwatamu irratti hundaa'anii kanneen sirbamaniidha. Kunis, sirboota hojii nama dhuunfaas ta'ee gareen sirbaman ta'anii qabiyyeefi faayidaa namni dhuunfaas ta'ee garee hojii hojjetamu sana keessatti wal jajjabeessuu, haamilee walii kennuu, walqeequu, walbarsiisuufi k.k.f dhimma itti bahudha. Kanas, ragaan toora <https://www.thoughtco.com>what-are-w---> jedhu haala kanaan ibsa. "Work songs are those that are sung while working or performing a task. It's also a way to express a laborers' sentiments about his/her job and work conditions."

Akkaataa ibsa armaan olii kanaatti sirbi hojii kan sirbamu yeroo hojiin hojjetamu yookiin gochaan hojii tokko raawwatamaa jiruudha. Innis, miira hojjetoota yeroo hojii irra jiranii sanaa ibsuuf gargaara. Dabalataan sirboonni hojii amalootaafi faayidaalee armaan gadiif oolu. Kunis, sirboonnii hojii sababoota armaan gadiif sirbamu.

- Miiraafi aarii keessa jiran ibsachuu.
- Deeggarsaafi dalagaa jajjabeessuu.
- Yaada ofii ibsachuufi seenaa himuuf.
- Dhibaa'ummaa hir'isuuf.
- Gahumsa/dandeettii hojii dabaluuf.

Gama biraatiin, sirboonni hojii amaloota ittiin beekaman kan mata isaanii niqabu. Isaanis,

- Dhuunfaan yookiin gareen sirbamu danda'a.
- Sirbitootaafi haala dalagaa hojjeetamaa jiruu walitti firoomsa/fida.
- Yeedaloon isaa kan dalagaa hojjetamu sanaa ta'uu danda'a yookiin dhiisuu dnada'a. (achuma).

Gama biraatiin, ዘርሁን (1992.46) sirba hojii haala kanaan ibsa: “የስራ ዘፋኖች ስራው አሰልፎ እንዳይሆንና ተሳታፊዎቹ ድካም እንዳይጫጫናቸው ያግዛል። ዜማውም ሆኖ ግጥሙ ተሳታፊዎቹን ለስራው እንዲተጉና እንዲበረቱ ከመርዳቱም በላይ ለጊዜው ድካም እንዳይሰማቸው የማድረግ ሀይል አለው ተብሎ ይታመናበታል።” Akkaataa ibsa kanaarraa hubachuun danda’amutti sirboonni hojii hojiin sun dadhabsiisaa akka hintaanee fi hirmaattoonni hojichaa akka hinmukoofneef gargaara. Walaloofi yeedaloon isaas hirmaattoonni hojichaa akka hojiitti tattaafataniifi yeroo sanaaf dadhabbiin akka isaaniitti hindhagahamne taasisa.

2.1.1.4.4 Faaruu

Faaruu miira mararfannaan guutamee jiruudha. Namni tokko waan faarsu san jaalatee mararfata. Wanti faarsamu sun biyya, hiriya, haadha, abbaa, loon, dachee, waaqa, goototaafi k.k.f ta’uu danda’a. Ilmi namaas wantoota kana keessaa tokkoof miira jaalala qabuun faarsuun mul’isa (Fedhasaa, 2017). Faaruun sirba gaarii isaa kaasanii sirbuuf daboo, loon faarsuuf, gocha gaariidhaan maqaa namaa kaasuu, sagalee galataa mararfachuudha. Kunis, faaruun waan tokko jajuu yookiin jajjabeessuuf oola. Qabiyyeerratti hundaa’uu faaruu waaqaa, dachee, jaalalaa, biyya, hiriya, loon, haadha, abbaafi jechuun gosa adda addaatti qooddama.

Dimshaashumatti faaruwwan kunniin gareedhaanis ta’ee dhuunfaan faarsamuu nidanda’a. Dhimma dhiyaatuuf bu’uurefachuudhaan hurruubummaa niqabaata. Yoo miira gammacchuu qabaate ni hurruubama, yoo faaruu gaddaa ta’e immoo hinhurruubamu. Kanaafuu sochii qaamaan walqabachuun isaa haala keessatti faarfamurratti daanga’a jechuudha. Gama biraatiin, faaruun gosa adda addaatti qoodaman kunneen yoomessaafi hirmaattota mataa isaanii qabu. Kanneen keessaa muraasni faaruun hojiifi faaruun loonii bakka hojiitti kan faarsamu yoota’u, bakka hojiin yommuu faarsan looniin qabanii walii isaanii jireenya hawaasummaa keessatti qeeqa, barumsa, onnachiisummaa, haamileefi k.k.f waliif dabarsuuf dhimma itti bahu. Kunis, faaruu qotiyyoo, faaruu midhaanii, faaruu waasii yookiin wabii jedhamuun qoodamuu nidanda’u.

2.1.1.4.5 Eebbaafi Abaarsa

Hawaasni Oromoo aadaa isaa ittiin eeguuf, safuu isaa ittiin kabachiisuuf, amantaa ittiin cimsuuf afoola keessa eebbaafi abaarsaan fayyadama. Qaama waan gaarii hojjete maqaa waaqaa dhahuun eebbisee akka guddatu, akka gabbatu, akka jajjabaatu taasisa. Isa waan badaa hojjete immoo

akka badu, yookiin badii isaarraa akka deebi’u abaara. Kunis, faayidaa afoolaa keessa isa akka raawwatuudha. Yaada kana Geetachoon, (2004:141) akkas jechuun ibsa:

Eebba jechuun yaada hawwii gaarii akka qabeenya dagaagaan, akka jireenyi hawaasummaa jaalatamaa ta’u, namni tokko nama biraatiif hawwu yookiin waaqayyoon kadhachuufii jechuudha. Jaarsoliin Oromoo madda eebbaa yoo ibsan, “Eebbi ganama jira, abaarsi booda erga hammeenya fi kijibni (sobni) dhalatee jalqabamee” jedhu. Eebbi yeroo adda addaa haala adda addaan kennamuu nidanda’a. Fakkeenyaaf, jalqabaafi xumura marii irratti, fuudhaafi heeruma irratti, yeroo daa’imni dhalattuufi k.k.f irratti eebbi ni godhama.

Eebba akka aadaa Oromootti kan eebbisan namoota gosaan angafa ta’ani yookiin gosuma tokko keessattis angafummaa umriif dursi kennama. Akkaataa ittiin jedhamuus namni eebbisuufi namoonni hafan waan jedhaniin seera qabeessummaa qaba. Qabiyyeen jalqabniifi xumurri isaa wal haafakkaatu malee qabiyyeen isaa irra caalaa akkuma iddoo eebbi sun itti dhiyaatutti garaagarummaa niqaba.

2.1.1.5 Qabiyyee Afoolaa

Afoolli dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefii, yookiin osoo hinkennamiin kalaqaafi ogummaa dhimma hawaasummaa adda addaa irratti xiyyeeffatudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, walumaagalatti, ogummaa (wisdom) jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabudha. Ogummi kun hawaasni bara duriitii kaasee beekumsaafi muuxannoo kuufataa ture of keessatti kan hammateedha. Kunis, jireenya hawaasaa keessatti sochii godhamuun bu’aa bahii jireenyaa, mudannoowwan gara garaa, rakkoowwan isaan mudatan bira darbuudhaaf qabsoo godhamu keessa uumamaa deemu. afoolaan keessumaayyuu hawaasa qubeen barreessuu hineegalle biratti waa’ee addunyaa keessa jiraatanii ibsuuf, ilaalchaafi beekumsa jiru dhaloota dhufuuf dabarsuu keessatti gahee guddaa taphatu. Haaluma kanaan qabiyyee afoolaa **ሰለሞን** (2007: 79) bifa kanaan ibsa:

ስነ ቃል ለረጅም ዘመናት በሰዎች አዕምሮ ውስጥ ያለውን ሀሳብ በማስታወስ ለሌሎች ሰዎች በመንገር፣ በመተረት ወይም በመዜም የሚተላለፍ ጥበብ ነው። ጥበቡን የማህበረሰብን ፍልስፍና፣ በህል፣ ኑሮ፣ ርዕዮተዓለም፣ ወግ፣ ልማድ፣ ታሪክ፣ የህይወት ገጠመኝ ወዘተ. ማስተላለፍያ፣ ማሳወቂያና መግለጫ ጥበብ ነው። ይህ ጥበብ ማህበረሰቦች ለረጅም ዘመን ታርካቸው ያጠራቀሙትና ወደፊትም የሚያጠራቅሙት ቅርስ ከመሆኑ በላይ ሰዎች ለህልናቸው ሲሉ በሚያደርጉቸው እንቅስቃሴዎች ምክንያት የሚከሰት፣ ከአካባቢውና ከተፈጥሮ ጋር ካላቸው መስተገብራዊ ትግል የሚፈጠሩ የአያሌ ተመክሮዎች፣ ገጠመኞችና ልምዶች ማንጸበራቅያ ነው።

Akka ibsa kanarraa hubachuun danda'amuutti afoolli, baroota dheeradhaaf sammuu namootaa keessa ilaalcha jiru namoota birootti himuun kan darbuudha. Kunis, falaasama hawaasaa, aadaa, haala jireenyaa, dhimma addunyaa keessa jiraatanii, muuxannoo, seenaa, mudannoo jireenyaafi k.k.f waliif daddabrsuu, beeksisuufi ibsuudha. Ogummaan akkasii kunis, waan hawaasni tokko jireenya isaa keessatti baroota dheeraaf kuufataa tureefi gara fuula duraattis kuufachuu danda'u kuusaa seenaa qofa osoo hintaane kan sochii namoonni sammuu isaaniif jecha hojjetaniifi uumama naannoo wajjin hariiroo isaan taasisan qindeessuun kan waliif dabarsaniidha.

Afoola gargaaramee hawaasni, eenyummaa ofii beeksisaa; dhufte hidda dhaloota isaa seenessa, waa'ee jireenya waliigalaa irratti falaasama qabu ibsata. Aadaafi duudhaan ofii kan ittiin tursiifamus afoolani. Gaddaafi gammachuu, hawwiifi abdi, jibbaafi jaalala, injifachuufi injifatamuu, deeggarsaafi mormii, hunduu afoola keessa jiru. Kanaafuu, afoolli kuusaamuuxannoo jiruufi jireenyaafi beekumsaa hawaasati jechuun nidanda'ama.

Namoonni dhuunfaas ta'ee hawaasni, ogafaaniin gargaaramanii jireenya keessa jiran madaalani qeequ, deeggaru, mormu, isa darbe itti yaadatu, isa dhufuuf raagu. Akkamitti akka uumaman, maaliif akka uumaman qoratu. Amala namootaa ittiin hubatu. Jireenya isaaniif bu'uura kan tahe ittiin faarfatu. Jabinaafi laafina ittiin qoratu, daa'immaniifi dargaggoota ittiin barsiisu, gorsu.

2.1.2 Dayeessa Fookloorii

Akka Dorsan'tti dayeessi fookloorii haala armaan gadiin taa'a. Isaanis; dayeessa yaadaa (ideological theory), dayeessa haalaa (contextual theory), dayeessa walakkeessaa (hemispheric theory), dayeessa aadaa bal'aa (mass-cultural theory), dayeessa faayidaa (functional theory), dayeessa foormullaa afaanii fi k.k.f yoo ta'an; xiyyeeffannoo mata duree qorannoo kanaa waliin kan hidhata qabu dayeessa faayidaati.

2.1.2.1 Dayeessa Faayidaa /Tajaajilaa/ (Functional Theory)

Akka dayeessa kanaatti afoolli faayidaa maalii uummataa kenna? Kan jedhutu olaantummaan ilaallama. Dayeessa kan bu'uuresse barataa Melville Herkovits, kan ta'e William Bascom (1954) jedhamuuni. Akka yaada Bascom'tti artiin mallattoo 'verbal art' jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan giddu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara. Haaluma kanaan beekaan kun tajaajila afoolli garagaraa qabus akkasiin ilaala. Kunis, afoolli hawaasa keessatti faayidaa afur qaba jedha.

1. Barsiisuuf.
2. Waa jalaa miliquuf.
3. Fudhatamummaa yookiin amala gaarii uumuu.
4. Aadaan hawaasaa fudhatama akka qabaatu gochuu.

Yaadota kanas akkataa kanaan ibsa dabalataa kenna. Fakkeenya, Mammaaksi murti seera qabeessa dabarsuu baruuf gargaara, hiibboon sammuu qara, durduriin amala sirreessa, akkasumas, safuu hawaasa eeguun waan baramoo ta'an jechoota baramoo yookiin kanneen hawaasichi itti gargaaramuun ergaa dabarsaa nama bashannasiisa, sirbi onnee gootaa cimsa. Dayeessi kun gama wanta aadaa (material culture) akkasumas, gooroowwan fookloorii biroon hojiirra ooluu nidanda'a.

Gama biraatiin, Sims fi Stephens (2005:176-177) dayeessa faayidaa bifa armaan gadiitiin ibsu.

Functionalism implies that groups stay the same across time and societies are unchanging. Working with this methodology the functions approach is always conservative and static; the functions themselves are conservative. Functional analysis then is ahistorical, suggesting that the text was used or the performance occurred for the same reason regardless of context. Another problem with functionalism is that it reinforces the elitist notion that the educated, trained folklorist understands the meaning of a group better than the folk group.

Akkaata waraabbii armaan oliitti tuqameetti, yaaxxinni faayidaa jedhamee beekamu garee hawaasaa firiiwwan fooklooriitti yeroo irraa yerootti, iddoo irraa iddootti akka waan hinjijjiiramneetti ibsa. Hanqinni dayeessa kanaa immoo tajaajilli kennamu garee beekamoo ta'anii kan kennamuufi kanas kan hubachuu danda'u warra baratantu adda baasee beeka jedha.

Gama biraatiin, Salomoon (2007:75-76) Maark (1997:386) wabeeffaachuun dayeessi faayidaa dayeessa qorannoolee hawaasummaa biroo waliin ilaalamu, faayidaalee fooklooriin garee hawaasaa keessatti tajaajila kennan ibsa. Faayidaa afoolli garee hawaasaa tokko keessatti kennu kanas, fedhii bu'uuraa ilmi namaa barbaadu bu'uura godhata. Kunis, nyaata, dhala godhachuu, fedhii qaamaa, nageenya, walitti dhufeenya, sochiifi guddina. Kanaafuu, akka ilaalcha kanaatti, afoolli kamiyyuu fedhii kanneen kan guutu ta'uu qaba. Akkasumas, caasaalee garee hawaasaa keessa jiran irratti faayidaa niqaba. Wantoota xiinsammuu hawaasummaa hawaasaa waliin hidhata qaban irratti kallattiin wantoota hidhata qaban irratti nixiyyeeffata. Akkasumas, garee aadaa hawaasaa irraattis xiyyeeffate akka qoratu eera.

Kanaafuu, akka ilaalcha hayyoota dayeessa kana hordofaniitti, faayidaan afoolaa hariiroo waliinii uumuu, rakkoo hawaasummaa hawaasaa furuu, misoomaaf, eenyummaa hawaasummaa calaqqisiisuu, ilaalcha addunyaaleessaa qabaachuu, waraana kakaasuu, boqonnaa afuuraafi k.k.f. akka tajaajilu nu hubachiisa. Gama biraatiin, Fileen, (2016:49) faayidaa afoolli garee hawaasaa keessatti qabu bifa kanaa gadiin cuunfee kaa'era.

Afoolli haala kamiin nama akka onnachiisu, miira ofii ibsachuu, maal akka fayyadu, attamitti akka jajjabeessu, kanneen badii dalagan gorsuufi ceepha'uun gara amala gaariitti akkamitti akka deebisan qorachuuf barbaachisaadha. Itti dabaludhaanis, gaheen dubbiin qolaa, mamaaksi, geerarsi, weelluun, weedduun, eebbi, abaarsi, sirboonni adda addaa, walaloon goota dirree waraanaa, gootota dirree misoomaa, cigoon, walaloon bo'ichaa, baannachuun, tabaalliin, meeshaaleen aadaa namtolcheefi uumamoo adda addaa falaasamaafi keessoo hawaasichaa ibsuu keessatti adda baasanii qorachuuf filatamaadha.

Walumaagalatti, dayeessi kun faayidaalee gosoonni fookloorii garee hawaasaa keessatti qaban jiruufi jireenya hawaasa sanaa wajjin walqabsiisanii qorachuuf bu'aa olaanaa qabaachuu isaati nutti agarsiisa.

2.1.2.2 Dayeessa Haalaa (Contextual Theory)

Dayeessi galumsaa yookiin haalaa gareen afoolaa tokko gahee inni jiruufi jireenya hawaasaa keessatti haala galumsaafi itti fayyadama isaa keessatti hiikaafi ergaa inni qabu qorachuuf kallattii namatti kan agarsiisudha (Filee, 2016.52). Akka ibsa kanaatti, dayeessi haalaa hawaasni tokko yommuu afoolatti dhimma bahu haala qabatamaa inni keessatti dhimma itti bahu bu'uura godhachuun kan qoratamu ta'uu isaati. Gama biraatiin, hayyoonni dayeessa kanaaf ibsa yommuu kennan afoolli hafee (text) keessa osoo hintaane yoomessa hurubummaa keess jira jedhu. Yaada kana Dorson, (1972.45) akkasitti ibse: "The folklore concepts apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated."

Kanaafuu, akkaataa yaada armaan olii kanaatti afoola tokko qorachuun kan danda'amu waan raawwatee taa'eerraa osoo hinta'in waan raawwachaa jiru bu'uura godhachuudhaani. Kunis, haala qabatamaa afoolli sun keessatti hurrubamu, akkaataa itti hurrubamu, wantoota hurrubaan yeroo hurrubbii dhimma itti bahu, walumaagalatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu'uun kan gaggeeffamu ta'uu nuhubachiisa.

2.1.3 Sakatta'a Qorannoowwan Hojii Kanaan Walitti Dhiyaatan

Kutaa kana jalatti qorannoolee kanaan mata duree qorannoo kanaa wajjin walfakkaatantu sakatta'ame. Haaluma kanaan hangan sakatta'insasfi dubbisa gaggeessetti qorannoon kallattiin mata duree qorannoo kana wajjin walfakkaataniifi tokko ta'an hinargine. Haata'u malee, kitaaba tokko tokko keessatti afoolli muraasni kan aadaa hojii ibsan tutuqaman nijiru. Isaanis, kallattii xiyyeeffannoofi garaagarummaa qorannoo kanaa wajjin qaban haala armaan gadiin dhiyaatanii jiru.

Afoola Oromoo Tuulamaa Jiildii-II (1999). Walaloo geerarsaa, faaruuleefi sirboota adda addaa kan jedhu keessatti afoolonna tokko tokko ka'anii jiru. Isaanis, faaruu loonii, faaruu midhaanii, faaruu oogdiifi dabootu jira. Kitaaba kana keessatti faaruun loonii ka'e faaruu loonii tarreessuu malee hiikaafi qabiyyee isaanii waan ibse hinqabu. Akkasumas, faaruu midhaanii faaruu yeroo midhaan dhahanii jedhee qooduurraa kan hafe hiikaafi ibsa homaayyuu hinqabu. Fakkeenyaaf, faaruun loonii achi keessa jiru; huruursa loonii, faaruu qotiyyoo, faaruu oogdii jedhee walaloo isaa hanga tokko kaa'ee jira. Qabiyyeefi faayidaa walaloo kanaa waan ibse hinqabu. Gama biraatiin sirboota daboo jedhee sirboota sadi tarreessee jira. Isaanis, niyoolee, shuummoo burreefi yaa haamilee kan jedhaniidha.

Kallattiin qorannoo kanaa garuu, afoola daboo G.Sh.K.L.A.S. Daaccii keessaatti afoola daboo dhahinsa midhaanii qabiyyeefi faayidaa isaaniin kan ilaallameedha malee walaloo midhaan dhahinsaa kan tarreessuu miti. Garaagarumman qorannoo kanaafi kitaabicha gidduu jiru kaayyoon adda ta'a. kunis, kaayyoon qorannoo kanaa qabiyyeefi faayidaa afoola daboo raga argame yoomessa keessatti dhiyaate sanaan ergaafi hiika inni qabutu ilaalame.

Bayyanaa Laggasaa (2016) "Qaaccessa yoomessaafi qabiyyeewwan faaruu loonii, uummata Oromoo Godina Baalee Aanaa Laga Hidhaa keessatti," Yuunivarsitii Finfinneetti ulaagaa digrii 2ffaa (MA) guuttachuuf dhiyaate. Kaayyoon qorannoo kanaa, qabiyyeen faaruu loonii Godina Baalee Aanaa Laga Hidhaa keessatti argaman xiinxaluudha. Kunis, gosoota faaruu loonii aanaa Laga Hidhaa ibsuu, faayidaa faaruu loonii ibsuufi moggaasa maqaa loonii ibsuudha.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa immoo, afoola daboo G.Sh.K.L.A.S. Daaccii keessatti qabiyyeefi faayidaa isaanii qaaccessudha. Kunis, faaruun loonii qorannoo kana keessatti dhiyaate aanaa Sooddo Daaccii keessatti daboo qonnaa, haamaafi midhaan dhahiinsaa irratti

kaayyeffatee qaaceffame. Addaa addummaa qorannoo lamaan gidduu jiru kaayyoon qorannoo Bayyanaa faaruu loonii qaaccessuufi moggaasa maqaa loonii haala qabatamaa aanaa laga hidhaan ilaaludha. Qorannoon kun garuu, faaruu loonii haala qabatamaa daboo irratti yoo dhiyaatu hiikaa, ergaa, faayidaafi qabiyyee isaa kan qaaccessedha.

Diras Dhugoo (1999) Wiirtuu Jiildii-8 keessatti sirna midhaan dhahinsaa kan jedhuun kaayyoo sirna midhaan dhahinsaafi faaruu qotiyyoo jedhuun walaloo isaanii kaa'ee jira. Faaruun kun G.Sh.K.L.Aanaa Walisoo irratti xiyyeeffatee kan dhiyaatedha.

Qorannoo kana keessatti immoo afoola daboo yeroo midhaan dhahan dhiyaatu akka G.Sh.K.L.A. Sooddoo Daacciitti faayidaafi qabiyyee akkamii akka qabuutu qaaceffamee dhiyaate. Kanaafuu, qorannoon kun sadarkaa digrii lammaataaf bal'inaan kan ilaallame waan ta'eef qabiyyeen as keessatti dhiyaates haala qabatamaa faaruu loonii yeroo daboo midhaan dhahinsaa kan ilaallatuudha.

Dirribaa Tarrafaa (2005). Wiirtuu Jiildii-10 keessatti “Gahee afoolli Oromoo aadaa hojii irratti qabutu” dhiyaate. Kaayyoon isaas, aadaa hojii ilaalchisee uummatichi falaasama afoolaa akkamii akka qabu beeksisuu irratti xiyyeeffata. Wanti barruu kana keessatti akka yabootti dhiyaate aadaa hojii dhuunfaanis ta'ee gamtaa walgargaaruuf, waliin jiraachuu kanneen keessatti immoo hawaasni aadaa hojii gaarii kan ittiin jajjabeessu, aadaa hojii badaa immoo kan ittiin qeequ yookiin balaaleffatu afoola hedduu akka qabuudha. Kanaafuu, afoola kana qarachuun, xiinxaluun dhaloota ammaa barsiisuun dhaloota dhufuuf bifa barreeffamaan tursuu akka qabu jedhuun kaa'ame jira.

Haata'u malee qorannoo kana keessatti afoola daboo aanicha keessa jiran walitti qabuun faayidaafi qabiyyee isaanii qaaccessuudha. Kunis, gama dayeessa tajaajilaafi haalaan yoo ilaallaman hojii daboo sana irratti yoo dhiyaatan ergaafi hiika isaan dirree hojii sana irratti qaban ragaa hawaasa aanaa Sooddoo Daaccii irraa argameen duraa duubaan hiikamanii dhiyaatanii jiru.

Dilbii Afoola Oromoo jiildii-1 keessatti eebba qonnaatu dhiyaatee jira. Eebbi kun qaaccessi isaa gama kaminuu hintaasifamne. Kaayyoon eebbi kun dhiyaateef ifaa miti.

Qorannoon kun garuu afoola daboo keessatti eebbi dhiyaatu ergaa/qabiyyee maaliifi faayidaa maaliif akka dhiyaatu kan qaaccessseedha. Akkasumas, afoola daboo eebba qofaa kan ilaale osoo hintaane afoola daboo isaan biroos kaasee jira.

Dilbii Afoola Oromoo Jiildii-2 (2010). Keessatti faaruu loonii jedhee, faaruu loonii elemaa, faaruu loonii yeroo dheedichaa galan, faaruu qotiyyoo, faaruu loonii yeroo bishaan dhuganiifi faaruu loonii yeroo dheedantu jira. Xiyyeeffannoon faaruu kanaa yoo ka'es qabiyyee fi hiikni qaaceffamee hinjiru.

Kaayyoon qorannoo kootii immoo, afoola daboo keessatti faaruun loonii ka'e, yeroo qonnaa, haamaafi midhaan dhahanii dhiyaatu qabiyyee fi faayidaa gama hawaasummaa, diinagdee, haamileessuu, barsiisuu, miliquu, to'achuufi k.k.f irratti xiyyeeffatee kan qaaceffameedha. Kunis, adda addummaan hojii lamaan gidduu jiru hojiin kan kootii dayeessa faayidaafi haalaan deeggarmee qaaccessifi hiikni itti kan kennameedha.

Mitikkee Bitawullinyi (2006). Wiirtuu Jiildii-11 keessatti afoola eebba Oromoo kan jedhu dhiyeessitee jirti. Kaayyoon barruu kanaa, maalummaa eebbaa, yoomiifi eenyuun akka eebbifamu, qabiyyee walaloo eebbaa ilaalchisee ibsa gabaabaa kennuudha. Qabiyyeen achi keessatti dhiyaate eebba yeroo cidhaa, eebba manguddoo, eebba maatii, eebba buna qalaa, eebba ayyaanaa, eebba yeroo adamoo, eebba yeroo waan gaarii hawwaniifi hamaa balaleffatanii eebbisaniiidha. Wanti akka yaada furmaatatti dhiyaate walaloo eebbaa dhiyaatan qabiyyee isaanii hawwii gaarii kan ibsan, gammachuu, hawwii guddina biyyaaf qaban, akkasumas, naamusaafi gocha gaarii kan jajjabeessan, naamusaafi gocha gadhee kan morman, balaaleffatan, eebba aadaafi safuu uummataa kan ibsaniifi barsiisan akka ta'etu ibsamee jira.

Qorannoon kun garuu, eebbi daboo irratti dhiyaatu dadiifi amadii warra daboofi kanneen daboo sana irratti hirmaatan hawwii ofiif, maatii, loon ofiif qaban ija dayeessa faayidaafi haalaan yoo ilaallamu faayidaa kanaaf oolu isaa mirkanaa'ee jira.

Boqonnaa Sadii: Mala Qorannoo

Qorannoo tokko gaggeessuuf kaayyoofi mala qorannoo sun irratti hundaa'ee adeemsifamu amala mataasaa niqaba. Kanaafuu, boqonnaa kana jalatti, saxaxa qorannoo, irraawwatama, madda odeeffannoo, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa odeeffannoo, mala qaaccessa ragaa, naamusa qorannichaafi qindoomina qorannootu dhiyaate.

3.1. Saxaxa Qorannoo

Saxaxni qorannoo haala waliigalaa qorannichaa kan to'atuufi qorannichi maal irratti akka xiyyeeffatu agarsiisa. Kanas, Dastaan,(2013:50) yoo ibsu, "Ijaarsa qorannoo kan jedhamu qorannoo gosa kamiituu ta'ee rakkoo jira jedhameef furmaata barbaaduu keessatti gaaffilee kaasuu, akkaataa odeeffannoon itti funaanamuufi akkaataa ittiin ibsan ta'uu danda'a." Yaadni kun kan nu hubachiisu saxaxni adeemsa qorannoon tokko keessa darbu kan akeekuu ta'uu isaati.

Itti dabalees, Addunyaa, (2011:63),Cohen, Manionfi Morrison (2005:73) wabeeffachuun yoo ibsu, "The purpose of research determine the methodology and design of the research."Jechuun kaayyoon qorannoon qoratamuuf malaafi saxaxa isaa irrattimurteessaa akka ta'e ibsa.Kanuma bu'uura godhachuun kaayyoon qorannoo kanaa qaaccessa afoola daboo G.Sh.K.L.A. Sooddoo Daaciiwaan ta'eef, mala qorannoo ibsaa (qualitative descriptive) fayyadama.

3.2. Irraawwatama

Irraawwatama jechuun qaama yookiin wanta qorannoon tokko irratti gaggeeffamudha.Kanas Addunyaa, (2011:64) akka ibsetti, "Qorannoon tokko irraawwatama qaba.Kunis, namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti raawwatamu" jechuun ibsa.Haaluma kanaan, qorannoon kunis afoola dabooG.Sh.K.L.A. Sooddoo Daaciiqaaccessuu waan ta'eef irraawwatamni isaa afoola daboo keessatti tajaajiluu ta'a.

3.3. Madda Odeeffannoo

Maddi odeeffannoo burqaa deebii gaaffilee qorannooti. Kanaafuu, namoota afoola daboo beeku jedhamanii filataman waliin gaaffii afaanii dhiyeessuu, marii gareen, daawwannaafi sakatta'a dookumentii gaggeessuun odeeffannoo fudhachuudha. Kanaafuu, maddi odeeffannoo qorannoo kanaa manguddootaafi qonnaan bultoota aanichaati.

3.4. Mala Iddatteessuu

Bakka qorannoon tokko irratti gaggeeffamu irratti jamaa argaman hundarraa odeeffannoo funaannachuun rakkisaa waan ta'uuf mala iddatteessuutti dhimma bahuun dirqama. Kunis, maddi iddatteessuu adeemsa fudhannaa jamaa waliigalaa keessaa fudhachuun qorannoo adeemsisuudha. Kanas, Singh,(2006:81) haala kanaa gadiitiin ibsa:

Sampling is indispensable technique of research; the research work cannot be undertaken without use of sampling. The study of the total population is not possible and is also impracticable. The practical limitation: cost, time, and other factors which are usually operative in the situation stand in the way of studying the total population. The concept of sampling has been introduced with a view to making the research findings economic and accurate.

Akka ibsa kanaatti, odeeffannoo qaama qorannoon irratti gaggeeffamu hundarraa fudhachuun qabeenyaafi humna namaa guddaa waan gaafatuuf rakkoo akkasii hambisuuf bakka bu'oota muraasa qofa fudhachuun dirqama. Kunis, hirmaattota waliigalaa keessaa kanneen bakka bu'uu danda'an filachuudha.

Kanaafuu, iddatteessuun tooftaa garaagaraa yoo qabaatees qorannoo kanaaf akkaataa kaayyoo qorannoo kanaatti iddatteessuu miti carraa ta'ee, iddatteessuu miti carraa kaayyoo irratti hundaa'e (purposive sampling) dhimma bahe. Sababni isaas afoola daboo namoota beekan filachuun odeeffannoo irraa fudhatama. Kanas, William, Trochim,(2001:150) akkaataa armaan gadii kanaan ibsa:

The purposive sampling is selected by some arbitrary method because it is known to be representative of the total population or it is known that it will produce well match groups. The idea is to pick out the sample in relation to some criterion, which are considered important for the particular study. This method is appropriate when the study places special emphasis upon the control of certain specific variables.

Akka yaada ibsa kanaatti, qorataan namoota ragaa barbaadu naaf kennuu nidanda'u jedhee yaadu ulaagaa garaagaraan kan xiinxalee filatu ta'a. Kanaafuu, akkaataa kaayyoo qorannoo kanaatti mala iddatteessuu kaayyootu filatame.

3.5. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Qorannoo tokko ulaagaa guutuu taasisan keessaa ragaan isa tokkoodha. Ragaa barbaadamu qixa sirriin argachuuf immoo malleen ragaa funaanuuf gargaaran mata dureefi kaayyoo qorannoo

irratti hundaa'uun xiyyeeffannoon filachuun barbaachisaadha. Kanaafuu, qorataan qorannoo kanaa afoola daboo jiru qaaccessuuwaan ta'eef mala ibsa akkamtaa (qualitative descriptive) dhimma bahuuf ragaa barbaadu odeeffannoo jalqabaa argachuuf afgaaffii, daawwannaa, marii garee xiyyeeffataafi sakatta'a dookumentii gaggeessa.

3.5.1. Afgaaffii

Afgaaffiin fuulaafi fuulatti qaama odeeffannoo akka kennuuf filatame gaafachuufi wanta ifa hintaane irra deebi'anii hubachuuf nama gargaara. Yaada kanas Dastaan, (2011:111) yoo ibsu, "Afgaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kan qorataafi odeef-kennan (informant) fuuletti walarganii odeeffannoo walii kennani. Odeeffannoo afgaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirritti ifa godhee akka ibsuuf odeef-kennaan gaafachuu danda'uu isaati."

Kanaafuu, qorataan qorannoo kanaa akkaataa kaayyoo qorannoo kanaatti kallattiin qaama odeeffannoo barbaadamu kennuu danda'an biratti argamee fuulaa fuulatti gaafachuun ragaa fudhateera.

Adeemsa kana keessatti gosti afgaaffii qorannoo kanaaf karoorfame afgaaffii hindaageeffamne. Sababni isaas, gaaffii qaama yookiin nama odeeffannoo akka kennuuf qophaa'u od-himaanodeeffannoo barbaadamu bilisa ta'anii akka kennan gochuufi jajjabeessuu danda'a. Akkasumas, haala irratti hundaa'ee gaaffii dabalataa gaafachuufi wanta ifa hintaane od-himaaf ifa taasisuu danda'a.

3.5.2. Marii Garee Xiyyeeffataa

Malli kun adeemsa sirna qabeessa ta'een dhimma barbaadamu yookiin mata duree qorannichaaf odeeffannoo dabalataa argachuuf marii garee namoota shanii ol ta'an bakka tokkotti walitti qabuun odeeffannoo fudhachuudha. Adeemsa kana keessatti namoota filataman gaaffilee dhiyaatuuf hubannoo qabu jedhamee kanneen itti amanamantu filatama.

3.5.3. Daawwanna

Daawwannaan mala funaansa odeeffannoo keessaa tokko yoo ta'u, Dastaan, (2011:118) haala kanaan ibsa, "Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamuu keessa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannichi irratti gaggeessu sana hordofa. Warri qorannoon irratti gaggeefamu sunniin kaayyoo qoratichaa

beekanis, beekuu dalagan, haasawa isaanii,... sirritti ilaaluufi dhaggeeffachuudhaan galmeeffata.” Adeemsa kana keessatti afoola daboo dhimma itti bahan walitti qabuun faayidaafi qabiyyee isaa qaaccessudha. Kunis, yommuu hojiin daboo raawwatu keessatti argamuun akkaataa isaan afoolatti gargaaraman daawwachaafi sagalee waraabuun suuraan deeggaruun dhiyaate. Haala qabatamaa dirree daboon sun maasaa qonnaas ta’ee haamaa keessatti mul’ataniin fudhataman.

3.5.4. Sakatta’a Dookumentii

Adeemsa kana keessatti ragaa afoola daboo waliin walqabatan yoo bifa barreeffamaan argaman walaloo isaa fudhachuun qabiyyeefi faayidaa isaan hojii daboo keessatti qaban qaaccessuudha. Haaluma kanaa afoolli daboo yeroo midhaan dhahiinsaa Wiirtuu Jiildii 8 fi 11 keessa jiran keessaa fudhachuun qabiyyeefi faayidaa isaa qaban qaaceffamee jira.

3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Mala Qaaccessa Odeeffannoo Qorannoon kun odeeffannoo afgaaffii, marii gareefi daawwannan argame tartiiba isaanii eeggachuun tarreeffamanii qaaceffamu. Dastaan (2002:10) kana jechuun ibsa, “Odeeffannoo ykn ragaalee qorannoon akkamtaa qorattooni haaluma isaanii mijateen kan deeman akka ta’e mul’isa.”Kunis, kan hubachiisuu akkaataa ka’umsaafi kaayyoo qabatee ka’een qorataan kan itti fayyadamu ta’uu isaati.Kanamalees, Addunyaan (2011:62-63) qaaccessa ragaa yoo ibsu “Malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta’eefi maaltu akka ta’aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti kan ibsudha.”

Malaodeeffannoon itti hiikamu keessaa mala akkamtaa (Qualitative data analysis) fayyadame. Deebii walfakkaatan kanneen kennan yaada bu’uura fudhachuun irra deddeebii hambisuun qacceefama

3.7. Naamusa Qorannichaa

Qorataan tokko kaayyoo tokko galmaan gahuudhaaf yookiin waan hojjechuuf kaayyeeffate tokko galmaan gahuuf safuu yookiin sona hawaasichaa eeguuf amala gaarii qabaachuun barbaachisaadha.Qorataan tokko odeeffannoo barbaade tokko milkaa’uuf qaama odeeffannoo irraa fudhatu san fakkaatee qorachuu qaba. Fakkeenya, haala nyaataa, uffannaa, dhugaatii, amala isaan qaban gonfatee odeeffannoo fudhachuudhaaf, walbaruun kaayyoo qorannoo isaa ibseefi

booda eeyyama gaafachuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e erga fudhatee booda, dhumarratti namoota odeeffannoo kennaniif kabajaa guddaan galateeffatee kan raawwatuudha.

Gama biraatiin, bu'aan qorannoo tokkoo gaariidha wantoota jechisiisan keessaa tokko qorataan qorannoo sanaa amanamaa ta'uu isaati. Akkasumas, hojiin qorannoo obsa waan barbaaduuf qorataan ofkennee hinhojjenne bu'aan inni argatu hundee hinqabaatu. Kana malees, qabeenyaafi humna qabu beekuun hojjechuu qaba. Akkasumas, fedhii mata duree irratti hojjetuu qabaachuu qaba. Kunis, hojii qorannoo isaa milkeessuuf mata duree irratti hojjetu sana fedhii guutuun yoo irratti hojjete rakkoolee isa mudatan injifatee milkaa'uu nidanda'a.

3.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun kutaalee gurguddoo shanitti qoodamee dhiyaate. Kutaa tokkoffaa keessatti: seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, faayidaa, daangaa, hanqinaafi haala qindaa'ina qorannichaatu dhiyaate. Kutaa lammaffaan sakatta'a barruu yommuu ta'uu; kitaabotaafi qorannooleen hiika yaadrimee fooklooriifi gosoota fookloorii, afoolaafi gosoota isaa, daboofi akaakuu dabootu dhiyaata. Akkasumas, gaheen afoolli daboo keessatti qabu dhiyaatera. Kutaa sadaffaa keessatti mala qorannichaatu dhiyaate. As jalatti qorannichi mala qorannoo isa kamitti akka fayyadamee gaggeefame, meeshaalee funaansa ragaalee afgaaffii, mare garee xiyyeeffataafi daawwannaa fayyadame, mala iddatteessuufi akkamitti qindaa'ee akka dhiyaatu hammateera. Kutaa arfaaffaa jalatti qaaccessaafi hiika odeeffannoo akkaataa kaayyoo gooree irratti hundaa'uun qindaa'anii adeemsa hojii gamtaan hojjechuu irratti argametu dhiyaate. Kutaa shanaffaafi inni dhumaa xiinxala odeeffannoo taasifame irraa bu'aa argame irra dhaabbachuun cuunfaafi yaboo kennuun qorannichi xumura argate.

Boqonnaa Afur: Qaaccessafi Hiika Ragaa

Ragaan mala adda addaan walitti qabaman akkaataa kaayyoon qorannoo kanaa galma ga'utti qindaa'anii boqonnaa kana jalatti qaaceffamanii jiru. Odeeffannoon funaanames akkaataa mata duree qorannichaafi ka'umsa gaaffilee qorannichaan walbira qabuun akkaataa gaaffilee sana deebisuu danda'aniin dhiyaatanii jiru. Akkasumas, odeeffannoon argame akkaataa jalqaba karoorfameen xinxalamuun hiika waliin qaaceffamanii dhiyaatanii jiru.

4.1. Haala Waliigalaa Qorannichaa

Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaadame meeshaalee funaansa ragaa afgaaffii, daawwannaa, marii garee xiyyeeffataafi sakatta'a dookumentiin walitti qabaman. Kunis, G.Sh.K.L.aanaa Sooddoo Daaccii keessatti aadaa walgargaarsaa daboo keessatti afoola daboon dhimma itti bahan ragaan fudhatame. Adeemsa kana keessatti yommuu daboonhawaasni aanichaa walgargaaran afoola dhimma itti bahan faayidaafi gahee maalii akka qabu, qabiyyeen afoola daboo sanaa maal akka ta'e walaloo afoolaan deeggaruun ragaan walitti qabamee jira. Kunis, hawaasni aanichaa aadaa walgargaarsaa daboo keessatti jiruufi jiraanya isaa fooyyeeffachuuf karaalee adda addaan walbira akka dhaabbatu, adeemsa walbira dhaabbachuun walutubuu keessatti akkaataa itti walqeequun karaa walitti agarsiisu, kan dogoggore gorsee karaatti deebisu, haamilee walii kennu, walkakaasu, onnachiisu, fi k.k.f. afoola inni dhimma itti bahu keessatti nimul'ata.

Walumaagalatti, ragaan argames bifa armaan gadiin akkaataa hiikaafi ergaa isaaniitiin barreeffamaan dhiyaatanii jiru. Kunis, akkaataa kaayyoon qorannoo kanaa galma ga'uu danda'utti bifa armaan gadiin dhiyaatee jira.

4.2. Daboo /Jigii

Daboon sirna diinagdeefi hawaasummaa uummata Oromoo keessatti aadaa beekamaafi jaalatamaadha. Uummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti waqtiilee jiran mara keessatti daboo hindhabu yookiin daboo nifayyadama. Kanaafuu, daboo jechuun aadaa walgargaarsaa kan uummanni Oromoo ittiin walgargaaruun dhimma diinagdeefi hawaasummaa isaa cimsatuudha. Daboon aadaa walgargaarsaa kan ta'u callifamee miti. Seeraafi adeemsa ofdanda'e qaba. Adeemsa kana keessatti, namni daboon isa gargaaru nama ko'eessa (humna namaa xiqqaa qabu), dadhabaa kan nama isaaf hojjetu hinqabne, kan hojiin itti baay'ateetu daboon akka isa gargaaree hojjetuuf daboo barbaada jechuudha. Daboon kan har'a namni tokko nama biraaf hojjetee boruu dugda deebisuu miti. Namoonni naannoo walitti yaa'anii daboo nama rakkate kanaa yoo hojjetan

akkasuma yeroo biraa nama biraaf nihojjetu. Kun immoo bifa tokkummaatiin walitti jigani waan hojjetaniif jigii jedhamee beekama. (Tasammaa Jiruufi Abarraa Nagawoo irraa)

4.2.1. Akaakuu Daboo

Daboon dalagaawwan baay'eedhaaf kadhatama. Keessumaa waqtiilee afran keessatti hojiileen namni dhuunfaa tokko kophaasaa hojjechuu danda'u yoo isarraa bahe kan hojjetaniif yoo ta'u, keessumaa hojii namni tokko kophaa hojjechuu hindandeenye kanneen akka mana ijaarsaa, qonna, haamaa, dhahinsa midhaaniifi k.k.f. dha. Qoodiinsi kunis, yeroo daboon itti raawwatuufi maaliif akka raawwatu irratti hundaa'a. Kunis, ibsa yommuu ragaan fudhatamu irraa argame.

4.2.1.1. Daboo Qonnaa

Qonni bu'uura diinagdee/lafee dugdaa biyya keenyaati. Arfaasaan gaafa dhufu namni hamma humni isaa dandahe. Sangaa, meeshaa qonnaa qopheeffatee eega. Qonni eegallaan namni qonna dhiisee oliif gadi deemu hinjiru, kan homaa hinqabne malee. Namni lafa qabaatee sangaa dhaballee namoota sangaa qabanitti maxxanee/siiqatee guyyaa muraasa /qoti qotii/ isaanii qotee ofiifis qotata. Akkanaa arfaasa simatanii hojii qonnaa milkeeffatu. Haa ta'u malee, namni hojiin qonnaa kun itti baay'ate daboo kadhata. Daboonis bahee isa gargaara. Namoonni daboo kadhataman kunis gaafa guyyaa daboo ganamaan sangoota isaanii qabatanii gara lafa namicha daboo kadhate sanaa dhaqu. Yeroo namoonni dhufanii maasatti lixan namichi daboo kadhate dursa teessisee waan nyaatamu isaanii kenna. Kana booda ciree isaanii nyaatanii sangoota isaanii camadanii qonna calqabu. Osuma qotaa jiranii farsoo akka dhugan achiitti geessuuf. Nyaatis achiitti nigeeffama. Irra jireessaan nyaati lafa qonnaatti geeffamuuf yeroo baay'ee daabboofi farsoodha. (Addunyaa, Tasammaa, Kiflee manguddoota aanichaati)

4.2.1.2. Daboo Haamaa

Haamaan hojiilee daboon hojjetamu keessaa isa tokkoodha. Haamaan akkuma qonnaa daboo kadhachuu kan barbaadu yoo hojiin irra bahe yookiin bokkaan yeroo isaa hin eegne yoo roobee midhaan balleessedha. Yeroo rakkooleen yookiin muddamni akkasii nama quunnamu daboo kadhatanii haamsifatu. Daboo haamaa kun gaafa guyyaa daboo yeroo haamaan eegalu abbaa dabootiin waasii/wabii nuuf waami jedhuun. Namichis waasii isaanii waama. Waasiin waamamu kun nama obsa cimaa qabu ta'uu qaba. Sababni isaa, namoonni daboo hojjetan kun waamanii

abaaruu/arrabsu waan ta'eefi. Yeroo waasiin waamamu waasiin lama ta'uu qaba. Tokko kan guyyaa yoo ta'u, tokko immoo kan galgalaati. Kan galgalaa kun waasii saree jedhama. (Gulummaa Beenyaafi Tasammaa jiruu)

4.2.1.3. Daboo Dhahinsa Midhaanii

Daboon gosa kanaa hanga gosa daboo isaan biroo namoota baay'ee yoo hirmaachisuu baates namoota muraasaan yeroo midhaan dhahan midhaan dhahamu sun humna nama midhaan sana dhahuu ol yoo ta'e namoota shanii hanga kudhanii ta'anii irratti hirmaachuun hojjechuu nidanda'u. Kunis, altokkotti midhaan gara oogdiitti guuraa yookiin fe'aa midhaan dhohuun nijira waan ta'eef, gareen muraasni midhaan maasaa keessaa garaa oogdiitti yoo guuraan gareen kuuwwan immoo, sirbaan yookiin sangoota faarsaa bifa hawwataa ta'een hojii hojjetamuudha.

4.2.1.4. Daboo Ofiin Kadhatan

Daboon kun namni daboo kadhatu tokko dura nama tokko osoo hin kadhatiin haadha manaa isaatiin 'biqila naacuubi daboon kadha' jedhee haadha manaa isaatti hima. Erga haati manaa biqila cuubdee baada namoota daboo kadhachuu barbaade bira deemee marga qabatee "Adaraa yaa obboleessa koo, abbaa koo, mucaa koo biqila cuubeen manaa bahe, gaafa guyyaa akkanaatti daboo akka naaf hojjetuun barbaade, gaafa guyyaa kanaa daboo nama biraa hinqabatiin, hojii dhuunfaa kees irratti hinkaroorfatiin, adaraa adaraa" jedhee kadhata. Kana booda namoota hanga barbaadu erga kadhatee booda gara manaatti deebi'ee haadha manaa isaatiin nama hamma kanaa kadheera waan nyaatamuufi dhugamu jabaadhuu hojjedhu jedhee jajjabeeffata. Haati manaas qophii guyyaa sanaaf barbaachisu hunda dubartoota olla ishii kadhattee hojjetti. Guyyaan daboo torbaniitti yeroo galu namichi daboo kadhate kun namoota kadhate kana yaadachiifata. Namoonni kun egaa aadaadha waan ta'eef, rakkoo cimaan irra yoo gahe malee guyyaa sana daboo kan hafu hinjiru. Safuudha. Namni walkadhatee walirraa hafuun walnama komachiisa. (Dammaqaa fi Barreessaa)

4.2.1.5. Daboo Kadhachiisaa/Balaltii/Dabarsaa

Daboon kadhachiisaa yookiin balaltii kan namaaf dhufu akkuma maqaan isaa ibsu nama namaan kadhachuun. Kunis, hiriya, firaafi nama hawaasa biratti fudhatama/dhageettii/ qabu bira dhaqanii maaloo namana rakkadheen jira kadhachiisa naaf kadhu, jechuun itti himata.

Kadhachiisa kana namni lamaa hanga sadii yoo kadhatan lakkoofsaan tokkoo tokkoo kadhachiisaa nama 30-40 fidanii dhufuu nidanda'u. adeemsa daboo kadhachiisaa keessatti namni daboo akka ka'umsaatti kadhatu nama akka daboon kadhachiisaa isaa kadhamu barbaaduudha. Kana booda, soddaa, firooma dhiigaafi hariiroo hawaasummaa biroo kan akka miinzee, kiristinnaa, jaala walii ta'antu waliif kadhata. (manguddoota aanichaa irraa.)

4.2.1.6. Daboo Bahii

Bahiin gosa daboo keessaa tokko ta'ee, akka daboo kanneen biroo kadhatamanii kan hojii hojjetan miti. Bahiin afooshaan kan walqabatuudha. Miseensota afooshaan seera tumamuudha. Miseensi afooshaa tokko yoo dhukkubsate, namni jalaa du'e, afraasaa immoo, sangaa miseensa afooshaa tokko jalaa yoo du'e, akka seera afooshaatti kan waliif bahanii hojjetaniidha. Miseensa afooshaa tokkoof (kan rakkoon isa qunname) hojiin akka hojjetamu ajajamee hojiirraa yoo hafe akka seera afooshaatti niadabama. Haata'u malee, gosa daboo kanneen biroo keessatti namni tokko daboo irraa yoo hafe adabbiin hinjiru.

Gama biraatiin, bahii keessatti, arfaasaa nama sangaa cimdii tokko qofa qabu jalaa sangaan yoo du'e, miseensonni afooshaa buusii afooshaan qabuurraa baasanii, ofiifis itti dabalaniin sangaa du'e kana bakka buusuun nama kana nigargaaru. Bahiin akkuma daboo kanneen biroo, waqtiilee hunda irratti hojii jiru mara irratti nama rakkoon mudateef bahanii hojjetu. Kana jechuun bahiin waqtiidhaan kan hindaangeeffamne ta'uu nuhubachiisa.

4.3. Yoomessa Daboo

Daboon aadaafi barsiifata walgargaarsa uummata Oromoo biratti jaalatamaafi bakka guddaa qabuudha. Kunis, daboon aadaa walgargaarsaa keessaa tokko ta'ee, adeemsa gareen hawaasaa tokkummaafi gamtaan hojii dhuunfaa nama tokkoof ulfaataa ta'ee gareen yookiin bifa raayyaan gurmaa'insa qabuun dalagamuudha. Daboon aadaa walgargaarsaa jaalatamaa hojii misoomaa adda addaa irratti dhimma itti bahan ta'ee yoomessa mataasaa keessatti raawwatamudha. Daboon sirna diinagdeefi hawaasummaa ijaaruu keessatti aadaa walgargaarsaa beekamaadha. Kunis, daboon namoonni walbira dhaabbatanii walgargaaraan harka tokkoon deeggarsa diinagdee waliif taasisuu cinaatti waltumsuun kun hawaasummaa kan cimsuudha.

Qaamni hawaasa bal'aa yommuu walbira dhaabbatu irree tokkoon waan yeroo dheeraa gaafatu yeroo gabaabaa keessatti dadhabbiin cimaa malee raawwatamuu danda'a. Kanaaf, daboon aadaa

bareedaa walgargaarsaa keessa isa tokkummaan waa dalaguu cimsuudha. Kanaafuu, daboon callisee hinraawwatamu. Yoomessa mataa isaa qaba. Kunis, sababa qabatamaa irratti hundaa'ee waqtii barbaachisaa ta'e keessatti yeroofi bakka murteessa ta'eetti kan gaggeeffamuudha. (Taaddasaa Guraaraafi Addunyaa Balaayinaa, guyyaa 15/04/2010 Ganda Hayaa Waradii)

4.4. Qaaccessa Afoola Daboo Irratti Dhiyaatan

Daboon aadaa walgargaarsaa gamtaan hojjetamu waan ta'eef adeemsa gamtaan yookiin gurmuun hojjechuu keessatti weedduu yookiin sirboota adda addaan haamilee ittiin walutubuuf dhimma nibahu. Kunis, namoota daboo irratti hirmaatan ittiin jajjabeessuuf, qeequuf, ceepha'uuf, abbaa daboo itti jajuuf, qeequuf, waasii yookiin wabii abbaan daboo sun waammate ittiin qeequuf, arrabsuuf, nama dhibaa'ummaa qabu ittiin kakaasuuf aadaa daboon walgargaaruu kana keessatti afoolli iddoo olaanaa qaba. Kanaafuu, afoolli aadaa walgargaarsaa daboo keessatti yoomessa kamiyyuu keessatti tajaajila nikenna. Kunis, yeroo qonnaa, haamaa, dhahinsa midhaanii irratti tajaajila olaanaa nikenna. Tajaajila afoolli daboo adda addaa keessatti qabu bifa armaan gadiin dhiyaatee jira.

4.4.1. Qaaccessa Afoola Daboo Qonnaa

Jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti bu'aa bahii jireenyaa injifachuuf hojiin gamtaan yookiin garee hojjetaman nijiru. Hojiilee kanneen yeroofi haala barbaadamuuf raawwachuuf namoonni karaalee adda addaan waltumsu. Adeemsi walgargaaruu kunis, yeroo adda addaafi haala adda addaa keessatti raawwatamuu danda'a. Isaanis, qonna, haamaa, midhaan dhahuufi k.k.f. ta'uu danda'a. Kanneen keessaa qonni immoo bu'uura diinagdee yookiin lafee dugdaa biyya tokkoo ta'ee, waqtii afraasaa kaasee hanga sanyiin faca'utti xiyyeeffannoo guddaan kan itti kennamuudha. Kanaaf, namni daboo qonnaaf kadhatu haala barbaachisu qopheeffatee namoota sangaa cimdii tokkoofi isaa ol qaban erga adda baafatee booda akka qonna isaaf qotan kadhata. Egaa namoonni daboo qotan kunneen walbooharsaa qotu. Sangaa yookiin qotiyyoo faarsu. Nama sirriitti hinqonne qeequ. Abbaa daboos nifaarsu. Niqeequ. Jalqaba qeeqa kanaa kan ta'uu danda'u namoota hubannoo qabaniifi maanguddoota ta'an irraa jalqaba. Kunis ka'umsi isaa jibba yookiin haaloof osoo hintaane hojiin nama daboo sanaa akka jalaa hinharkifanneef namoota hojii daboo irratti bobba'an haamilee horatanii bifa kaka'umsa qabuun akka dalagan taasisuuf kan gargaaruudha. Kanaafuu, ka'umsi weedduu sirna daboo irratti dhiyaatu bifa

kanaan jalqaba.Fakkeenyaaf Afoola daboo sirba akka jalqabaniif gargaaru kanaa gadii haa ilaallu.

Biliqqiseen deessee (x2)

Farsoo giiftiin naqxee

Nyaata marqaa seetee

Liqimsitee teessee? (x2)

Yaa farsoon jedhe malee

Yaa daadhoo eenyutu

Maqaa kee dhahee?

Yaa farsoo/daadhoo

Yaa talaliituu

Yaa nama hinmiinee biqilaa

Kuun qotee kuun haamee

Kuun golgolee si dhugaa

Kashalabbeen maaluma jedhee sidhugaa? (x2)

(Addunyaa Balaayinah, Dammaqaa Addunyaafi Taaddasaa Guraaraa guyyaa 14/10/2010 Ganda Hayaa Waradii irraa)

Akkaataa afoola daboo kanaatti, namni tokko yommuu daboo kadhatu yookiin daboo baasuu waan namoonni daboo sana irratti argaman nyaataniifi dhugan niqopheessa. Kanaafuu, daboon hojjetaa jiru sun erga nyaatee dhugee callisuu hinqabu. Taphachuu qaba, yoo taphatan hojiin hojjetamu nama jalaa siqa waan ta'eef taphadhaa ergaa jedhu walii dabarsu. Yoos hojiin haamileen dalagama. Abbaan daboos yoos waan hir'ate guuta, jabaadha jechuudha. Afoola kana keessatti, “Farsoo giiftiin naqxe; nyaata marqaa seetee; liqimsitee teessee?” jedhus yaada kana mirkaneessa. Akkasumas, daboo irratti baay'inaan dhugaatiin qophaa'u farsoo waan ta'eef abbaan daboo farsoon dhiyeessu sun calala akka daadhii ta'uu qaba. Kanaaf, “yaa farsoo yaa taliilatuu; yaa nama hinmiinee biqilaa” jechuun farsoon nuu qophaa'e calala ta'uu qofa osoo hintaanee kan macheessu ta'uu hinqabu ergaa jedhu ofkeessaa qaba. Kanaafuu, bu'uura dayeessa

faayidaatiin gaheen sirba kanaa dirree misoomaa keessatti namoota hojii misoomaa hojjetan sana onnachiisuufi kakaasuuf gargaara.

Gama biraatiin, farsoodhuma taliila ta'e kana kan dhugu nama qotee golgolee facaasee haammatetu dhuga malee, namni qotee golgolee hinfacaasee hinhaammanne kashalabbeen dhuguu hindanda'u jechuudha. Haala kanaan erga weedduun jalqabamee gara walqeequufi qaawwaa namni tokko daboo keessatti agarsiisuufi meeshaalee inni ittiin hojjetu, sangoota ittiin qotuufi wantoota hojii daboo keessatti tajaajilan kaasani walqeequ, waljajjabeessuu, waltuffatu, hojjetaafi hojjechiisaa osoo hin jedhin hunda ilaalchisanii afoolaan tutuqu. Ija dayeessa faayidaan yoo ilaallame kanuma dhugoomsa.

Gama biraatiin, fakkeenya Afoola Daboo bifa faaruu qeeqa qabuun dhiyaatu armaan gadiitti mee haa ilaallu:

Qottuu qottuun faarsaa
Nama hinqonneen aarsaa
Yaa gindaa yaa gindaa
Likkii beekna hundaa
Gindaan nama qotuu
Kan daarii buqqisuu
Kan maatii guddisuu (x2)
Qottuu qottuun faarsaa
Kan hinqonneen aarsaa
Qotisaa galda'ee
Ceekuun natarsa'ee
Gindaan nama qotuu
Yoggaa gaara qotuu
Batatteetu addaata
Yoggaa hiike galu
Namsaddeet fakkaata

Gindaan nama hinqonnee

Cabi abbaafuu hintolle. (x2)

(Addunyaa Balaayinah, Dammaqaa Addunyaafi Taaddasaa Guraaraa guyyaa 14/9/2010 Ganda Hayaa Waradii irraa)

Afoola daboo qonnaa kana keessatti, yaadota walbira qabamanii ibsaman lamatu jiru. Isaanis, nama qottuu ta'eefi qottuu hintaane. Meeshaan qonnaa lamaan isaanii itti gargaaramanis tuqamee jira. Faaruu kana keessatti, "Qottuu qottuun faarsaa; nama hinqonneen aarsaa" yoo jedhan hawaasa gamtaan daboo bahee walgargaaru keessatti namni hojii qabatee jirutti cimaa ta'e nijajama, nijaalatama. Yeroo kana inni hojiitti laafaa ta'e immoo, miirri aarii akka itti dhagahamu taasisa. Kunis, meeshaan inni qopheeffatee qonnaatti bobba'e sun eenyu akka ta'e isa ibsa waan ta'eef, 'Likkii beekna hundaa' yoo jedhan daboo sana keessatti eenyutu eenyu? Akka ta'e adda baasanii walbeeku waan ta'eef hojii qonnaa keessatti iddoo eenyu qotetu sirriitti qotame, eenyutu immoo sirritti bilcheessee hinqonne kan jedhu walhubachiisuuf dhimma itti bahu. Kanas, dayeessa haalaan yoo ilaalle haala qabatamaa raawwiin qonnaa gaggeeffamaa jiru keessatti namoota hojii daboo dalagaa jiran sana gahumsa isaan hojii qonnaa keessatti qaban ittiin ibsuuf dhiyaata.

Akkasumas, hojii qonnaa irratti namni lafa cabsee bullessee qotu kabaja guddaa akka qabuufi lafti inni qotullee addatti kan beekamu ta'ee yommuu qonna irraa sangoota hiikee manatti deebi'u jaalalaafi kabajaa akka argatu, inni sirnaan hinqonne immoo faalla isa kanaa ta'a kan jedhu ibsa. Akkasumas, afoola daboo loon faarsuuf oolu kan itti aanu kana haa ilaallu mee:

Yaa loon yaa loonii

Loon wabii namaa

Loon koodee abbaa

Fira gaafa rakkoo

Firaaf loonii

Firaafi loontu qe'ee abbaa tiksaa

Yaa loon yaa loonii

Yaa loon abbaa hiyyeessaa

Loon kiisii guutuu sooreessaa
Yaa loon cinaacha namaa
Keessayyuu yaa qotiyyoo
Yaa fira gaafa rakkoo
Yaa qotiyyoo maaldoo bifa burree
Yaa qotiyyoo situ bita hiyyeessaf surree
Qotiyyoo gatiittii gootaa
Siin badaa baasanii
Beela manaa baasanii
Maatiif midhaan laatanii (x2)

(Tasammaa Jiruu, Kiflee Fayyisaafi Abarra Nagawoo Guyyaa 16/09/2010 ganda Haroo Oomaa irraa)

Akkaataa faaruu loonii kanaatti, looniif kabaja guddaa kan qaban yoo ta’u, abbaan loonii loon isaa akka koodee yookiin obboleessa isaatti ilaalee kan kunuunsu ta’uudha. Kunis, namni loon qabu gaafa rakkoo ofiis ta’ee nama bira dhaabbachuuf qabiyyee murteessaa ta’uu agarsiisa.

Akkasumas, namni loon hore boorsaan hinhaphatu. Namni qotiyyoo yookiin sangaa qabu rakkoo hinqabu. Sangaa badaa baqaqsee beela manaa baasee gadadoo maatii keessaa dhabamsiisa. Fakkeenyaaf, “loon yaa abbaa hiyyeessaa; loon kiisii guutuu sooreessaa” yoo jedhamu, loon gurguramaniis ta’ee qonnaaf yoo dhimma itti bahan hiyyeessa hiyyummaa baasuun kiisii guutuun sooreessa godhu jechuudha. Gama biraatiin, “qotiyyoo gatiittii gootaa; siin badaa baasanii; beela manaa baasanii; maatiif midhaan laatanii” qotiyyoon cimaan badaa yookiin lafa haaraa yommuu ittiin qotan bu’aan inni fidu beela manaa baasee maatii gadadoo keessaa baasa. Fakkeenyaaf Faaruu Daboo Loon Leessisuu Yookiin Faarsuuf Oolu itti dabaluu haa ilaallu:

Gurraalee yaa humbuluu
Aanaan saayyaa maaf gurguruu
Qoraasanii sossosanii
Jagna obaasu duruu

Gurraalee gaafa sassaalaa

Gaafa sassalaa xaxxoo (x2)

Firaafi loonii yaa jara gaafa rakkoo

Keessummattuu loonumatu nama baasa rakkoo.

(Bulloo Bayyanaa, Milkeessaa Fayyisaafi Mangee Gammachuu guyyaa 30/09/2010 ganda Oddoo Leeqaa irraa)

Qabiyyeen faaruu loonii armaan olii akka aadaa Oromootti aannan sa'aa hingurgurani. Safuudha. Kunis, Oromoon aannan sa'aa nigurgura osoo hintaane kuusee erga ititee booda haati warraa sossostee abbaa warra isheetiif kenniti. Kanaafuu, faaruu kana keessatti “Qoraasani sossosani; jagna obaasuu duruu” kan jedhu qabatamaa kana ibsa. Akkasumas, akka yaada kanaatti aannan kan gurguramu osoo hintaane kan goonni yookiin jagni dhugu ta'uusaati. Gama biraatiin, aannan tajaajila adda addaatiif akka oolu ibsa. Kanas dayeessa faayidaan yoo xiinxalamu garee aadaa hawaasaa keessatti wanta hariiroo cimaa qabu kan agarsiisu ta'uu isaati.

Gama biraatiin, akkaataa faaruu kanaatti guyyaa gaafa rakkoo kan dursee namaaf qaqqabu firaafi loon qofa ta'uu nu agarsiisa. Kunis, “Firaa gaafa golfaa; alagaa gaafa kolfaa” akkuma jedhamu namni firaafi loon hinqane kabajaa akka hinqabne nutti mul'isa.

Kan faarsu

kan jalaa qaban

Ilmaaf loonii

Ilmaaf loontu qe'ee tolchaa (x2) ilmaaf loonii

Loonii yaa loonishee ”

Loon fidanoo jaarsaa ”

Jiruu dargaggeessaa ”

Isin gallaan gallee ”

Isin badnaan bannee ”

Dhugan qabbaneessoo ”

Dibatan miidhagsoo ”

Foon irbaata ta'aa ”

Kan ittiin bulanii	”
Gogaan ittillee ta’aa	”
Kan irra rafanii	”
Gaafni waancaa ta’aa	”
Kan bookan dhuganii	”
Faltiin niboba’aa	”
Yoo qoraan dhabanii	”
Osoo inni jiruu	”
Hagabuu hinbulanii	”
Ilmaaf loonii	”
Ilmaaf loontu qe’ee tolchaa. (x2)	

(Barreessaa Fayyisaafi Qooda’oo Magarsaa guyyaa 03/10/2010 ganda Tarree Shinoo)

Akkaataa qabiyyee faaruu armaan olii keessatti qonnaan bulaan kabajaa loon isaatiif qabu kan ittiin ibsatu yoo ta’u, keessattuufaaruu kana yeroo qonnaa irra jiraniifi galgala hojii daboo xumuranii yeroo mana abbaa dabootti galanii halkan waan isaanii qophaa’e nyaatanii taa’anii dhugan kan faarsaniidha. Gama biraatiin, faaruun kun kan ibsu faayidaan loon namaaf kennan daangaa kan hinqabne yoo ta’u, wanti loon irraa argamu tokkichi kan lafatti badu hinjiru jechuudha. Foon, gogaa, gaafa, faltii, aannan hundi kun loon irraa waan argamaniif namni loon hore kabajaa bu’aa irraa argatu kanaaf qaban bifa kanaan lafa qonnaas haata’u haamaatti sirriitti olkaasaanii faarsuu. Dayeessi tajaajilaan yoo ilaallees hariiroo looniifi ilma namaa gidduu jiru gama bu’aa loon irraa argamuun kan walitti hidhuudha.

Gurraalee yaa dallu weennii (x2)

Qe’ee sa’aa jira areerrii
 Qe’ee qottuu jira buddeennii
 Qe’ee mortuu naanna’e deegnii
 Nyaataa moraa jarjarsee beellii
 Gurraaleen raadden malee hindhalanii

Abbaa looniin noor jedhan alaa yoo galani(x2)

Gurraalee yaa dallu tuulaa (x2)

Mooraa aabboo qarqarri kuulaa

Mooraa aayyoo qarqarri kuulaa

Kuulli sunuu naannahe zuuraa

Gurraalee gaafni sassara garaa (x2)

Bobbaafatee, obaafatee gaaratti yaasu tola

Gurraalee yaa huummoo

Burree yaa sardiiddoo

Daaloottan yaa fiichee

Arraawwan yaa qilxuu

Warri loon hinqabnee

Mooyyee hudduu hinqabnee(x2)

(Barreessaa Fayyisaafi Qooda'oo Magarsaa guyaa 03/10/2010 ganda Tarree Shinoo)

Akkaataa qabiyyee faaruu kanatti faaruun loonii dalagaa daboo qonnaa irratti sirbamu yookiin faarfamuu namni loon qabu qabeenya eeggachuu qaba. Kunis, qabiyyeen bu'uuraa faaruu kanaa gama kaaniin akkuma bullukkoon bareedaan tokko qarqarri isaa kuulaan yoo naanna'ee kuulame bareedu sana mooraan abbaa horii hore tokkoos yoo horiin guute naatoo qe'ee sanaaf kennu waan ta'eef loon horuu hindagatinaa ergaa jedhu ittiin walii dabarsu. Akkasumas, loon jirannaan areerri jira, loon jiraannan buddeenni jira, loon hinjiran taanan immoo deegni mana nama marsiti. Namni deege immoo nirakkata. Kan rakkate ni joora. Kanaaf kan isaan akkas jedha, "Qe'ee sa'aa jira areerri; Qe'ee qottuu jira buddeennii; Qe'ee mortuu naanna'e deegnii; Nyaataa moraa jarjarse beellii" jedhanii sirbaniifi.

Kanaafuu, deeganii beela'annii joortuu yoo ta'an qe'ee namaarra naanna'utu dhufa. Namni qe'ee namaa irra naanna'u immoo kabaja dhaba. Kabaja dhabuun boodan mortuu nama godha waan ta'eef loon horuun barbaachisaa akka ta'e ittiin walbarsiisu. Kanaafuu, haala qabatamaa afoolli kun keessatti dhiyaateen yoo ilaalle yoomessa sana keessatti hirmaattota daboo sanaaf hojii hojjechuun murteessaa ta'uu ittiin mul'isuuf dhiyaate. (Dayeessa haalaatiin)

4.4.2. Qaaccessa Afoola Daboo Bahii Qonnaa

Gosti daboo bahii akaakuu daboo keessa tokko ta'ee, daboon kanneen biroo irraa wanti adda taasisu kadhatamanii kan hojii hojjetan miti. Bahiin hawaasummaan sirritti walqabata. Kana yoo jedhamu gosti daboo kanneen kuun hawaasummaan walhinqabatan jechuu miti. Daboon bahii keessattuu afooshaa, iddirii, maabara, gosaan walqabata. Miseensonni kutaa hawaasaa kana keessa jiraatan jalqaba irraa kaasani waliigaltee tumatu. Kunis, nama tokko yoo miseensota kana keessa rakkoon hawaasummaa irra gahe akka bira dhaabbatan dursanii waliigalu jechuudha.

Kanaafuu, akkaataa walii galtee isaaniitti miseensa isaanii keessa nama tokko yoo rakkoon itti galee, yoo namni du'e, qotiyyoo yeroo qonnaattis ta'ee midhaan dhahiinsaatti jalaa du'e, yoo dhukkubsate ciisee, walbira dhaabbachuuf waan ta'uudha. Kanaafuu, namoonni bahii bahanii namaaf hojjetan weedduu niweeddisu. Kunis, yeroo qonnaa yookiin haamaa weedduu daboo bahii niweeddisu. Kanaafuu, weedduu kanaan nama qonna sirriitti qotu nifaarsu, nama sirriitti hinqonne immoo niqeequ. Kana malees, yeroo hojii daboo bahii kana namaa bahanii hojjetan rakkoon hawaasummaa qaqqabe sun gadda yookiin du'a yoo ta'e sirbi hinsirbamu. Afoolli asitti dhimma itti bahan eebba, mammaaksa, durduriifi k.k.f ta'a malee akka yeroo hawaasummaa biroo sirbaan walbohaarsaa dalagaa daboo kana hindalagani. Kanaafuu, bahiin yoo kan iddoo gaddaa yookiin nama du'i itti galeef hojjetaa hinjiran ta'ee hawaasummaa kanneen biroo, fakkeenyaaf, yoo qotiyyoon du'e, yoo dhukkuba ta'ee bifa armaan gadiin faarsaa hojii itti bobba'an sana dalagu. Fakkeenya Sirba daboo bahii qonnaa irratti sirbamuu armaan gadii mee fudhannee haa ilaallu:

Kan baasuu	kan jalaa qaban
Yaa bahii koo	bahii koo
Qottuu qottuun faarsaa	”
Nama hinqonneen aarsaa	”
Yaa gindaa abaluu	”
Qoonqoon waaqa gaha	”
Yoo kooticha seenuu	”
Qabee waliin gaha	”

Gindaan nama hinqonnee	”
Garaan lafa ciisa	”
Qaxxisaa gadi dhiisaa	”
Jetti yoo qonnaarraa	”

(Takluu Fiixaafi Toleeraa Baqqalaa guyyaa 10/10/2010 ganda Garagateessa irraa)

Akka qabiyyeen faaruu kun ibsuutti jigiin bahii nama qonna irratti cimaa ta’eefi dadhabaa ta’e walbira qabanii waldorgomsiiisu. Kunis, namni sirriitti qotuu isaa kan beekamu meeshaa inni ittiin qotu irraa beeksisa. Gindaan isaas lafa keessa yommuu seenu kooticha garagalcha. Kan nama hinqonnee immoo lafa hinseenu irra keessa loya. Aramaan qaxxisaa jedhamu yommuu qabatu nigadi dhiisa jechuudha. Fakkeenya Sirba daboo bahii qonnaa dabalataan armaan gadiitti dhiyaate haa ilaallu:

Kan baasuu	kan jalaa qaban/hirmaattoota
Yaa bahii koo	yaa bahii koo
Qottuu qottuun faarsaa	”
Gindaa nama hinqonnee	”
Cabi abbaafuu hintollee	”
Gindaa nama qotuu	”
Waaq sabaasu gurcuu	”
Gindaan nama qotuu	”
Kan daarii marmaaruu	”
Kan maanyaa hammaaruu	”
Gindaan nama hinqonnee	”
Cabi abbaafuu hintollee	”
Jetti yoo qonnaarraa	”

(Takluu Fiixaafi Toleeraa Baqqalaa guyyaa 10/10/2010 ganda Garagateessa irraa)

Akkaataa qabiyyee sirba armaan olii kanarraa hubannuutti, nama hojii bareechuu yookiin sirriitti hojjetuuf hawwii gaarii qabaachuu isaanii mul’isu. Qottuu cimaan gindaa sirriin yommuu qotu

maanyaa yookiin xaafii bareeda yookiin gaarii ta'e oomisha waan ta'eef maasaa qonnaa keessa gurcuu gindaa isaa yoo jalaa miidhe yookiin cabse hojiitu gufata waan ta'eef bakka kan isaa kan nama hinqonnee cabee kan nama qotu sana ofkale wayya jedhanii waan yaadaniif bifa kanaan waliif waan gaarii yaadu.

4.4.3. Qaaccessa Afoola Daboo Haamaa

Haamaan hojiilee daboon hojjetaman keessaa isa tokkoodha. Haamaan akkuma qonnaa daboo kadhachuu, kadhachiisa, qaboo kan barbaadu yoo hojiin humna nama tokkoo yookiin maatii warra sanaa ol yoo ta'e yookiin bokkaan yeroo isaa hineegganne yoo roobe kan kadhatamuudha. Kanaafuu, daboon haamaa irratti haala armaan gadii kanaan sirbaa yookiin weeddisaa yookiin faarsaa dalagaa daboo sana keessatti walqeeqaa, walhaamileessaafi walcimsaa osoo hindadhabin miira xiiqqii qabuun si'aa'inaan haamu. Fakkeenya Sirba daboo haamaa haala armaan gadiin dhiyaate fudhachuun haa ilaallu:

Kan sirbu	kan jalaa qaban
Yaa haamilee haamtuutu sidide moo	
haamaa wallaaltee?	yaa haamilee
Asiin gad kaadhuu	”
Kaattee hinfagaatinii	”
Haamtu rogaan haami	”
Nyaattee hindhaabbatinii	”
Sareen teepa nyaattee	”
Bitamaa keessatti	”
Gadheen duubatti haftee	”
Haamilee biraayii	”

(Takluu FiixaafiToleeraa Baqqalaa guyyaa 15/03/2010 ganda Garagateessa irraa)

Weedduu kanarraa kan hubannu, namoonni daboodhaan midhaan haamaa jiran bifa kanaan weeddisaa waljajjabeessaa ciminaan hojii hojjechuu isaaniiti. Kunis, fakkeenya “Haamtu rogaan haami; nyaattee hindhaabbatini” yoo jedhan sirna daboo sanaa irratti namichi daboo yookiin jigii baasu sun qophii hanga humna isaa nyaataafi dhugaatii qopheessee waan jiruuf haamaa qofa

osoo hintaane baasii namichaaf illee yaaduu akka qabaniifi namni hojii keessatti dhibaa’ummaa qabu yoo dhaabbate akka inni hojii hindaganneefi ofceepha’ee hojiitti cimu ittiin taasisu. Gama biraatiin, “Gadheen duubatti haftee; haamilee biraayi” yoo jedhan immoo, hojii haamaa keessatti namni hojii kana irratti bobba’an toora toora galanii yommuu haamaan toora isaanii keessaa nama boodatti harkifate ittiin ceepha’u, qeequ.

Yommuu kana namichis ofbaree xiiqeffatee isaaniin qixxaachuuf jabaatee haamaatti toora qabate sanaan itti fufa. Dabaree isaa bira darbee haaloo sana bahuuf tattafata. Haaloon inni bahuuf tattafatu kun immoo weedduun isa qeeqame sana dugda bahuuf malee waan biraa ofkeessaa hinqabu. Sirba kana dayeessa haalaatiin yoo ilaallu ergaan yookiin faayidaan afoolli kun yoomessa sana keessatti dhiyaateef namoota haamaa irratti hirmaatan keessaa namni tokko yookiin gareen tokko toora keessaa boodatti yoo hafe ittiin qeequ. Ergaan isaas, “Kan duubatti harkifattu rakkoo meeshaan kee qara dhabuuti moo? Dadhabina keeti yookiin dandeettii haamaa hinqabu?” jedhu qaba.

Fakkeenya dabalataa Sirba daboo haamaa itti aanee jiru haa ilaallu:

Kan sirbu	kan jalaa qaban
Yaa haamilee haamtuutu isdide moo	
haamaa wallaaltee?	yaa haamile
Mikaa’elli eessaa?	”
Ittiin irreenfadhaa	”
Bakka gootaan dhaqaa	”
Dhaqeen biriiifadhaa	”
Bakka gootni jiru	”
Maafan biriiifadhaa?	”

(Takluu Fiixaafi Toleeraa Baqqalaa guyya 15/03/2010 ganda Garagateessa irraa)

Akkuma weedduu kanarraa hubannutti, bifa dhaadannoo ofkeessaa qabuun dhiyaatee jira. Kunis, iddoo namoonni hedduminaan argamaniitti yoo maqaan gootaa ka’u dabeessatu onnata. Kanaafuu, iddoo haamaa haamaniitti immoo namoota amala, dandeettiifi ilaalcha garaagaraa qabantu dhiyaata waan ta’eef weedduu akkanaatti dhimma bahu. “bakka gootaan

dhaqaa; dhaqeen biriifadhaa”, akkasumas, “bakka gootni jiru; maafan biriifadhaa?” yoo jedhan namni goota bira dhaqe akka goota sanaa ta’uu malee sodaachuun hinbarbaachisu jechuudha. Goonni ofiifuu goota, goota bira taa’anii maqaan sodaan hinjiru jechuun gootas faarsaa dabeessa jabeessu.

Kan sirbu	kan jalaa qaban
Hoo hee irra sararuu	
Baasaan haamassakaruu	hoo hee
Goonni doowaa dhufee	hoo hee
Gadhee naasisuufi	”
Akkoon marqaa gootee	”
Goota nyaachisuufi	”
Kaleessa galgalaa	”
Yaa galgaleessituu	”
Anuu jira jettee	”
Na hinjajjabeessituu	”

(Garasuu Birraatuufi Gulummaa Beenyyaa guyyaa 15/03/2010 ganda Garagateessa irraa)

Qabiyyee weedduu kanarraa kan hubannu, akkuma jalqaba ka’ee daboo haamaa keessatti hojiin hojjetamu tooraan yookiin sararaan waan ta’eef namni toora qabatee haamaa jiru irratti midhaan qarmeessi yookiin sirnaan yoo haamuu baate irra daddarbe midhaan harcaasaa jirta waan ta’eef, akkasumas, irra daddarbuu kana toorri nuti irra jirru ragaa ta’aa jechuun isaaniiti. Kunis, fakkeenyaaf, “irra sararuu baasaan haamassakkaruu” kan jedhu dhugaa kana mirkaneessa. Akkasumas, yommuu waliin hojjetan waljajjabeessuu, walcimsuu, haamilee walii kennuu barbaachisaa akka ta’e nihubachiisa.

4.4.4. Qaaccessa Afoola Daboo Bahii Haamaa

Sirboota daboo bahii haamaa irratti dhiyaatan mee fakkeenya fudhannee haa ilaallu:

Kan baasu	kan jalaa qaban
Yaa bahii koo	yaa bahii koo
Bahiin karra baatee	yaa bahii koo
Karaa galtuun moojii.....	”
Kan gootaa jaallattee	”
Bakka dhaqxuun moojii	”
Jetti yoo haamaarraa	”

(Faantuu Jabeessaafi Qalbeessaa Argataa guyyaa 12/04/2010 ganda Hayaa Waradii irraa)

Qabiyyeen faaruu bahii kanaa, namoonni daboo bahii hojjechuuf bahan hojiitti bobba’anii jiru, akkamitti akka hojjetan garuu nilaallaa waan jedhu ofkeessaa qaba. Akkasumas, goota faarsuu tolchitee garuu waan gootuuf hinbeeku kan jedhu ibsa.Sirba daboo bahii haamaa armaan gadiis yoo xiinxallu:

Kan baasuu	kan jalaa qaban
Yaa bahii koo	yaa bahii koo
Okolaan tarsi’ee	”
Mana gooftaa kiyyaa	”
Dhugaatiin qallatee	”
Jetti yoo haamaarraa	”

(Faantuu Jabeessaafi Qalbeessa Argataa Guyyaa 12/04/2010 ganda Hayaa Waradii irraa)

Qabiyyeen faaruu/sirba kanaa immoo dhugaatii dhiyaate yookiin qophaa’e boorudha jechuu yoo ta’u, kuins, “okolaan tarsi’ee” yoo jedhu qodaan farsoon itti qophaa’e nicabe moo maaliif farsoon qulula ta’uu dide? Mana abbaa daboo keessatti farsoon qophaa’e calala ta’uu qaba jechuun qeeqa qaban ibsatu. Faallaa kanaatiin farsoon qophaa’e sun yoo bareedaa ta’e immoo bifa kanaa gadiin jaju. Qodaan cabee moo kan jedhu ergaan isaa yoo qodaan cabe farsoon

niqallata waan jedhu haafakkaatu malee yoo bishaan biraa itti naqan dafidafii ta'ee boora'uu danda'a jechuudha. Akkasumas, fakkeenya armaan gadiitti dhiyaate kana fudhannee yoo ilaallu:

Kan baasuu	kan jalaa qaban
Yaa bahii koo	Yaa bahii koo
Harki kana naqe	”
Ilka maa hinkaawwannee	”
Ilki boru caba	”
Ilma maa hinhaammannee	”
Jetti yoo haamaarraa	”

(Faantuu Jabeessaafi Qalbeessaa Argataa guyyaa 12/04/2010 ganda Hayaa Waradii irraa)

Kun immoo, dhugaatiin farsoo daboo qophaa'e gaarii waan ta'eef haati warraa kana qopheessite cimtuu ta'uu ittiin mirkaneessuuf gargaara. Cimina kana immoo beekkamtii kennuuf harka farsoo sana qopheesseef badhaasa barbaachisa jechudha. Badhaasni isaan hawwaniif immoo waan boru cabee badu osoo hintaane ilma boru sidhaalu sii wayyaa jedhanii hawwii qaban ibsuuf. Akkasumas, ilma argadhuu abbaa warraa kee waliin bashannanii jechuus ta'uu nidanda'a.

4.4.5. Qaaccessa Afoola Daboo Waasiif Jedhamu

Guyyaa daboo erga namoonni daboo dalagan walgahanii booda, hojii jalqabanii xiqqoo erga hojjettanii namicha abbaa daboo sanaan waasii yookiin wabii nuu waami jedhanii gaafatu. Namtichis namoota daboo irratti hirmaatan keessaa nama cimaa ta'e ilaalee waasii waama. Isaanis, namicha waasii waamame sanaan waasii taatee abalu jedhanii gaafatu. Inni waaasii ta'uu isaa mirkaneessuuf "Eeyyee" jedhee mirkaneessa. Sababni waasiin waamamuuf maali? Kan jedhuuf gaheen waasii guyyaas ta'ee galgalaa hojjeetoota qindeessuu, itti gaafatamaa hojjetoota jigii yookiin abba jigii ta'ee tajaajiluu, gidduu deemaabbaa jigiifi jigii ta'ee guyyaafi galgala gaafa daboo sana tajaajila. Nyaataafi dhugaatiin osoo biraa hinfagaatiin guyyaa kaasee hanga halkan waarii dheeraatti waliin waari'uuf tapha yookiin sirboota adda addaa akka taphatan godha.

Kanaafuu, waasiin hojii daboo irraatti waamamu waasii guyyaa yookiin yeroo dalagaan daboo dalagamuufi waasii galgalaa erga daboon hojii xumuranii manatti galaniitti qoodamee ilaallamuu isaati. Kanaafuu, waasiin guyyaa bakka dabootti hojiin namichaa akka sirriitti dalagamuuf irra deemee “ashamaa” jedhee jajjabeessa. Yeroo kana godhu obsa guddaa isa barbaada. Sababni isaa namoonni daboo hojjetan qoosaadhaaf waamanii arrabsu. Akkuma jalqaba ibsame yeroo waasiin waamamu lama ta’uu qaba. Innis, waasii guyyaafi galgalaati. Waasiin galgalaa waasii saree jedhamee waamama. Waasiin guyyaa kun bakka hojiitti sochii hunda sirriitti hordofuu qaba.

Namoonni daboo dalagan waasii guyyaa maqaa waamanii, ‘Abaluutti handhuura kaa’aa’ jechuun arrabsuu eegalu. Achii booda, ‘Ani muka guddaa sana itti kaa’e’ jedha tokkumti jalaan dafee. Namichi waasii ta’e sun kan aaru yoo ta’e guyyaa guutuu itti walfuranii aarsaa oolu. Egaa waasiin guyyaa kan barbaachiseef, daboon hojjetan kunneen akka hindheebonneefi hinbeelofneef akka haala mijeessuufi. Namichi guyyaa waasii ta’e kun dirqama hojjechuu hinqabu. Irra deemee waan isaaniitti hir’ate guuta. Haata’u malee, abbaan daboo dafee waan nyaatamuufi dhugamu yoo guutuufi baate waasii mataasaa gadi garagalchani miila isaa lamaan mukatti hidhanii adabu. Yeroo kana namichi daboon hojjetaafi jirtu kun dafee waan isaan barbaachisu isaanii guuta. Yoo akkas ta’uu baate namichi waasii ta’e kun hidhaa kanaan itti fufee adabama.

Karaa biraatiin immoo, waasii dhiisanii midhaan haamaa jiru yoo ta’e midhaan haamaa jiran sana nadoo walirra qaxxamursanii kaa’u, yookiin midhaan san walitti hidhuu dhiisanii walumarra naqanii deemu. Yoo qonna ta’e immoo daarii/daangaa itti qotiyyoo deebifatan bira gahanii deebifachuu dhiisanii dhaabbatu. Yeroo kana daboodhuma keessaa namni beekan dafee abbaa daboo waame namana wayyoo midhaan kee si jalaa bade yookiin qonni kee duubatti harkifate, namni hojii dhiisee dhaabbataa jira waan ta’eef dafii waan dhugamu fidi jedhee itti hima. Namichi daboon hojjechaafi jiru kunis dafee kan isaan fedhan dhiyeessafi.

Haala kanaan namoonni daboo dhufan kun waasiifi abbaa daboo irratti tarkaanfii fudhachaa hojii itti fufu. Galgalas nyaataafi dhugaatii yoo quufuu baatan soraa/baaxii manaa irraa dabsanii deemu. Akkasumas, adabbii kana malees namoonni hojii daboo hojjetan kunneen waasii kana akkaataa armaan gadiitiin afoolaan/sirba irra baasuun arrabsu.

Sirba waasiif jedhamu akka fakkeenyaatti kan armaan gadii kana fudhannee haa ilaallu:

Noor yaa waasii
Waasii daalacha
Garaan lafa gahuu
Akka harree dhala gahuu(x2).
Noor yaa waasii
Waasii daalacha
Kan garaan lafa gahuu
Kan ollaan isa arguu (x2)

(Doboc Tasammaa guyyaa 20/10/2010 Ganda Haroo Oomaarraa)

Jechuun yoo arrabsan waasiin guyyaa kun akka wanti tokkollee isaaniitti hinhir'anne oliifi gadi fiigee isaaniif guutaa oola. Karaa biraatiin, jigiin hojii ho'isuuf weedduuwwan adda addaa weeddisu. Akkasumas, waasiin kun yoo bifa kanaan qeeqamu abbaan daboo sun waan isaan fedhan kan guutuuf qofaas bakka itti hintaane jira. Kunis, jigiin sun tapha yookiin sirba biroos dabalani sirbuun hojii sana akka ho'u taasisuu qabu jedhee waan amanuuf dafee guutuus yeroon dhiisu nijiraata. Kunis, kan nu hubachiisu waasii kun akka dammaqu godha. Gahee isaa akka hindaganne taasisa. Kana booda arrabsamuu jalaa bahuuf akka jabaatee socho'u taasisuuf bifa kanaan arrabsu.

Gama biraatiin, sirba daboo yeroo hojii fixanii galuuf qophaa'anakkas jedhanii sirbu:

Huummoo burree (x2)
Yaa likkiftuu
Maa akkana
Lubbuun si tirriftuu?
Huummoo burree (x2)
Maasaa fixee jira
Laambaa bittee silaa?
Huummoo burree (x2)
Yaa baala ceekaa
Kana kan waameetu beekaa

Biqiil (x2) gootee

Farsoo aayyoon goote

Dhugnaan finqil goote.

(Doboc Tasammaafi Kiflee Fayyisaa guyyaa 20/10/2010 Ganda Haroo Oomaa irraa)

Akkaataa qabiyyee weedduu kanaatti, dabootu abbaa dabootiin hinqophoofnee moo maaliif sodaattee? jechuudha. Kunis waan dhugumu maaliif hinfidduu? jechuun qeequu jalqabu. Sababni isaa bifa kanaan isas waasii yoo tutuqan jarri akka onnatan taasisa. Akkasumas, Qabiyyeen sirba kanaa daboon haamaa yookiin qonnaa xumuranii galgala yoo manatti galan halkan guutuu yookiin sa'aatii dheeraadhaaf taphataa waan qophaa'ee nyaataafi dhugaa bulla ibsaa yookiin kurraazii qopheeffattee yookiin qopheeffadhu jechuudha.

Gama biraatiin, namoonni daboo irratti argaman hedduu ta'uu erga hubatanii booda, jigiin baay'eedha, akkamitti akka gaggeessitu situ beeka jedhuun abbaa jigiitiin. Akkaataa itti keessa dabartu of qopheessi jechuudhaan itti dhaamu. Akkaataa buufata sirba kanagara dhumaatti dhangaan farsoo haati warraa abbaa daboo qopheessite cimaa ta'uufi bareedadha nu macheessee jira jechuu isaaniiti. Akkanumatti itti fufi, nu jalaa hinqallis in jechuun itti himu.

Sirboonni armaan oliitti ibsaman sirboota waasii iddoo hojiitti waasii guyyaa itti qeeqaniifi hojii ho'isuuf immoo waljajjabeessuuf dhimma itti bahaniifi abbaa daboofi haadha warraa isaa ittiin qeeqaniifi jajjabeessaniidha. Akkasumas, galgala yeroo hojii xumuranii gara manaatti galan taphachaa dhiichisaa gara warraatti galu. Akkuma mana gahaniin harka dhiqatanii nyaataafi dhugaatiin nidhiyaataaf. Yeroo kana waasiin guyyaa oolche kun waasii narraa buusaa jedhee kadhata. Yeroo kana immoo innis warra manaa gaafatee farsoo guutuu dhiyeessaaf. Isaanis farsoo guutuu qabatanii eebbisanii waasummaa isaa irraa buusu. Erga waasii inni guyyaa irraa bu'ee booda galgala inni lammaffaan yookiin waasii galgalaa hojii isaa jalqaba. Akkuma jalqaba ibsame waasiin galgalaa waasii saree jedhama. Gaheen isaa immoo galgala yeroo mana namichaa dhaqanii irbaata nyaatan namni daboo keessa hinoollee akka isaan waliin galee hinyaanne eega. Innis yeroo sanaa kaasee hojii isaa amanamummaan galmaan gaha. Galgala erga manatti galanii booda nyaanni akka isa guyyaa osoo hintaane isaa oliitti qophaa'ee isaan eega. Waasiin galgalaa kunis qophii kun akkaataa barbaadamuun qophaa'uu isaa hordofee akka daboo bira gahu taasisa.

Haaluma guyyaa sanaan waasii galgalaa kanas arrabsuufi qeequun nijiraata.Kanas haala kanaa gadiin haa ilaallu.

Noor yaa waasii

Waasii kaballaan albaasii

Alli tolee

Yoo manni toluu baatee (x2)

Noor yaa waasii

Waasii saree

Sis gobee

Nama sii dubbatees gobee.

(Doboc Tasammaafi Kiflee Fayyisaa guyyaa 20/10/2010 Ganda Haroo Oomaarraa)

Qabiyyeen faaruu kanaa, guyyaa daboo hojii bifa bareedaan hojjechaa oolanii jiru.Bakka dabootti waasiin guyyaa dirqama isaa sirriitti bahatee jira waan ta'eef, atis inni waasii galgalaa taatee ofqopheessi. Wanti nuti barbaannu nutti hir'achuu hinqabu jechuu isaaniiti. Akkasumas, waan sitti kenname seeraan raawwadhu, yoo didde adabbiin boodaan nijira jechuudha.Kunis, yoo siin adabnu namni sii dubbatu yoo dhufes sitti daballe adabna jechuudha.

4.4.6. Qaaccessa Eebbaa Daboo Irratti Dhiyaatuu

Hirmaattoonni daboo halkan dheeraa erga taphaafi faaruuwwan adda addaa taphataa waari'anii booda yeroo galuu barbaadan mijuun eebbaa akka isaaniif dhiyaatu gaafatu. Mijuu kanas kan dhiyeessu warra dabooti. Warri daboo erga mijuu barbaachisu dhiyeessanii booda warra daboo isaanii hojjetan waliin taa'anii eebba kana fudhatu/kennu.Jalqaba abbaan daboo warra daboo isaa dalagan eebbisa. Fakkeenyaaf eebba daboo jalqabuuf akkana jedhu:

Yaa jigii oo..... 000 x3

Jigii nagawoo 000 x3

Yookiin

Yaa bahii 00 x3

Yaa bahii nagawoo 00 x3

Maarree na gargaartanii

Isiniis gargaarsa argadhaa
 Humna keessaniin raagaa
 Akka na kabdan kana kabaa argadhaa
 Kabaja waaqaafi lafarraa argadhaa
 Maarashaan qurcuu haa ofkalu
 Batatteen hidda haa ofkalu
 Gatiittiin qotiyoo haatolu
 Ijji hamtuu isaan hinargin
 Karaa isin deemtan gufuun isin hintuqin
 Ulfaadhaa! Horaa badhaadhaa
 Qe'ee nagaatti
 Jabbi burraaquutti
 Daa'ima taphatuutti
 Haadha manaa kofaltuutti nagaan galaa!

Jedhanii erga warri daboo baasanii eebbisa booda namoonni daboo bahanii hojjetan callisani hindeemani. Isaaniis deebisanii warra daboo baasan kanniin bifa armaan gadii kanaan eebba itti roobsu. Yommuu eebbisa kana callisamee abbaan arge hineebbisu. Namoota daboo sanatti hirmaatan keessaa namni hangafummaa qabu akka eebbisutu taasifama. Kunis, aadaa hawaasichaatu dirqamsiisa. Akka tasaa namoota sanaan ala namni keessummaa kabajaa ta'e yoo achi jiraate dabarsanii akka inni eebbisu affeeru. Kanaafuu, namni eebba kana eebbisu gosti daboo sanaa waqtii isaa irratti hundaa'ee eebba kana raawwata. Fakkeenyaaf, hojiin yookiin sirni daboo sun yoo qonna ta'e bifa kanaa gadiin eebbifama.

Kan eebbisu

kanneen eebbifaman

Yaa jigii na ofkalchaa (x3)..... Ofkali/ofkalaa/
 Maasaan qotame haamirgisu..... Haamirgisu
 Arfaasaa qotaa, gannaa facaasaa facaaffadhaa
 Aramaa dandamatee birraa makaraa makardhaa
 Qotaa abbaa dilbii ta'aa ta'aa

Sanyiin kun gootaraa haaguutu haaguutu
 Sa'aa nama keessan waliin nagaan isinii haalaatu haalaatu
 Ambaa simbiraan isin haa sooru haasooru
 Sabaafi maatii keessan wajjin haasooru
 Nama nyaatee fixu isin haagodhu haagodhu
 Mortuufi baaddiftuu isiniirraa haaqabu haaqabu.
 Mortus gomattuus isin hindanda'in hindanda'in
 Sa'aa namni keessan bobba'ee
 Nagaa isinii haagalan haagalan
 Kan dorrobe nagaan isinii haadhalu haadhalu
 Bineensi hamaan laga keessan
 Namni hamaan olla keessan hinqubatin. hinqubatin
 Nuuf jettanii bilchaataa dhiyeessitan
 Waaqni keenya dhiidhii bakka isinii haabuusu haabuusu
 Kabaja keenyaaf guutuu dhiyeessitan
 Waaqni keenya guutee isinii haadeebisu haadeebisu
 Ulfina nuu kennitan
 Ulfinni karaa taa'ee isin haaeegu haaeegu
 Biqila nuu dhaabdani
 Biqilaan isinii haadhalatu haadhaabbatu
 Xiqqaan isinii haaguddatu haaguddatu
 Guddaan isinii haabulu haabulu
 Bobba'aa nagaan gala
 Rfaa dammaqaa
 Nama yeroo hundaa nagaan
 Walbira dhaabbatu waaqayyoo nuhaataasisu haataasisu
 Hafaa jiraadhaa! Nagee!

(Manguddoota gandoota irraa kan argame:Addunyaa Balaayinaa, Taaddasaa Guraaraa, Tasammaa Jiruu, Kiflee Fayyisaa, Manglee Gammachuu)

Akkaataa qabiyyee eebba kanarraa hubachuun danda'amuutti, daboo tokko jalqabaa kaasee hanga xumura isaatti jechuunis, qophii warri daboo baasan taasisanii kaasee hanga raawwiin sirnichaa xumura argatuutti waan ta'e hundaaf hawwii qaban kan ittiin ibsan ta'uudha. Akkasumas, hojii daboon hojjetameef warra hojjeteeffis ta'ee warra daboo baasaniif dadiifi amaadii qaban ibsuuf kan itti gargaaraman eebba.

Jedhanii erga wal eebbisanii booda dhugaatii isaaniif dhiyaate ittuma fufanii dhugaa kan barbaade gara mana isaatti yoo galu, kan dadhabe immoo yookiin fagoodhaa kanneen dhufan achuma bulu.

4.4.7. Qaaccessa Afoola Daboo Dhahiinsa Midhaanii

Oomishni qotamee yeroo isaa eegee erga haamamee booda sirna ittiin callaa isaa galabaa irraa qulqullaa'ee galu kan mataasaa qaba. Kunimmoo, midhaan dhahamu sun yoo humna nama muraasa barbaaduun dhahuun yoo barbaachise namoota 5-10 ta'aniin midhaan oogdiitti guuranii qotiyyoota 10-15 altokkotti irra oofanii dhahu. Yeroo kana midhaan galuuffis ta'ee qotiyyoota ittiin dhahaa jiraniif kabajaafi jaalala akkasumas, ulfina qaban bifa faaruu ibsaa yookiin faarsaa midhaan oogdiitti jigsan sana irra oofuun dhahu.

Namoonni oogdiitti midhaan jigsanii dhahaa jiran namni biraa iddoo biraatii yoo isaan bira dhufe yookiin oogdii cinaan darbuu dhufe callisee nagaa gaafatee bira hindarbu yookiin isaaniitti hinmakamu.Akkas jedha:

Nooruu jarana..... Nibaruu

Midhaan haabarakatu barakattuu galfadhaa

Galchaa gumbii guutaa horaa guutaa

Akkaataa kanaatti, “Nooruu jarana” jedhamnaan “Nibaruu” yommuu jedhamu dursa kabajaa yookiin safuu looniif qaban ibsa. Maaliif kabajni loonii kun dursa argate/ kan jedhuuf immoo osoo loon sun hinjiraannee midhaan sun hinargamu waan ta'eef, kabajni loonii dursa, egaa sangaa yookiin qotiyyoo midhaan sana qotee fideef kabajaa yookiin jaalala qaban bifa kanaan erga ibsatanii booda gara midhaan dhahamaa jiruutti darbu. Kunis, “midhaan haabarakatu” yoo

jedhan kanneen midhaan sana dhahaa jiran “barakattuu galfadhaa” jedhu. Kunimmoo, hawwii callaan sun akka baay’atu qaban waliif ibsu. “galchaa gumbii guutaa” kan jedhus isuma kana mirkaneessa. “horaa guutaa” kan jedha immoo akkuma isin midhaan keenyaaf akka barakatu nuuf hawwitan isiniifis hormaata loonii isinii hawwina jechuudha.

Kanaafuu, afoolli asitti dhimma itti bahan haalaafi yeroo mataasaa irratti hundaa’ee qabatamaa waan raawwatamuu sanaa wajjin kan deemu malee, haalduree tokko malee lafumaa ka’amee kan jedhamuu miti. Kanaaf, daboo midhaan dhahiinsaa keessatti qotiyyootu caalmaan faarfama. Kanas akkas jechuun jalqabu.

Hororoo hororoo (x2)

Hororoo yaa qotiyyoo

Situ qotee galfadhuu

Amajaaja cabsadhu

Amajaajiin haadeeguu

Moraan haagadadamuu

Hororoo yaa loonishee!

Eegeen kee muxaa qabaa

Daalchoo deegatu budaa qaba

Hororoo(x2) yaa loonishee.

(Dammaqaa Addunyaa guyyaa 25/4/2010 Ganda Hayaa Waradii)

Akkaataa qabiyyee walaloo faaruu qotiyyoo armaan olii kanarraa hubannutti, qotiyyoon akkuma miillaan/kotteen midhaan galabaa wajjin jiru cabsitee calla baaftutti nama si gomatuufi sitti moru humna kee jabaa saniin cabsitii akkuma qottee dadhabbi garagaaraa keessa dabartee sadarkaa kanaan geese kan oomishatte galfadhu, yoo kana gochuu baatte deega budaa jedhamu saniif saaxilamta jechuun ergaa kan dabarsuudha. Gama biraatiin, akkas jedhaniis qotiyyoo ni faarsu.

Hororoo (x3) yaa loonishee

Baddaadhaa marga qabdaa

Gammoojjii galabaa qabdaa

Abbaa si hore qabdaa
Gadadoo maalii qabdaa
Hororoo (x3) yaa loonishee
Callashiin callaa nyaataa
Dilbiin galabaa nyaataa
Sukkuumii callaa baasii
Diina kee biyyaa baasii
Hororoo (x3) yaa loonishee

(Dammaqaa Addunyaa guyya 25/42010 ganda hayaa waradii)

Qabiyyeen walaloo faaruu kanaa, loon namni hore sun cimaa yoo ta'e qotiyyoon sun beelan hinmiidhamu. Kunis, naannoon baddaa rooba waan argatuuf margi nimarga waan ta'eef looniif yeroo margi jiru sana hokaa haamaanii tuuluun bona akka sangaan gadadon hinmiidhamne godhu. Gama biraatiin, naannoo gammoojjiitti immoo, midhaan yommuu dhahan galabaa isaa hinballeessanii tuulanii kaa'u. Kanaaf, looniif dhimmamuun barbaachisaa ta'uu waliif dhaamu.

Kunis kan nuhubachiisu, yeroo midhaan dhahan qotilee tarree galchaniin kan irra oofan yoo ta'u, qotiyyoon qarqara jiru (qotiyyoo collee) namni duukaa bu'ee ariitiidhaan waan oofuuf galabaa midhaan irraa bu'e yoo nyaatu, kan gidduu irra naanna'u garuu hordoffiin baay'een waan hingodhamneef afaaniin galabaa dalgatti saaqee calla nyaata. Haata'u malee, weedduu kana keessatti kan jedhamuu barbaadame, qotiyyoo colleen calla haanyaatu, qotiyyoon collee hinta'in calla nyaachuu hinqabu, galabaa malee kan jedhuudha.

Hororoo (x3) yaa loonishee
Bona moo ganna wayyaa?
Bona aduun makaraa
Ganna dhoqqeen makaraa
Namni waan loonii kooree
Bututtuu dirii koori
Isumaa dhabii koori

Sanumaa dhabii booyii

Hororoo (x3) yaa loonii

(guyya 25/4/2010 ganda hayaa waradii irraa)

Qabiyyeen walaloo kanaa kan nu hubachiisu, wanti loon irraa argamu hinkooramu yookiin hinjibbamu jechuudha. Namni waan loonii kooruu bututtuu yookiin wayyaa moofaa nama uffetee kooruun garaagarummaa hinqabu kan jedhuudha. Kunis, mammaaksa “abbaan loonii dhoqqee hinxireeffatu” jedhuun jaalala looniif qaban ittiin ibsatu. Kanaafuu, bu’aan ilmi namaa itti fayyadamu keessaa waan loonii kan keessaa dhabame hinjiru waan ta’eef looniifi waan loonii kooruu akka hintaane ittiin barsiisu. Gama biraatiin, bona aduu ganna bokkaa osoo hinjedhin rakkoo sana keessa dabarsitee namni akkamitti sitti kooraa? Namni sitti kooru bututtuufi moofaa dhabe haabooyu jechuun abaarsaan ergaa dabarfatu.

Hororoo (x3) yaa loonishee

Waan qotiyyoo maal kooruu

Waan loonii maal gaturee

Yoo qummoo gaafaa ta’e malee

Gaafni kee waancaa ta’aa

Kan farsoon dhuganii

Gogaan kee itillee ta’aa

Kan irra rafanii

Kotteen kee shinii ta’aa

Kan bunaan dhuganii

Qottuu maqaan gabaree

Bulluun gaanaan galee

Hoo gaarreen gaaran goree

Gaariin namaa sihoree

Hoo kalaalaan horii malee

Darabaan galoon gahee

Hoo maalee maal dirribaa
Gootee maaltu sidhibaa
Burree akka gafarsaa
Sumatu namaa dabarsaa
Yaa loonishee barakata quubsaa
Sifa'uu sumatu nu dabarsaa
Hororoo (x3) yaa loonishee

(Wiirtuu Jiildii-8 irraa fudhame)

Qabiyyeen weedduu kanaa nu hubachiisu, faayidaan qotiyyoo tokko lama jedhamee kan hin himamne ta'uu isaa, yeroo jiranis ta'ee, erga du'anii booda qaama isaanii adda addaa irraa faayidaan argamu olaanaa akka ta'e mul'isa.

Hororoo, hororoo x2
Hororoo baree
Qotiyyoo maqaan baree
Qottuu maqaan gabaree
Dalluu siree
Qabeenyi daadhii hiree
Dhabni bishaan waakkatee
Koorsoo, boonsoo x2
Jabbilee bara roobaa
Suukii bara bokkaa
Abbaa kee dirriibaan boonsi
Haadha kee qoloon boonsi
Dagoogoo girdiin boonsi
Gootaraa callaan boonsi
Gaani difdifaan guuti
Eege muxaa gootee

Deegatti budaa gootee
Gaafni kee malakata
Kotteen kee barakata
Barakataan siqabe
Alaa gala si dhoowwe.

(Wiirtuu Jiildii-11 fuula 126-127 irraa fudhatame)

Akkaataa faaruu midhaan dhahiinsaa armaan olii kanaatti, namni harkaa waa qabu yookiin qabeenya qabu waan jaalatamaa ta'ee hawaasa biratti beekamu yoo kennu inni waa harkaa hinqabne immoo bishaan illee waan kennu dhaba ergaa jedhu ofkeessaa qaba. Kanaaf immoo qoodni sangaan yookiin qotiyyoon qabu guddaa ta'uu agarsiisa. Kunis, “qabeenyi daadhii hiree; dhabni bishaan waakkatee” kan jedhu namni qabeenya qabu yookiin horate gaafa waa arjoomuu barbaade waan jaallataafi fudhatama hawaasa biratti qabu yoo kennu inni qabeenyaa hinqabne bishaan illee fuudhee namaan kennuu saalfata. Kunis, bishaan duwwaa nama kennuu san hunda fudhatama hinqabu.

4.5. Qaaccessa Qabiyyee Afoola Daboo

Afoolli jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti yommuu dhimma adda addaaf oolu qabiyyee garaagaraaf tajaajila. Kunis, hawaasummaaf, diinagdeef, onnachiisuufi jajjabeessuuf, qeequufi ceepha'uufi k.k.f. oola.

4.5.1 Hawaasummaaf

Uummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti dhuunfaas ta'ee jireenya gamtaa keessatti aadaa ittiin walbira dhaabbatan niqaba. Isaan keessaa tokko daboodha. Hojiin daboon hojjetamu immoo hawaasummaan guutudha. Haaluma kanaan Oromoonni G.Sh.K.L.A. Sooddoo Daaccii akkuma Oromoota iddoo biraa aadaa daboon walgargaara. Afoolattis nigargaarama. Fakkeenya1.

Sanyiin gootaraa haaguutuu
Sa'aa nama keessaniin nagaan haalaatu
Ambaa simbiraan isin haasooru
Sabaafi maatii keessan wajjin
Nama nagaan nyaatee fixu isin haagodhu.

Akkaataa qabiyyee eebba kanaatti, jireenya hawaasummaa keessatti namni waa horate kophaa akka nyaatu hinbarbaadu. Yoo maatii isaarra darbe amba akka gahu hawwa. Kun immoo, hawaasummaaf jaalala walii qaban bifa eebba kanaan walitti agarsiisu.

4.5.2 Diinagdee Irratti

Saba tokko akka sabaatti wantoota walitti hidhan keessaa tokko diinagdeedha. Diinagdeen hawaasa tokkoo hanga hawaasichi gahu gaha. Kanaafuu, hawaasni yookiin sabni tokko sadarkaa nama dhuunfaa hanga gareetti jireenya isaa injifachuuf sochiin diinagdee inni taasisu murteessadha. Diinagdee ofiis ta'ee kan walii isaa utubuuf daboon walbira dhaabbata. Yommuu gamtaan walbira dhaabbatee wal tumsu kana waan yaada isaa kana ergaa cimaa ta'e sammuu isaa keessatti awwalamee akka turuuf immoo afoolatti gargaaramee waa'ee diinagdee isaa ibsata.

Yaa loonii yaa loonii

Loon yaa wabii namaa

Loon koodee abbaa

Fira gaafa rakkoo

Yaa loon yaa loonii

Yaa loon abba hiyyeessaa

Loon kiisii guutu sooressaa

Qabiyyeen faaruu loonii kun jireenya namummaa keessatti loon qabaachuun murteessa ta'uu ibsa. Kunis, namni loon hinqabne wabii hinqabu. Yoo rakkoon wayii isa qunnames akka obeessaatti kan isa bira dhaabbatu loon isaa ta'uudha. Ammam firaafi waan biraa yoo qabaates loon qabaachuun gaafa rakkoofis ta'ee qananiif murteessaa ta'uu mul'isa. Kanaafuu, loon namni hore kiisiin isaa guutudha ergaa jedhu ofkeessa qaba. Gaheen afoola kanaas, diinagdeen of utubuun wabii gaafa rakkoo waan ta'eef loon horuun dirqama namoomaa ta'uu ibsa.

Gurraalee yaa dallu weennii x2

Qe'ee sa'aa jira areerrii

Qe'ee qottuu jira buddeennii

Qe'ee mortuu naanna'e deegnii

Nyaataa moraa jarjarse beellii

Qabiyyeen faaruu kanaa, namni sa'a qabu areera qaba. Kan areera qabu immoo qananii qaba. Sa'aa nama isaatu basha'a. Kanaafuu, sa'a horuun barbaachisaa ta'a. Areerri immoo aadaa hawaasichaa biratti baay'ee beekamaafi kabajamaadha. Areerri keessummaa gaggeessa. Dhugaan niqabbaneessa. Gama biraatiin, "Qe'ee qottuu jira buddeenni" yoo jedhamu, yoo hinqonne buddeenni hinjiru. Manni buddeenni hinjirre nideega. Kan deege nijarjara. Kanaafuu, gaheen afoola kun asitti qabu, cimanii sa'a horuu, jabaatanii qotuun buddeena argachuun murteessaa ta'uudha. Kana yoo ta'uu baate beelan marfamarii jarjaruutu dhufa. Sun immoo mortuu nama fakkeessa. Sababni isaa, kan deege nidaalacha'a. kan daalacha'u immoo ilaalcha hintaanetu itti kennama. Kan of baraaruu sa'a horanii areera areerrachuu, lafa qotanii buddeena nyaachuun barbaachisaa ta'uu ibsuuf oola.

Yaa qotiyyoo maaldoo bifa burree

Yaa qotiyyoo situ bita hiyyeessaaf surree

Qotiyyoo gatiitti gootaa

Siin badaa baasani

Beela manaa baasani

Maatii midhaan laatanii x2

Qabiyyeen faaruu kanaas, cimina qotiyyoo ittiin qotanii sana kaasuu bira darbee, "qotiyyoo situ bite hiyyeessaaf surree" hiyyuummaa nama baasta. Gatiittiin kee badaa yookiin lafa cima buqqisee qotee beela nama baasaa, maatiif midhaan laata jechuudha. Gaheen afoola faaruu kanaa namni qonnaan jiraatu tokko sangaa yookiin qotiyyoo cimaa qabaachuu qaba waan ta'eef bifa kanaan of qopheessee lafa sirriitti qotee gadadoo mana irraa ari'uu qaba ergaa jedhu dabarsuuf gargaara.

4.5.3 Onnachiisuufi Jajjabeessuu Irratti

Afoolli daboo irratti bifa garaagaraan dhiyaatu namoota yookiin garee hawaasa hojiin wal utubuu bahan biratti tajaajilli kennu gama onnachiisuufi jajjabeessuuf ni oola. Kunis, namoota gamtaa hawaasaa keessatti hojii gaarii hojjetaniifi fakkeenyummaa gaarii qaban jajjabeessuun isaan sodaan akkasumas, laafinni itti dhaghamu immoo onnachiisa.

Yaa bahii koo yaa bahii koo

Qottuu qottuun faarsaa ”

Nama hinqonneen aarsaa ”

Qabiyyeen faaruu kanaa hojii daboo qonnaa keessatti namoonni karaa adda addaa irraa walitti dhufanii jiran keessaa kanneen qonnaan cimoo ta’an akkuma jiran isa Oromoon yoo mammaaku, “Abalu jedheef ballaan diinqa dabarti” jedhu sana maqaan qottuu ta’eef sangaa camadatee manaa bahu hindhabamu. Kanaafuu, inni sirritti qotu qottuudha. Hawaasa keessatti nijajama. Akkaataan maasaa itti qotu namatti tola. Callaa gaarii argamsiisuuf abdii namatti hora. Kanaaf, inni yoo faarfamu tokko immoo nituqama. Kana malees, akkas jedhanii isa qonnaan bulaa cimaa ta’e jajjabeessu. Caalmaatti akka cimuuft onnachiisu.

Akkanatti abshaala galchuu

Yaa aabboo yoo qotu gindaan didichuu (x2)

Qottuu qottuu faaruu

Taan namuu garagalee hinilaaluu (x2)

Aabboo hirribni algaa

Yaa gomattuu waan ati taatuun argaa (x2)

Akkaataa qabiyyee faaruu kanaatti, gindaan nama qottuu ta’ee lafa keessa seenee batatteen hinmul’atu, lafa bullessee qota. Akkasumas, yoo cimina qabaatte nijajamta. Yoo ofgatte garuu, namuu dhimmaa isaa akka hinqabne walbarsiisu. Cimanii qonnaan abbaa dilbii ta’u waan ta’eef qonni gochaa ciminaafi gamnooma barbaadu ta’uu walhubachiisu. Kanaafuu, gomataa ta’uurra jabaadhuu hojjedhu, isa cimaatti inaafttee homaa hinargattu ergaa jedhu dabarsa. Gaheen afoola kanaas qonnaan bulaa cimaa onnachiisuufi jajjabeessuun warra kaaniif seexaa ta’a waan jedhuun dhimma itti bahu.

4.5.4 Qeequufi Ceepha’uuf

Jiruufi jireenya gamtaa hawaasni tokko taasisu keessatti miseensi hawaasa sanaa hundi sochii jireenya injifachuuf godhu walqixa miti. Inni tokko garmalee cimaa, tokko giddu galeessa yoo ta’u, inni kaan daran laafaadha. Kanaafuu, hariiroo jireenya hawaasummaa keessatti wantoota mul’atan kanniin qeeqaafi ceephoo walii kennuun walsirreessaa deemuun nijiraata. Kanas,

Finnegan, (1970:270) faayidaa faaruun qabu akkas jetti, “Songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propaganda and to reflect and mould public opinion.” Akka yaada kanaatti faaruun, dhimmoota yeroo, dhiibbaa siyaasaa, yaada hawaasaa gabaasaa yookiin qeeqa.

Qottuu qottuun faarsaa
Nama hinqonneen aarsaa
Yaa gindaa yaa gindaa
Likkii beekna hundaa

Qabiyyeen faaruu kanaa qonna keessatti namoonnii meeshaa qonnaa fidatanii dhufanii yommuu daboo jalqabaniifi adeemsa hojii keessatti meeshaan isaan ittiin lafa qonnaa qotan kan eenyuu akka sirriitti qotuufi hinqonne walbeekna waan ta’eef yoo lafti kun seeraan qotamuu baate iddoon sirriitti hinqotamne sun kan eenyuu akka ta’e nimirkanaa’a waan ta’eef gindaa keessan ilaalladhaa jechuudha. Fakkeenya 2.

Gindaan nama qotuu
Yoggaa gaara qotu
Batatteetu addaata
Gindaa nama hinqonnee
Cabi abbaafuu hintolle.

Jechuun yoo walqeeqan, namni gindaa seeraan hidhanne ofirra darbee nama biraa gargaaruu miti ofiifuu hintaane lafa cabsee qotee of hinfayyadne waan ta’eef kan biraaf hinabdatamu ergaa jedhu walii dabarsu. Gaheen afoola kanaa jireenya hawaasummaa keessatti bifa kanaan yoo walqeeqan namni qeeqa jala hinjirree cimee akka itti fufu, akkasumas, kan gindaan isaa sirriitti hinqonne immoo gindaa isaa sirritti akka tolfatuuf karaa walitti agarsiisuuf oola. Gama biraatiin, daboo haamaa keessattis bifa kanaan walqeequun nijira. Fakkeenya 3.

Yaa haamilee haamtuutu sidide moo haamaa wallaaltee?
Asiin gadi kaadhu yaa haamilee
Kaattee hinfagaatinii ”
Haamtu rogaan haamii ”

Nyaattee hindhaabbatinii	”
Sareen teepha nyaattee	”
Bitimaa keessatti	”
Gadheen duubatti haftee	”
Haamilee biraayi	”

Akkaataa qabiyyee sirba haamaa kanaatti, namni tokko tokko hojii hojjetu keessatti ofiifis namaafis kan hinyaadne nijira. Hawwiifi dhibaa’ummaa kan itti baay’atu hedduudha. Namni kun hojii keessatti itti of hinkennu. Warra daboo irra jiran sanaa wajjin walqixa hinhojjetu. Yeroo kana namoonni daboo sana keessa jiran sirba kana irra baasanii isa qeequ. Gaheen afoolli kun as keessatti qabu yoo ilaalle namni daboo baasu sun dhangaa daboo sanaaf ta’u hanga humna isaatti qopheeffatee nyaachisee kan obaasuu waan ta’eef nyaatanii dhuganii hojii keessa dhaabbachuun hinbarbaachisu kan jedhu ibsa. Warra haamaan sanas haamilee dhoowwa waan ta’eef hojii cimi malee hindhaabatiin kan jedhu agarsiisa.

4.6 Qaaccessa Faayidaa Afoola Daboo

Uummanni Oromoo aadaa nama isaa ittiin gargaaru waan baay’ee qaba. Isaanis, nama hojiin itti baay’atu, kan humna hinqabne, rakkoo hawaasummaa garagaraa qabu, kan humna qabu humnaan, maallaqaafi yaadaan, akkasumas, wantoota isaa danda’ame hunda gochuun akkamitti harka walqabatee walbira dhaabbatee akka walgargaaru niqaba. Kanaafimmoo, shoorri daboon qabu olaanaadha. Innis, daboon baasii xiqqaanis ta’ee guddaadhaan akka humna ofiitti namoota kadhatanii hojii yeroo dheeraa fudhatu yeroo gabaabaa keessatti waqtiidhaan hojjechuufi hojjechiifachuuf akkamiitti akka milkaa’an nama barsiisa.

Faayidaan daboo hojii qonnaa, haamaa, midhaan dhahiinsaahojjetamu hojiileen kunneen yeroo hojjetamuu qabu keessatti yoo hojjetame oomisha/callaa barbaadamu argachuuf, akkasumas, yeroon waan karoorfatan raawwachuuf nigargaara. Akkasumas, daboonjiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba. Kunis, daboon utubaa diinagdee hawaasichaati. Namni kamuu kophaa isaa jiraachuu hindanda’u. Hawaasummaan jiraata. Jireenya hawaasummaa kana ijaaruun cimsuu keessatti daboon iddoo guddaa qaba. Daboon dadiifi amadii sa’aa namaatiif gargaara. Kunis, dadiifi amadii sa’aa namatiif jechuun gabbina qe’eef yookiin nageenya sa’aafi nama ofiif eebba daboo namoota hojii daboo irratti hirmaatanii dalaganii dabalataan fudhachuu

yookiin argachuudha. Gama kaaniin, daboon namoota humna hinqabne gargaaruuf yookiin bira dhaabbachuuf, Kophummaa yookiin ko'eessa nama ta'e bira dhaabbachuufis nigargaara. Akkasumas, hojii tokko waqtii isaa eeggatee akka raawwatuuf, oomisha rooba yeroo isaa hineegganne jalaa sassabuuf, waqtii qonnaafi haamaatti nama tokko jalaa namni yoo du'e, bira dhaabbachuun gargaaruuf, yoo sangaan yookiin qotiiyyoon jalaa du'es gargaaruuf. Yaada kana **ሰሎሞን (2007:307)** bifa armaan gadii kanaan ibsa.

ይህ ስራን በጋራ የመስራት ባህልም ዋና ዓላማ አቅማ ደካማ የሆኑ ወይም በቂ የሰው ሀይል የሌላቸው ግለሰቦች ለመርዳት፣ በማህበረሰቡ አባላት ማካከል ያለውን የእርስ በርስ ግንኙነት ለማጠናከር፣ ማህበራዊ ደረጃቸው ከፍተኛ ለሆኑ ግለሰቦች ማህበረሰቡ ያለውን አክብሮት ለመግለፅ እንዲሁም ከእምነታቸው ያላቸውን ፍቅር ለመግለጽ ነው። በአጠቃላይ ደቦ፣ ጅግ ወይም ወንፈል የማህበረሰቡ አባላት እርስ በርስ በመተባበር ውጤታማ ስራን ለመስራት የሚያግዝ ህዝባዊ ማህበር ነው።

Adeemsa aadaa daboon walgargaaruu kana keessatti humnaan hojii walutubuu yommuu gaggeessan afoolatti fayyadamanii ergaa garaagaraa waliif dabarsu. Kunis, walbarsiisuufi gorsuu, waa to'achuufi cimsuuf, faarsuu yookiin leellisuuf, hariiroo uumuufi waa jalaa miliquuf afoolatti gargaaramu. Afoolli aadaa hawaasaa keessatti jiruufi jireenya uummata tokkoo ibsuu keessatti faayidaa olaanaa qaba. Kunis, sabni yookiin hawaasni tokko qabsoo jireenya dhuunfaa isaas ta'ee garee hawaasa biroo waliin taasisu keessatti waa'ee isaa, addunyaa keessa jiraatuu, seenaa, seera ittiin bulmaataa, aadaafi duudhaa, safuufi sona ofiis ta'ee kan hawaasa keessa jiraatuufi olla waliin jiraatuu waa ittiin ibsatuudha. Kanaafuu, afoolli yommuu tajaajila kanaaf oolus bifti isaa, haalli keessa jiru, madduufi jijjiiramuu danda'a. kanas, Melaknah, (1995.8) akkasitti ibsa, “ Oral literature... is characterized by ... formal simplicity, universality, absence of concrete setting in the story ... the victory of good evil ..., etc...” jedha.

Akka ibsa kanaatti, afoolli seenaa keessatti yoomessa dhugaa jalqaba isaa ibsu yoo hinbeekamnes amala idilaawaafi waliigalaan kan beekamufi injifannoo gaariifi waan gaarii hintaane ibsuuf ni oola. Haaluma kanaa, faayidaa afoola daboo bifa armaan gadiin dhiyyeessuun nidanda'ama.

4.6.1 Barsiisuufi Gorsuuf

Afoolli aadaa, seenaa, seera bulmaataa, madda eenyummaa, duudhaa, jaalala, jibba, haala jiruufi jireenyaafi k.k.f nibarsiisa. Adeemsa kana keessatti ilmi namaa sochii jireenyaa dhuunfaas ta'ee gareen taasisuu keessatti beekes haata'u osoo hinbeekin waan gaarii yookiin gadhee ta'e tokko

raawwachuu nidanda'a. Haala kana keessatti qaama hawaasa sanaa ta'ee waan jiruuf kallattiinis haata'u karaa alkallattiin afoolaan dogoggora isaafi cimina isaa itti himuun barsiisuun nijira. Fakkeenya 1.

Qotiyyoo jijjiituu
Gabaree jijjiituu
Midhaan nyaatan malee
Bishaan dhugan malee
Aduun namaa hindhiituu
Kan dhiitee hinbariituu

Qabiyyeen afoola kanaa jiidha qotiyyoofi qottuutu ibsame. Kunis, namni qotiyyoo qabu jiidha qaba. Jiidha qaba jechuun immoo jireenya bareedaa qaba jechuudha. Yoo kun hintaane dhihuufi bari'uun illee gaaffii keessa nama galcha. Namni jiraachuun midhaan nyaatee bishaan dhuguu qaba waan ta'eef jabaatanii hojjechuun waan tokko harkatti qabachuun rakkoo jireenya waliin walqabatee namatti dhufu jalaa nama baraara ergaa jedhu ittiin walbarsiifatu. Fakkeenya 2.

Ilmaaf loonii
Ilmaaf loontu qe'ee tolcha

Afoolli toora lamaa kun ergaa guddaa jireenya hawaasaa keessatti dabarsa. Kunis, qe'ee ilmi jiru kabaja qaba. Akkasumas, daallaa, manaafi waan qe'ee tottolchuun kun ilmaan hojjetamu. Kanaafuu, qe'ee ijaaree eegaa imaanaa jedhu ilma irra kaa'ama. Qe'ee ilmi jiru hinbaddu. Galgalli qe'ee warra ilmi jiruu dhaaltuu hindhabu. Akkuma kana, qe'ee loon jiran kabajaafi jaalalatu jira. Qe'ee loon jiran waa hundatu jira. Kanaafuu, ilmisa ta'ee loon jiruufi jireenya ilma namaaf murteessaa ta'uu ittiin walbarsiisu. Fakkeenya 3.

Qotiyyoon jabduu wayyaa
Kan qottee ganna baatuu
Qottuun gabaabduu wayyaa
Kan dongoraa jalaa baatuu

Qabiyyeen afoola kanaas, namni qonna qotu tokko qotiyyoo ciccimtuu qopheeffachuu akka qabuudha. Sababni isaa, ganna dhoqqeen waan cimuu qotiyyoo lallaaftuu kana dandamattee

ganna hinfullaatu waan ta'eef qotiyyoo jajjabduu qabaachuufi namni qotu sunis cimaafi kan tooftaa qonnaa beeku ta'uu akka qabu ittiin walbarsiisu. Fakkeenya 4.

Yaa farsoo/daadhoo

Yaa talaliituu

Yaa nama hinmiinee biqilaa

Kuun qotee kuun haamee

Kuun golgolee si dhugaa

Kashalabbeen maaluma jedhee sidhugaa?

Akka faaruu kanaatti, kallattiin farsoon daboof dhiyaatu calala ta'uu qaba. Garuu, farsoo kana dhuguuf dirqama hojjechuun akka barbaachiisu barsiisa.

4.6.2 To'achuufi Cimsuuf

Seera ittiin bulmaataafi aadaa uummanni qabiu keessatti amaloota badaa ta'an akka balaaleffatamaniifi amaloonni fudhatama qaban immoo cimaniiti fufamuu qabu. Seerriifi aadaan uummatichaa akka hincabne eeguufi kunuunsudha. Amaloota badii fiduu danda'aniifi safuu hawaasichaa cabsan balleessuun saaxiluudha. Fakkeenyaaf, abshaalummaan gaarii akka ta'eefi gowwummaan gadhee akka ta'e sheekkoon nibarsiisa. Mammaaksi immoo jiruufi jireenyaa hawaasaa keessatti ergaa bal'aa dabarsa. Fakkeenya, "Firri sitti jiguu irra gaarii sitti jiguu wayya" yoo jedhame hawaasa tokko keessatti namni tokko akkaataa bulmaata hawaasa tokko kabajee jaallatee wajjin jiraachuu akka qabu, yoo kana ta'uu baate faallaa bulmaata hawaasa sanaatii ala bahe ittiin to'achuuf gargaara. Akkuma kana gosoota afoola isaan kaaniin ergaa walfakkaataafi k.k.f dabarsuun jiruufi jireenya waliinii qajeelfatu. Kana immoo, Bukenya, (1994:85) faayidaa afoolli hawaasa tokkoof qabu bifa kanaan ibsa. "Oral literature is the heart of the people's way of life. It is the very soul of their culture. As the reservoir of a people's values, it expresses of a given society's world view and give them a spring board from which their day to day existence is propelled."

Akka ibsa kanaatti, afoolli onnee jireenya uummata tokkoo keessatti karaa jireenyaa itti agarsiisuudha. Aadaa isaaniitti lubbuu godha. Kunis, akka kuusaa sonaa, ilaalcha isaan addunyaa kanaaf qabaniifi muuxanoo isaan guyyaa guyyaatti horatan ibsa.

4.6.3 Faarsuufi Leellisuuf

Hariiroo waliin jireenyaa akkasumas, walgargaarsaa hawaasummaa keessatti nama dhuunfaas ta'ee garee hawaasaa keessaa kanneen gochiifi jechi isaanii walsimatee namoota garee hawaasa sanaa biratti fudhatama qabu dalagan hawaasichaan nifaarfamu yookiin nileellifamu. Kunis, hawaasummaa keessatti namoota waan gaarii dalaganiif beekkamtii kennu yoo ta'u, gochoota kanniin ibsuu keessatti faayidaan afoolli qabu guddaadha. Kuni immoo wantoota jiruufi jireenya hawaasa sanaa waliin walqabatan wajjin walqabsiisani faarsu yookiin leellisu. Berhanu, (2013:17) Dundes, (1965:35) wabeeffachuu akka ibsetti, “ Oral literature serves as a tool by which the unlettered community of people give artistic expression to their thoughts, feeling and concerns.”

Akkaataa ibsa kanaatti, afoolli hawaasa ogummaa barreessuu hinqabnef meeshaa bifa miidhagaan yaada, miiraafi dhimmoota isaanii ibsachuuf isaan gargaarudha. Fakkeenya 1.

Kan faarsu kan jalaa qaban

Ilmaaf loonii ilmaaf

loontu qe'ee tolcha ilmaaf loonii

Loonii yaa loonishee ”

Loon fidanoo jaarsaa ”

Loon jiruu dargaggeessaa ”

Isin gallaan gallee ”

Isin bannaan bannee ”

Dhugan qabbaneessoo ”

Dibatan miidhagsoo ”

Foon irbaata ta'aa ”

Kan ittiin bulanii ”

Gogaan itillee ta'aa ”

Kan irra rafanii ”

Gaafni waancaa ta'aa ”

Kan bookan dhuganii ”

Faltiin niboba'aa	”
Yoo qoraan dhabanii	”
Osoo inni jiruu	”
Agabuu hinbulanii	”
Ilmaaf loonii	”
Ilmaaf loontu qe'ee tolchaa	”

Faayidaa afoola kanaa yoo ilaalle miira faarsuu yookiin leellisuu ofkeessaa qaba. Kunis, bu'aa loon hawaasaa tokkoof qaban karaa adda addaan gaafa ilaallamu hedduu yommuu ta'uu, hawaasni Oromoo immoo loon isaaf kabajaafi jaalala guddaa waan qabuuf dhuunfaains ta'ee gareen yommuu walbiratti jireenya hawaasummaa akka hojii daboo gaggeessuu afoola qabuun faaruu irra baasee leelliifata.

4.6.4 Miliquuf

Jiruufi jireenya hawaasaa keessatti bu'aa ba'iin jireenyaafi gufuuwwan adda addaa nama quunnamuu nidanda'u. Kanaafuu, jireenya nuffisiisaa ta'e jalaa gara jireenya addunyaa boqonnaa haaraa qabutti harkifachuuf sochiin adda addaa hawaasa keessatti nigodhama. Akkasumas, miira olaantummaa jalaa harka fudhachuu, jibba irraa gara jaalalaatti, gabrummaa jalaa bilisummaatti, dhibaa'ummaa irraa gara tattaafachuutti ce'uu, gadadoo irraa badhaadhinatti, fi k.k.f darbuuf sochiin godhamu adeemsa mirgaa gara bitaatti yookiin bitaa gara mirgaatti miliquuti. Gochoota kana keessatti shoorri yookiin faayidaan afoolli qabu bal'inaan ifee mul'ata. Kunis, sochii taasifamu keessatti gochoota gaarii naamusa, safuu, sona, aadaa, duudhaa, seenaafi k.k.f hawaasa sanaa wajjin deeman cimani akka itti fufan eeguufi to'achuun akka dhalootaa dhalootatti darbu nitaasisa. Akkasumas, gochoota gaarii hintaane isaan wantoota aadaa jiruufi jireenya hawaasa sanaa calaqqisiisan cabsan immoo to'achuun akka sirratan yookiin immoo kanneen miidhaa geessisuu danda'an akka balaaleffataman yookiin badan gochuu keessatti tajaajilli afoolli kennu olaanadha. Kunis, daboo keessattis nimul'ata.

Boqonnaa Shan: Yaada Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

5.1 Cuunfaa Argannoo

Hawaasni Oromoo aanaa Sooddoo Daaccii keessa jiraatan akkuma hawaasa Oromoo guutuu Oromiyaa keessa jiraatanii wantoota seenaa, aadaa, haala jiruufi jireenya hawaasummaa isaanii ittiin calaqqisinaan kan mataa ofii niqabu. Kunis, jireenya hawaasummaa keessatti hariiroo waliin jireenya isaanii kan ittiin ibsatan niqabu jechuudha. Kanneen keessa tokko afoola. Afoolli immoo ibsituufi calaqqisiistuu eenyummaati. Kana jechuun afoolaan aadaa, seenaa, jaalalaafi jibba, barsiifataafi haala bulmaataa, jiruufi jireenya dhuunfaas ta'ee gamtaa ittiin ibsachuun walbarsiisuuf dhimma itti bahama. Kunis, jireenya hawaasummaa keessatti amaloota gaariifi naamusa hawaasicha biratti jaalatamaa ta'an ittiin jajjabeessu, nibarsiisuu, nigorsuu, nicimsuu, nikakaasu. Akkasumas, amalootaafi naamusa hawaasicha biratti jibbisiisaa ta'an ittiin qeequ, ceepha'u, sirreessu, balaaleffatu, abaarufi k.k.f dhimma itti bahu. Tajaajila kanneeniif afoola keessa kanneen bifa afwalaloon dhiyaatan kan akka faaruu, sirbaa, weedduufi k.k.f iddoo olaanaa qabu.

Kanaafuu, ka'umsi qorannoo kanaa afoola daboo G.Sh.K.L.A. Sooddoo Daaccii keessatti tajaajilan yeroo ammaa kana laafaa yookiin sadarkaa dagatamuu irra kan gaheefi barreeffamaan dhabamuun faayidaa inni aadaa walgargaarsaa keessatti kennu dhaloota itti aanuuf dabarsuuf qorannoon deeggaramuu akka qabu mata duree qorannoo kootiif ka'umsa kan naa ta'e yoo ta'u, kaayyoon qorannoo kanaa immoo afoola daboo qabiyyeefi faayidaa isaa qaaccessuun ibsuu ta'ee kallattii ka'umsaafi kaayyoowwaniin beekumsi argame nijira. Kunis, kaayyoowwan gooree qorannichaa keessaa qabiyyee afoola daboo ibsuu kan jedhu yoo ta'u, afoolli daboo hawaasummaa irratti, diinagdee irratti, jajjabeessuufi onnachiisuu irratti qabu ibsamani jiru. Akkasumas, faayidaan afoolli daboo qabu ibsuu keessattis, afoolli barsiisuufi gorsuuf, miliquuf, to'achuufi cimsuuf, leellisuufi faarsuu keessatti qabus ragaan deeggaruun ka'anii yommuu ibsaman kallattiin argame nijira.

Haaluma kanaan hawaasni Oromoo G.Sh.K.L.A. Sooddoo Daaccii keessa jiraatan yommuu daboodhaan walgargaaranii hojjetan afoolli daboo sana keessatti dhimma itti bahan qabiyyeefi faayidaa isaanii akaakuu daboo irratti dhiyaataniin adda bahee kan dhiyaate yoo ta'u, kallattiin gama kanaan argames nijira. Kunis, afoola daboo keessatti yommuu daboo qonnaa, daboo

haamaafi daboo midhaan dhahanii dhiyaatan yommuu qotiyyoo faarsaan, walqeeqan, waasii abbaa daboo qeeqaniifi k.k.f adda bahee qaacceffameen beekumsi argame nijira.

Gama biraatiin, kaayyoo qorannoo kanaa afoolli daboo akaakuu daboo irratti dhiyaatu walfakkeenyaafi adda addummaa qaban adda baasu kan jedhu yoo ta'u, ragaa dhiyaatee ibsameen walfakkeenyiifi adda addummaa isaanii ibsuun kallattiin argame nijira.

Walumaagalatti, qorannoo kana keessatti, akkaataa ka'umsaafi kaayyoo kaa'ameen akka G.Sh.K.L.A. Sooddoo Daaccii keessatti afoolli daboo irratti tajaajilan yeroo ammaa kana kan laafaa dhufeeffii haalli daboo yeroo amma irra jirus akka duriitti baay'inaan kan gaggeeffamaa hinjirre ta'uun hammi afoola dabootti fayyadamuu akka gadi bu'aa dhufuufi dagatamaa deemuuf sababa ta'aa akka jiru hubatamee jira. Kun immoo, haala qabatamaa yeroo amma balba'ina ammayyummaafi hanga daboo gadi bu'uun qonnaan bulaan sadarkaa maashinaan qotuufi haamuu bira gahuu, kanneen kaan immoo maallaqaan humna nama hojjetuu bitanii hojjechiisuun laafina afoola daboof sababa akka ta'aa jiru bira gahameera. Sababoota kanaan dhaloonni ammaa immoo daboo leellisuu dhabuu akka ta'e ragaan maanguddoota irraa argame nimul'isa.

Qabxiilee qaaccessaafi hiika ragaaleefi yaada cuunfaa keessatti dhiyaatan bu'uura godhachuun yaadni waliigalaa armaan gadii taa'anii jiru. Kunis, akka waliigalaatti, aadaa walgargaarsaa daboo keessatti yeroo ammaa akka aanaa Sooddoo Daacciitti afoolli daboo irratti dhiyaatu raga argameerraa qaaccessa taasifameen tajaajila ooluuf hubachuun danda'ameera. Xiyyeeffannoon gama W.A.T. aanichaan afoola daboo kanaaf kennamee hojjetamaa kan hinjirre ta'uu kan hubatame yoo ta'u qaaccessa qorataan kun afoola daboo irratti gaggeessen argannoowwan yookiin beekumsa armaan gadii argatee jira. Kunis, akkaataa kaayyoolee gooree qorannoo kanaa gidduu galeessa godhateen argannoon yookiin beekumsi argame bifa armaan gadiin dhiyaatee jira.

- Afoolli daboo hojiiwwan daboon hojjetaman kanneen akka daboo qonnaa, daboo haamaafi daboo midhaan dhahiinsaa irratti hawaasa aanichaan kan dhimma itti bahamu ta'uu bira gahamee jira.
- Afoolli akaakuuwwan hojii daboo adda addaa keessatti dhiyaatan kanneen akka sirbaa, faaruufi eebbaa gama qabiyyeeffii faayidaa dhiyaataniin walfakkeenyaafi adda addummaa qabaachuu isaan hubatameera.

- Gosoota afoolaa kanneen akka sirbaa, faaruufi eebbaa daboo irratti dhimma itti bahan faayidaalee kanneen akka; barsiisuufi gorsuu, to'achuufi cimsuu, faarsuufi lellisuufi miliquuf akka gargaaru bira gaheen jira.
- Afoolli hojiiwwan daboo hojjetaman irratti dhiyaatu qabiyyeewwan adda addaa ofkeessaa qaba. Kanneen keessaa; hawaasummaaf, diinagdeef, onnachiisuufi jajjabeessuufi qeequufi ceepha'uuf akka oolu hubatameera.
- Xiyyeeffannoon afoola daboo akka W.A.T aanichaatti kan itti hinkennamne ta'uun hubatameera.

5.2 Yaboo

Afoolli aadaa, eenyummaa, seenaa, haala bulmaataa, hariiroo hawaasummaafi waa hunda hawaasa tokko kan calaqqisiisu jechuunis, beekumsa, falaasama, ogummaa, muuxannoofi k.k.f ibsuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Akkasumas, barsiifataafi maalummaa hawaasa sanaa hawaasa biroof beeksisuu keessattis gahee guddaa taphata. Haata'u malee, yeroo gara yerootti, baraa gara baraatti itti fayyadamaa yoo hindeemne dagatamuuf saaxilaamadha. Keessattuu damee afoolaa keessaa kanneen afwalaloo jalatti ramadaman hammuma dhaloonni itti fayyadamu darbaa deemu qabiyyeefi bifti isaa jijjiiramaa yookiin guutummaan dagatamaa deemuu danda'a. Kun immoo faayidaa afoolli jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti qabu akka laafu taasisa.

Haaluma kanaan, G.Sh.K.L.A. Soodoo Daaccii keessatti afoolli daboo yeroo qonnaa (qonna bahii), yeroo haamaa (haamaa bahii) fi yeroo midhaan dhahan faayidaafi qabiyyee isaan qaban qorachuun walitti qabani bifa barreeffamaan dhaloota itti aanuuf tursuun barbaachisaadha. Kanuma bu'uura godhachuun yaadni furmaataa qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

- Afoolli daboo hojiiwwan daboon hojjetaman irratti dhiyaatu faayidaalee kanneen akka barsiisuu, gorsuu, qeequu, jajjabeessuufi k.k.f. kan tajaajilu waan ta'eef osoo xiyyeeffannoon itti kennamee akka hindagatamneef walitti qabamee barreeffamatti jijjiiramuu olkaa'ame.
- Waajjirri aadaafi tuurizimii aanichaa xiyyeeffannoon osoo afoolota hojiiwwan daboo irratti dhiyaatan kanniin walitti qabee barreeffamaan, waraabbi sagaleen, viidiyoo, kaa'ee badii irraa akka baraaramuuf gahee niqabaata.

- Barsiisonni afaanii aanicha keessa jiran afoola daboo jiran irratti gama GDAAO'tiin irratti hojjetanii waan barreeffamuu qabu barreessanii mana barumsaafis ta'ee aanichaaf gumaachanii gaarii ta'a.
- Dargaggoonni aanicha keessa jiraatan afoola daboo maanguddoota bira jiru osoo gaafatanii walitti qabuun barreeffamaatti jijjiiranii olkaa'anii.
- Hayyoonni afaanii afoola dabootiif osoo xiyyeeffannoo kennanii qorannoo bal'inaan irratti gaggeessanii kan jedhuudha.

Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa. (2011). **AKKAMTAA. Yaadrimee Qorannoo Hujoo:** Finfinnee

Afoola Oromoo Tuulamaa Jiildii-II (1999). **Walaloo Geerarsaa, Faaruuleefi sirboota adda**

addaa. Finfinnee: printed by commercial printing Enterprise.

Alemayew Hailefi Kanneen Biroo. (2009). **Gadaa System. *The Politics of Tulama Oromo***

(1sted.). Oromia Culture And Tourism Bereau: Finfinne.

Asafaa Tafarraa. (2009). **Eela. Seenaa Oguma Oromoo:Finfinnee.**Printed Far-East Trading

PLC:

Balaay Mokonnin. (2007). **Kiristaanummaafi Oromoo Durii Hanga Ammaatti.** Finfinnee.

Bayyanaa Laggassaa (2016). **“Qaaccessa yoomessaafi qabiyyeewwan faaruu loonii, uummata**

Oromoo Godina Baalee Aanaa Laga Hidhaa keessatti”. Finfinnee kanhin max.

Bascom, W.R. (1965). **Four Functions of Folklore,** in Dundes, A. (1965). *The Study of*

Folklore Burkelay Printice-Hall, Inc.

Berhanu Matthews. (2013). **Fundamentals of Literatures.** Addis Ababa: Printed by Alpha

Printers PLC

_____ (1999). **Fundamentals of literature.** Addis Ababa: Addis Ababa University

Press.

Bukenya A., Kabira W. M. fi Okombo O. (Ed.) (1994). **Understanding Oral literature.**

Narobi; Narobi University Press.

Dastaa Dassalenyi. (2013). **Bu’uuraalee Qorannoo.(max. 2ffaa).** Printed by Far East

Trading PLC: Finfinnee.

Dilbii Afoola Oromoo. (2010). **Jiildii-2.** Finfinnee: Mega Printing plc.

Diras Dhugoo. (1999). **Wiirtuu Jildii 8.** Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo.

BATO:Finfinnee.

- Dirribaa Tarrafaa. (2005). **Wiirtuu Jiildii-10**. Keessatti: “Gahee Afoolli Oromoo Aadaa Hojii keessatti qabu.” Finfinnee: Print Branna P.E.
- Dundes A. (1965). **The Study Of Folklore**. Upper Saddle River N. Printed.
- Dorson, M. (1972). (Ed.) **Folklore and Folklife**. Chicago: Chicago University Press.
- Encyclopedia of America. (1983). Vol.2. USA: University Chicago.
- Encyclopedia America. (1995). Vol.II. USA. Grolier. Incorporated.
- Fedhasaa Taaddasaa. (2013). **Subii. Bu’uuraalee Ogbarruu Oromoo**. Finfinnee: subi printing press.
- _____ (2017). **Bu’uuraalee Ogbarruu Oromoo (max. 2ffaa)**. Finfinnee: IIsabaa publishing,
- Filee Jaalataa. (2016). **Beekumtaa Oromoo I (max. duraa)**. Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.
- Finnegan. R. (1970). **Oral Poetry; It is Nature and Significance and Social Context**. Cambridge: Cambridge University Press.
- _____ (1977). **Oral poetry: Composition Performance and Context**. Cambridge: Cambridge University Press.
- _____ (1992). **Oral Tradition and Verbal Arts**. London: Rutledge.
- Geetachoo Rabbirraa.(2004). **FURTUU. Seerluga Afaan Oromoo**. Finfinnee:Dhaabbat Maxxansaa Meeggaa
- _____ (2011). **Quba Qabduu? (1st ed.)** Bu’uuraalee Barnoota AfaanOromoo, Finfinnee: Kuraz International Publishing Enterprise.
- Gemechu Megarsa. (2003). **The Oromo World View, Jornal Of Oromo Studies**. Vol.12. No.1&2.(July)(18-19).
- Georges, R.A. fi Jones, M.O. (1995). **Folkloristics: An Introduction**. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.
- Iseacs. (1981). **The Macmillan Encyclopedia USA**. Laurence Wrda Associates LTD.

- Mc, H. Robert (Ed.)(1993). **Encyclopedia Britannica**. Vol.9. Chicago; encyclopedia Britanic Inc.
- Melekneh Mengistu. (2003). **Fundamentals Of Literature (2nd ed.)**. Addis Ababa Publishing Enterprise.
- Misgaanuu Gulummaa. (2011). **Dilbii. Bu’uuraalee Afoolaa, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo: Finfinnee**.
- Mitikkuu Dhibbeessaa. (1991). **Wiirtuu Jildii 4**. Barruulee Qormaataa Waaltinaa Afaan Oromoo: BATO: Finfinnee.
- Mitikkee Bitawulinyii. (2006). **Wiirtuu Jiildii-11** keessatti. Afoola eebba oromoo.
- Okpewho, I.(1992). **Africa Oral Literature**. Bach Ground; Character And Continuity: Bloomington And Indianapolis: Indiana University Press.
- Oring, Elliot. (1986). **Folk Group And Folk Genres; An Introduction**. Utah University Press.
- Richard, B. (1992). **Folklore Culture Performances Popular Entertainment**. New York: Oxford University Press.
- Singh, Yogeph Kumar. (2006). **Fundamental Of Research Methodology And Statics**.Dehli, New Age International (P) Limited Publisher.
- Sims, C.M. fi Stephens, M. (2005). **Living Folklore: An Introduction To The Study Of People And Their Tradition**: Longman; Utah State University Press.
- Warqinaa Abbaa Soorii. (2008). **SIRNA GADAA**. Finfinnee: Printing And Publishing Sc.
- Wasanee Basha (1984). **Barruulee Simbirtuu**. Finfinnee, Oromiyaa.
- _____ (2008). **BANTUU HAARAA**. Seerlugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo: EMAY Printer.
- William, Trochim (2001). **Research Methods**. The Concise Knowledge Base.

Wiirtuu Jiildii-11 (2006). **Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo**. Finfinnee: Am
printing and Packaging PLC.

<http://www.studylecturenotes.com/social-sc>

<http://www.firebirdfollowships.org/nature...>

<http://www.study.com/academy/lesson/social-ins...>

<https://www.thoughtco.com>what-are-w--->

ፍቃደ አዘዛ(1999):: የስነ፣ቃል መመርያ፣ አዲስ አበባ፣ አልፋ፣አሳታሚ።

**ሰሎሞን ተሾመ(2007)::ፎክሎር፣ ምንነቱና የጥናቱ የትክክረት አቅጣጫ፣ አዲስ አበባ፣ህትመት
ፋር ኢስት ት/ሐላ.የተ.የግ.ማ.።**

**ዘርሁን አስፋው (1992):: የስነጽሁፍ መሰረታዊ-ያን። አዲስ አበባ፣ በንግድ ማተሚያ ድርጅት
ታተመ።**

Dabaleewwan

Dabalee A

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

Gaaffii afaanii namootaafi maanguddoota afoola daboo beekaniif dhiyaate.

Kaayyoon qorannoo kanaa sagantaa barnoota gannaatiin ulaagaa digrii lammaffaa (MA) guuttachuuf mata duree “Qaaccessa afoola daboo G.Sh.K.L. Aanaa Sooddoo Daaccii” jedhu irratti ragaa funaanuudhaaf. Gaaffiilee armaan gadii bu’uura godhachuudhaan ragaan isiniirraa argadhu qorannoo koo guutuu taasisa. Kanaafuu, isiniis odeeffannoon isiniirraa barbaadu qabatamaafi dhugaa ta’ee akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Waan eeyyamamtanii odeeffannoo naaf kennitaniif gamanuumaan dursee galatoomaan jedha.

Qajeelfama 1. Gaaffiilee armaan gadiif akkaataa gaafatamantiitti deebii isaanii afaaniin kennaa.

I. Odeeffannoo waa’ee od-himaa

1. Maqaa _____ saala: dhiira halaa
2. Umrii _____ sad. Barnootaa _____ lakk. Bil. _____
3. Ganda _____ gooxii _____ garee mis. _____
4. Gaa’elaa: kan fuudhe/heerumte infuune/hinheerumne
5. Gahee hojii:-qonnaan bulaa aldalaa hojjetaa moot. n biroo

II. Gaaffiilee qorannichaa

1. Akka naannoo keessaniitti daboon yoom kadhatama?
2. Daboo kana eenyutu kadhata? Maaliif kadhatama?
3. Akka naannoo keessaniitti afoolli daboo fayyadan maalfaa’i?
4. Aadaa daboon walgargaaruu keessatti afoola akkamiitu gargaara?/gargaaramtu?
5. Sirboota/faaruun daboo jechuu nidandeessuu? Yoo dandeessan mee natti himaa?
6. Daboon sirna yookiin adeemsa mataasaa niqaba? Yoo qabaate kan akkamiiti?
7. Daboo irratti sirbuun yookiin faarsuun maaliif barbaachisa?
8. Afoolli daboo irratti fayyadamtan adda addummaa qabuu moo tokkuma?

9. Bakka daboofi manatti afoolli garaagaraan tokkuma moo gargar?
10. Faayidaa afoola daboo bakka daboofi manatti jedhamanii maali?
11. Afoolli daboo kun yeroo ammaa tajaajilaa jira?
12. Afoolli daboo kun akka hindagatamneef maal ta'uu qaba?

Dabalee B

‘Check list’ Maree gareef qophaa’e.

Odeeffannoo waa’ee od-himtoota mare garee

Maqaa _____

Saala _____

Umurii _____

Ganda _____

Gahee hojii _____

Qajeelfama: Gaaffilee isiniif dhiyaatan erga gareen mari’attanii booda deebii isaanii afaaniin natti himaa.

1. Jireenya hawaasummaa keessatti daboon maaliif kadhata?
2. Daboo nama akkamiitu kadhata? Maaliif kadhata?
3. Yommmuu daboon hojjettan afoola nigargaaramtuu?
4. Afoolli isin daboo irratti gargaaramtan isaan kami?
5. Afoolli isin daboo irratti gargaaramtan akaakuuwwan daboon adda nibaha?
6. Daboo irratti afoola gargaaramuun maaliif barbaachisa?
7. Yoo daboo irratti afoola gargaaramuu baatan maaltu ta’a?
8. Daboo irratti afoolli qabiyyee maaliif fayyada?
9. Daboo irratti kan faarsu yookiin sirbu eenyu?
10. Afoolli hojiiwwan daboon hojjetaman irratti fayyadan kunniin akka hinbadne maal ta’uu qaba jettu?
11. Badii irraa afoola kanniin hambisuf eenyutu dirqama qaba?

Dabalee C**Gabatee waa'ee od-himtootaa agarsiisu**

T/L	Maqaa od-himaa	Saala	Umrii	Gahee hojii	Iddoo jireenyaa
1	Abarraa Nagawoo	Dhi.	42	Q/Bulaa	Haroo Oomaa
2	Addunyaa Balaayinaah	Dhi.	80	Maanguddoo	Hayaa Waradii
3	Barreessaa Fayyisaa	Dhi.	41	Q/Bulaa	Tarree Shinoo
4	Bulloo Bayyanaa	Dhi.	52	Q/Bulaa	Oddoo Leeqaa
5	Dammaqaa Addunyaa	Dhi.	37	Q/Bulaa	Hayaa Waradii
6	Doboc Tasammaa	Dhi.	40	Q/Bulaa	Haroo Oomaa
7	Faantuu Jabeessaa	Dhi.	36	Q/Bulaa	Hayaa Waradii
8	Garasuu Birraatuu	Dhi.	55	Q/Bulaa	Garagateessa
9	Gulummaa Beenyaa	Dhi.	64	Maanguddoo	Garagateessa
10	Kiflee Fayyisaa	Dhi.	58	Q/Bulaa	Haroo Oomaa
11	Mangee Gammachuu	Dhi.	63	Maanguddoo	Oddoo Leeqaa
12	Milkeessaa Fayyisaa	Dhi.	39	Q/Bulaa	Oddoo Leeqaa
13	Nagawoo Fayyisaa	Dhi.	31	Q/Bulaa	Tarree Shinoo
14	Oromoo Lammaa	Dhi.	34	H/Mootummaa	M/Tarree
15	Qalbeessaa Argataa	Dhi.	72	Maanguddoo	Hayaa Waradii
16	Qooda'oo Magarsaa	Dhi.	41	Q/Bulaa	Tarree Shinoo
17	Taaddasaa Guraaraa	Dhi.	70	Maanguddoo	Hayaa Waradii
18	Takluu Fiixaa	Dhi.	33	Q/Bulaa	Garagateessa
19	Tasammaa Jiruu	Dhi.	71	Maanguddoo	Haroo Oomaa
20	Toleeraa Baqqalaa	Dhi.	41	Q/Bulaa	Garagateessa

Dabalee D

Suuraawwan



Suura1. Yeroo qonna **Suura2.** Yeroo qonna



Suura3. Yommuu maree garee gaggeeffamu

Suura4. Daboo bahii



Suura5. Gahee waasii agarsiisuu



Suura6. Yeroo midhaan dhahinsaa

Dabalee E

Sirbootaafi faaruwwan daboo qaacceffaman

Afoola daboo sirba akka jalqabbiif gargaaru.

Biliqqiseen deessee (x2)

Farsoo giiftiin naqxee

Nyaata marqaa seetee

Liqimsitee teessee?

Yaa farsoon jedhe malee

Yaa daadhoo eenyutu

Maqaa kee dhahee?

Yaa farsoo/daadhoo

Yaa talaliituu

Yaa nama hinmiinee biqilaa

Kuun qotee kuun haamee

Kuun golgolee si dhugaa

Kashalabbeen maaluma jedhee sidhugaa?

Afoola Daboo bifa faaruu qeeqa qabuun dhiyaatu.

Qottuu qottuun faarsaa

Nama hinqonneen aarsaa

Yaa gindaa yaa gindaa

Likkii beekna hundaa

Gindaan nama qotuu

Kan daarii buqqisuu

Kan maatii guddisuu

Qottuu qottuun faarsaa

Kan hinqonneen aarsaa

Qotisaa galda'ee
Ceekuun natarsa'ee
Gindaan nama qotuu
Yoggaa gaara qotuu
Batatteetu addaata
Yoggaa hiike galu
Namsaddeet fakkaata
Gindaan nama hinqonnee
Cabi abbaafuu hintolle.

Faaruu Daboo Loon Leellisuu yookiin faarsuu oolu.

Yaa loon yaa loonii
Loon wabii namaa
Loon koodee abbaa
Fira gaafa rakkoo
Firaaf loonii
Yaa loon yaa loonii
Yaa loon abbaa hiyyeessaa
Loon kiisii guutuu sooressaa
Yaa loon cinaacha namaa
Keessayyuu yaa qotiyyoo
Yaa fira gaafa rakkoo
Yaa qotiyyoo maaldoo bifa burree
Yaa qotiyyoo situ bita hiyyeessaf surree
Qotiyyoo gatiittii gootaa
Siin badaa baasanii
Beela manaa baasanii
Maatiif midhaan laatani (x2)

Faaruu Daboo Loon Leessisuu Yookiin Faarsuuf Oolu.

Gurraalee yaa humbuluu

Aanaan saayyaa maaf gurguruu

Qoraasanii sossosanii

Jagna obaasu duruu

Gurraalee gaafa sassaalaa

Gaafa sassalaa xaxxoo (x2)

Firaafi loonii yaa jara gaafa rakkoo

Keessummattuu loonumatu nama baasa rakkoo.

Faaruu Daboo Loon Leessisuuf Oolu

Loonii yaa loonishee (x2)

Loon fidanoo jaarsaa

Jiruu dargaggeessaa

Isin gallaan gallee

Isin badnaan bannee

Dhugan qabbaneessoo

Dibatan miidhagsoo

Foon irbaata ta'aa

Kan ittiin bulanii

Gogaan ittil

Kan irra rafanuu

Gaanfi waancaa ta'aa

Kan bookan dhuganii

Faltiin niboba'aa

Yoo qoraan dhabanii

Osoo inni jiruu

Hagabuu hinbulanii

Ilmaaf loonii

Ilmaaf loontu qe'ee tolchaa.

Faaruu daboo loon faarsaa qeeqa ofkeessa qabu ibsu.

Gurraalee yaa dallu weennii (x2)

Qe'ee sa'aa jira areerrii

Qe'ee qottuu jira buddeennii

Qe'ee mortuu naanna'e deegnii

Nyaataa moraa jarjarsee beellii

Gurraaleen raadden malee hindhalanii

Abbaa looniin noor jedhan alaa yoo galani

Gurraalee yaa dallu tuulaa

Mooraa aabboo qarqarri kuulaa

Mooraa aayyoo qarqarri kuulaa

Kuulli sunuu naannahe zuuraa

Gurraalee gaafni sassara garaa (x2)

Bobbaafatee, obaafatee gaaratti yaasu tola

Gurraalee yaa huummoo

Burree yaa sardiiddoo

Daaloottan yaa fiichee

Arraawwan yaa qilxuu

Warri loon hinqabnee

Mooyyee hudduu hinqabnee

Sirba daboo bahii qonnaa

Yaa bahii koo Yaa bahii koo

Qottuu qottuun faarsaa ”

Nama hinqonneen aarsaa ”

Yaa gindaa abaluu ”

Qoonqoon waaqa gaha ”
 Yoo kooticha seenuu ”
 Qabee waliin gaha ”
 Gindaan nama hinqonnee ”
 Garaan lafa ciisa ”
 Qaxxisaa gadi dhiisaa ”
 Jetti yoo qonnaarraa ”
 Yaa bahii koo yaa bahii koo
 Qottuu qottuun faarsaa ”
 Gindaa nama hinqonnee ”
 Cabi abbaafuu hintollee ”
 Gindaa nama qotuu ”
 Waaq sabaasu gurcuu ”
 Gindaan nama qotuu ”
 Kan daarii marmaaruu ”
 Kan maanyaa hammaaruu ”
 Gindaan nama hinqonnee ”
 Cabi abbaafuu hintollee ”
 Jetti yoo qonnaarraa ”

Sirba daboo haamaa

Yaa haamilee haamtuutu sidide moo haamaa wallaaltee?
 Asiin gad kaadhuu yaa haamilee
 Kaattee hinfagaatinii ”
 Haamtu rogaan haami ”
 Nyaattee hindhaabbatinii ”
 Sareen teepa nyaattee ”
 Bitamaa keessatti ”

Gadheen duubatti haftee ”

Haamilee biraayii ”

Yaa haamilee haamtuutu isdide moo haamaa wallaaltee?

Mikaa’elli eessaa? yaa haamilee

Ittiin irreenfadhaa ”

Bakka gootaan dhaqaa ”

Dhaqeen biriiifadhaa ”

Bakka gootni jiru ”

Maafan biriiifadhaa? ”

Hoo hee irra sararuu baasaan haamassakaruu

Goonni doowaa dhufee hoo hee

Gadhee naasisuufi ”

Akkoon marqaa gootee ”

Goota nyaachisuufi ”

Kaleessa galgalaa ”

Yaa galgaleessituu ”

Anuu jira jettee ”

Na hinjajjabeessituu ”

Yaa bahii koo yaa bahii koo

Bahiin karra baatee yaa bahii koo

Karaa galtoon moojii..... ”

Kan gootaa jaallattee ”

Bakka dhaqxuun moojii ”

Jetti yoo haamaarraa ”

Yaa bahii koo yaa bahii koo

Okolaan tarsi’ee ”

Mana gooftaa kiyyaa ”

Dhugaatiin farrasee ”

Jetti yoo haamaarraa ”
 Yaa bahii koo Yaa bahii koo
 Harki kana naqe ”
 Ilka maa hinkaawwannee ”
 Ilki boru caba ”
 Ilma maa hinhaammannee ”
 Jetti yoo haamaarraa ”

Sirba waasiif jedhamu

Noor yaa waasii
 Waasii daalacha
 Garaan lafa gahuu
 Akka harree dhala gahuu (x2).
 Noor yaa waasii
 Waasii daalacha
 Kan garaan lafa gahuu
 Kan ollaan isa dhagahu (x2)

Eebba daboo jalqabuuf

Yaa jigii oo..... ooo x3
 Jigii nagawoo ooo x3

Yookiin

Yaa bahii Oo x3
 Yaa bahii nag Oo x3
 Maarree na gargaartanii
 Isiniis gargaarsa argadhaa
 Humna keessaniin raagaa
 Akka na kabdan kana kabaa argadhaa
 Kabaja waaqaafi lafarraa argadhaa

Maarashaan qurcuu haa ofkalu
Batatteen hidda haa ofkalu
Gatiittiin qotiyyoo haatolu
Ijji hamtuu isaan hinargin
Karaa isin deemtan gufuun isin hintuqin
Ulfaadhaa! Horaa badhaadhaa
Qe'ee nagaatti
Jabbii burraaqxuutti
Daa'ima taphatuutti
Haadha manaa kofaltuutti nagaan galaa!

Yaa jigii na ofkalchaa (x3)..... Ofkali/ofkalaa/
Maasaan qotame haamirgisu..... Haamirgisu
Arfaasaa qotaa, gannaa facaasaa facaaffadhaa
Aramaa dandamatee birraa makaraa makardhaa
Qotaa abbaa dilbii ta'aa ta'aa
Sanyiin kun gootaraa haaguutu haaguutu
Sa'aa nama keessan waliin nagaan isinii haalaatu haalaatu
Ambaa simbiraan isin haa sooru haasooru
Sabaafi maatii keessan wajjin haasooru
Nama nyaatee fixu isin haagodhu haagodhu
Mortuufi baaddiftuu isiniirraa haaqabu haaqabu.
Mortus gomattuus isin hindanda'inhindanda'in
Sa'aa namni keessan bobba'ee
Nagaa isinii haagalan haagalan
Kan dorrobe nagaan isinii haadhalu haadhalu
Bineensi hamaan laga keessan
Namni hamaan olla keessan hinqubatin. hinqubatin

Nuuf jettanii bilchaataa dhiyeessitan

Waaqni keenya dhiidhii bakka isinii haabuusu haabuusu

Kabaja keenyaaf guutuu dhiyeessitan

Waaqni keenya guutee isinii haadeebisu haadeebisu

Ulfina nuu kennitan

Ulfinni karaa taa'ee isin haaeegu haaeegu

Biqila nuu dhaabdani

Biqilaan isinii haadhalatu haadhaabbatu

Xiqqaan isinii haaguddatu haaguddatu

Guddaan isinii haabulu haabulu

Bobba'aa nagaan gala

Rafaa dammaqaa

Nama yeroo hundaa nagaan

Walbira dhaabbatu waaqayyoo nuhaataasisu haataasisu

Hafaa jiraadhaa! Nagee!

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Qorataan maqaafi mallattoo koo armaan gadiitti eerame kun warqaan kun hojii dhuunfaa kootii ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootii mirkaneesseera.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Ani Dr. _____ barataan kun hojiin isaa of ittisuuf dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____